

# **Barumsa Sanbataa Ga'eessotaa**

Qajeelfama Qo'annoo Macaafa Qulqulluu

## **KITAABA MUL'ATAA**

*Barreessaan:* **Ranko Istefanovik**

*Afaan Oromootti Kan Hiike:* **Pr.Garramawu Birruu**

Mana Maxxansaa Adveentistii Guyyaa 7ffaa  
Finfinnee tti maxxanfame

Amajjii, Guraandhala fi Bitootessa

**NUUSA 1<sup>FFAA</sup>**  
**2019/2011**

**Baafata**

**Fuula**

1. Wangeela Phaaximoo Irraa...Mud. 29-Amaj.4.....6
  2. Baattuwwan Ibsaa Gidduutti....Amaj.5-11.....17
  3. Saba Waaqayyoo Magaalota Keessaa-Amaj.12-18.....27
  4. Moosifamuu Hoolichaa...Amaj.19-25.....38
  5. Mallattoolee Torban...Amaj.26-Gur.1.....48
  6. Kan Mallatteeffaman Saba Waaqayyoo..Gur.2-8.....58
  7. Malakata Torban Sana...Gur.9-15.....68
  8. Seexana, Diina Mo'atame...Gur.16-22.....79
  9. Seexanaa fi Michoota isaa Lamaan..Gur.23-Bit.1.....89
  10. Kan Waaqayyoo Waangeela Barabaraa Bit.2-8.....100
  11. Dha'ichoota Warra Dhumaa...Bit.9-15.....110
  12. Firdii Baabylon Irratti...Bit.16-22.....120
  13. "Waan Hundumaa Haaraa Nan Godha"..Bit.23-29.....131
-

## Seensa

# Oduu Gaarii Phaaximoo Irraa

Garuma waggoota kuma lamaa dura, Ergamichi Yohaannis sababii dhuga-ba'umsa amanamaa wangeelaaf jedhee, lafa dhagaan guutee cina galaana E'iji'aan (Aegean Sea) itti ari'atamee ture. Ergamaan dulloomaan kun, hidhaa mootummaa Roomaa hundumaa obsaan baateera. Keessummaa Sanbata tokko, Yesus Kristosiin, isa dhufee dhiphina isaa keessatti hojjetaa isaa jajjabeessuun, daawwannaan addaa taasifameeraaf. Mul'atoota wal-duraa boodaan kennamaniin, Yesus bal'aa kan ta'e seenaa waldaa fi yeroo dhufaatii Gooftaa eeggachaa jiran waan sabni Waaqaa arguuf jiru hundumaa itti argisiise.

Yohaannis waan mul'aticha keessatti arge hundumaa amanamummaadhaan waraqaa maramutti "Mul'ata Yesus Kristos" jedhee kan moggaase sana keessatti barreesse (Mul. 1:1). Kitaabni inni barreesse waan Kristos ergaa ol ba'ee hojjetu fi waan inni yommuu dhufu gochuuf jiru kan dubbatuudha. Baroota hundumaa keessattuu argamuu Kristosiin Kristaanotaaf mirkaneessuu fi wallaansoo guddicha keessatti, biyya lafaa kufu gidduu warra jiraatan qoramsa arguuf jiran hundumaa keessatti amantii isaanii jabeessuuf Kan yaadame ture.

Nuusa kana keessatti kitaaba kana keessa gallee in ilaalla. Sababii bakka murtaa'aa qofa qabaannuuf heertuwwan kana diignee balifnee ilaaluuf gadi fageenyaan hin ilaallu. Akkas utuu hin ta'in, akkuma dibaa burushii (brush strokes), mata duree fi kutaalee kitaabichaa irratti xiyyeeffannee hamma akkasitti qaqqabnu qoranna. Dubbistoonni dhuunfaatti gadi fageenyaan heertuwwan sana dubbifachuuf in jajjabeeffamtu. Yaadni isaa kitaaba Mul'ataa keessa kutaa gurguddoo fi mat-duree jiran beeknee, dhugaadhumatti, innis jireenya, du'aa fi tajaajila Kristos bakka saba isaa bu'ee godhe kan nu agarsiisuu dha.

---

## Barumsa Sanbataa Ga'essota

---

Qo'annoon macaafa Mul'ataa kun akka yaada kanatti aanee jiruutti kan ta'uu dha.

1. Qo'annoon macaafa Mul'ataa keenya qabiyyee macaafni qulqul-luun Hafuura Waaqayyoon barreeffamuu irratti kan hundaa'udha. Ergamni macaafichaa Waaqayyo biraa kan kenname yommuu ta'u, afaanni ergaan sun ittiin dubbatame/barreeffame garuu kan namaa-ti. Afaanii fi fakkeenyyota isa seenaa saba Waaqayyoo bara kakuu moofaa irraa argame kan fayyadamuudhaan, akkamitti Yohannis ergaa sana akka dubbate bira geenya.

2. Raajii Macaafa Mul'ataa keessatti dubbataman tooftaa isa hiik-kaa raajii isa mala seenaa dhimmi ba'uun ilaalamee, innis bara duriitii qabee gara bara dhumaatti raajiin toora taa'umsa seenaa, hordofa kan jedhuun bulleeffamee qoratamee kan dhi'aatuudha. Yaada duraan hubatamee humnaan heertuu sana irra kaa'uu irra, heertuudhuma sana keessa hiikkaan jiru maal akka ta'e beekuuf dhama'iinsa goona. Afaanichuma qorachuudhaan, fakkiwwan ji-ranii fi qabiyyee isaa qorachuudhaan in qoranna.

3. Akkaataan naqaa/structure/ toora macaafa Mul'ataa macaaficha keessa raajii jiran akkamitti waamicha akkamii akka goonuuf waan baay'ee murteessaa dha. Akkaataan nuyi macaafa kana itti qoran-nu akkaataa naqa/caasaa/ kitaabichaa keessaa sadii irratti kan hun-daa'ee dha.

a. Mul.1:1-3:22 jalqabuma irraa yaadni isaa haala waldoonni bara Yohaannis keessa turan irrattii dha; kutaan kun baroota seenaa wal-daa garaa garaa keessatti mul'ataan kan kaa'ame in dubbata.

b. Mul.4:1-11:18 bara Yohaannisii qabee hamma bara dhumaatti kan jiraatu seenaa waldaa fakkeenya hubannaa dabalataa kennu heertuudhaan irra deebi'a.

c. Mul.11:19- 22:5 immoo caalaatti dhimmoota bara dhumaa irratti kan xiyyeeffatuudha.

---

d. Mul. 15:1-22:21 humndumti isaa iyyuu bara dhumaa irratti kan xiyyeeffatuu dha.

4.Ibsi raajii macaafa mul'ataa keessa jiru hiikkaa kan qabu isa Kristosiin giddu-galeessa godhatuudha. Guutummaadhumti macaafa Mul'ataayyuu gama jireenya Kristosiin kan barreeffamee dha. Mallattoolee fi fakkenyi kitaaba Mul'ataa keessa jiran hunduu hiikkaa barbaachisummaa isaanii kan kennan Kristosiin keessaanii dha.

Kitaabni Mul'ataa warra isa dubbisaniif fi dhaga'aniif gorsa isa keessa jiru faana warra bu'an eebba abdachiisa." Barri kun itti raawwatamu waan dhi'aateef, namni isa inni dhugaa ba'e kana dhageessisee dubbisu, warri dubbii raajii dubbatame kana dhaga'anii, wanta isa keessatti caafames eegan attam haa gammadan!" (Mul.1: 3). Kitaaba kana gadi fageenyaan yommuu xiinxallu, dhufaatii Goofticha Yesus Eegaa yommuu jirtu, wantoota dhaga'uun si barbaachisu ofuma keetii hubattee waan hubatte sana faana akka buutuuf afeeramteerta.

Ranko Istefanovic Ph.D., mana barumsaa, barumsa Amantii Adventistii Guyyaa 7ffaa, Unversitii Andriwusitti, profesera kakuu haaraa ti. Addumaan beekumsi isaa macaafa Mul'ataa ti. Inni barreessaa commentary/ibsa/ "Revelation of Jesus Christ the Book Plain Revelation" jedhuuti. Barumsi inni Mul'ata irratti kennu yeroo dheeraaf kan darbaa ture sagantaa TV toora 3ABN jedhu irratti kan darbuudha.

**•Yaadachiisa: Kan jala sararaman gulaallii sirreeffamee booda irraan qaqqabee itti dabalameedhaa yaadaan qabaa.**

## Wangeela Phaaximoo Irraa

### Sanbata Waaree Booda

Barumsa Torban kanaaf Dubbifadhu: Mul.1:1-8, Yoh.14:1-3, Bau.29:29, Yoh.14:29, Rom.1:7, Fil.3:20, Dan.7:13, 14.

**Heertuu Yaadannoo:** “Barri kun itti raawwatamu waan dhi’ateef, namni isa inni dhugaa ba’e kana dhageessisee dubbisu, warri dubbii raajii dubbatame kana dhaga’anii, wanta isa keessatti caafames eegan attam haa gammadani!”  
Mul.1:3

**R**aajiin mul’ataan ergamicha Yohaanisitti mul’atan jaarraa kudha sagal dura, yeroo baqannaa isaa lafa galanaan marfamtee galaana E’iji’aan/Aegean sea/ iddoo dhagaan keessa guute Phaaximoo jedhamtutti ture (Mul. 1:9). Mul’ati 1:3 macaafichi olkaafamee akka dubbifamuu qabu kan argisiisuudha. Hertuun kun nama heerticha ol kaasee dubbises ta’e dhaga’eeff eebba abdachiisa. Dhageeffattoonni namoota warra waldaa keessatti ergicha dhageeffachuuf walitti qabamanii dha. Haa ta’u iyyuu malee, kan isaan eebbifamaniif salphaadhumatti dubbisanii yookiin dhageeffatanii waan dhiisaniif utuu hin ta’in dubbii macaaficha keessa jiruuf waan abboomamaniif. (Mul. 22:7) ilaali.

Raajiin Mul’ata keessatti barreeffamanii jiran, ibsa eegumsa Waaqayyo saba isaaf godhuu ti. Jireenyi lafaa kun salphaadhumatti kan baduu fi gabaabaa ta’uu, fayyina Yesus keessaan argamuu isa inni akka angafa lubaa keenya isa waaqaatti nuuf hojjetuu waamicha waangeela baballisuuf waamamne kan argisiisanii dha.

Raajiin macaafa Qulqulluu akka ibsaa dukkana keessatti ifuuti

(2Phe.1:19). Jireenya keenya har'aaf geggeessaa, gara fuula duraaf immoo abdi akka nuuf ta'uuf yaadamaniiti. Geggeessaa raajii kana hamma Kirstos dhufee mootummaa isaa isa bara baraa dhaabutti nu barbaachisa.

Barumsa torban kanaa dubbisiitii sanbata isa Amaj. 5f qophaa'i.

Jalqaba Torbanii

**Mud. 30**

### **Moggaasa/maqaa/ Macaafichaa**

Mul. 1:1-2 dubbisi. Barbaachisummaan guutummaa maqaa macaafichaa maaliidha? Maqaan macaafichaa waa'ee nama waa'ee isaa dubbatuu maal nu barsiisaa?

---

Mul.1:1 maqaa macaafichaa “Mul’ata Yesus Kristos” jechuudhaan dubbata. Jechi Mul’ata jedhu jecha Griik ‘apokalupsis’apokalupsi’jedhu irraa kan dhufee dha. Innis saaquu, irraa buqqisanii bakteetti baasuu jechuudha. Apokalupsi/mul’atni Yesus Kristosiin akka saaqamaatti hubatamu gochuu jechuu dha. Dhaamsa Yesusuma biraa ta’e fi waa’ee isaas kanuma dubbatuudha. Waaqayyo biraa Karaa Yesus Kristos kan dhufe yommuu ta’u (Mul. 22:16), Yesus xiyyeeffanno guutummaa ergichaa ta’uu macaafichi in mirkaneessa. ‘Apokalups’ (Mul’atni) egaa isuma inni matuma isaa mul’isuu fi ibsa eegumsa inni saba isaatiif qabuudha.

Yesus giddu-galeessa Mul’ataa ti. Macaafichi Mul’ataa isumaan jalqabeetu (Mul. 1: 5-8), isumaanis goolaba (Mul. 22:12-16). “Raa-jiiin Dani’el haa dubbatu, Mul’ati haa dubbatu, dhugaan maal akka ta’es nutti haa himan. Garuu garri dubbichaa hundumtuu walkeessa abdi keenyaa godhee Yesusuma dhi’eessa, isuma ol qabee leellisas; hidda fi sanyii Daawwit, ifaa kan ta’e urjii barii.” EGW. Testimonies to Ministers and Gospel Workers, 118.

Yesus in Mul’ata keessaa Yesusuma isa wangeelota arfan keessaa

ti. Mul'ati wangeelota keessatti duraan kan mul'ate hojii fayyisuu inni bakka saba isaa ta'ee raawwate ibsuu itti fufa. Kitaabni Mul'ataa garuu Yesusiin gama jireenyaa fi tajaajila addaatiin xiyyeeffata. Addumaan Mul'atni bakka wangeelonni itti dhaaban, du'aa ka'uu fi gara samiitti ol ba'uu Yesusiin itti fufa.

Ergaa gara warra Ibrootaa waliin Mul'ati, tajaajila Yesus isa samii irratti ta'aa jiru cimsee dubbata. Yesus erga ol ba'ee mana qulqullummaa samii keessatti tajaajila lubbummaa isaa akka jalqabe argisiisa. Mul'ataa fi (Ibroota) malee, beekumsi waa'ee tajaajila Kristos nuyi qabnu iccita gabaa fi karaatti hafaa ta'a. Akkasumas macaafuma Ibrootaa dabalatee kitaabni Mul'ataa tajaajila Yesus Kristos bakka keenya ta'ee godhu, haala adda ta'een, akka ilaallu taasisa.

***Yoh. 14:1-3 dubbisi. Abdiin bal'aan asitti nuuf kenname, caalaatti waan Yesus nuuf gochaa jiru akka hubannu akkamitti godha? Akkamittiin waadaa kana keessaa abdiin dinqisiisaa baafachuu dandeenya?***

Wiixata

Mud. 31

### **Kaayyoo Macaafa Mul'ataa**

Mul. 1:1 kaayyoo macaafichaas, baruma kitaabichi barreeffame jalqabee waan gara fuula duraatti ta'u argisiisuuf akka ta'e in dubbata. Namni Macaafa Mul'ataa beeku hunduu, wantoonni gara fuula duraatti ta'an hunduu, kan raawwataman (haala bara ammaa keessan yommuu ilaallu), wantoonni ta'uuf jiran (isaanis haaluma bara ammaan yommuu ilaallu), baay'een isaanii Macaafa Mul'ataa kanaaf qabiyyee dha (barreeffamaniiru). Walakkaan Kitaaba Mul'ataa inni duraa (1-11), wantoota jaarraa jalqabaatii hamma bara dhumaatti ta'an kan argisiisu yommuu ta'u, walakaan inni lammaffaan boqonnaa 12-22 immoo, wantoota dhimmi dhufaatii lammaffaatti geessan irratti xiyyeeffatu.

Kaayyoon raajiwwan macaafa qulqulluu inni duraa, fuula duratti wanti fedhe ta'u iyyuu, kan haala hundumaa to'atu Waaqayyoon



waan ta'eef, rakkoo akka hin qabne (warra isa amananiif), mirkan-eesuuf. Mul'atis kanuma godha: Yesus Kristos seenaa lafaa fi haala mallattoo dhuma ishee hundumaa keessatti saba isaa wajjin akka jiru mirkaneessuuf kenname.

Akka kanatti, raajjiwwan macaafa Mul'ataa keessaas, qabatamu-maan kaayyoo lama qabu: akka har'a itti jiraannu nu barsiisuu fi fuula duraaf nu qopheessuu.

***Kes.29:29 dubbisi. Heertuun kun maaliif wantoonni tokko tokko akka nutti hin mul'ifamin hubachuuf akkamittiin nu gargaara? Akka heertuu kanaatti, kaayyoon wantoota nutti mul'atanii maaliidha? Maaliif nutti himaman jechuudha. Mul.22:7 ilaali***

---

Raajjiin bara dhuma warri Mul'ata keessaa kun fedhii waan gara fuula duraa beekuu keenya quubsuuf nuuf hin kennamne. Macaaficha wantoota gara fuula duraa keessa wantoota nuyi beekuun nu fayyadu qofa nutti mul'isa. Isaan kan nuuf ifa ta'aniif wantoonni fuula duratti ta'uuf jiran haalaan yaachisoo ta'uu isaanii fi nuyi guutummaatti Waaqayyo irratti hirkattoo akka taane, hirkannaa kana keessattis immoo, isaaf abboomamuu akka qabnu nutti dhageessisuuf kennaman.

Jaarraalee tilmaama/hubannaa/ malee badan, jechoota miira namaa kakaasaniin illee haalli bara dhuma baay'ee dubbatameera. Dhufaatiin dhi'aatera jedhamee waan fudhatameef warri kana akkasitti tilmaamanii dubbatan dhaggeeffatoota irraa horii kennaa elmanii-ru; kunis dhufni waan dhi'aateef tajaajila kanaaf kennaa jechuudhaan ta'e. Yeroo hundumaa iyyuu, dhumni hin ta'in yommuu hafu namoonni joonja'anii abdiis kutataa turan. Akkumaa wantoota gaggaarii Waaqayyo nuuf kennee, raajjiinis saamamuu fi gar malee dhimmi ba'amuu danda'a.

*Yoh. 14:29 dubbis. Dhimma raajii irratti qajeelfama barbaachisaa akkamii arganna?*

**Kibxata**

**Amaj.1**

**Mul'ata keessatti dubbii Fakkeenyaan dubbataman**

*Mul.13:1, Dan.7:1-3 fi His.1:1-14 wal bira qabii dubbisi. Wanti mul'ati kun hunduu ittiin wal fakkaatan maalii dha?*

---

Mul 1:1 keessatti kan dubbattu “ergamaa isaa Waaqa irraa ergee kana ergamaa isaa Yohaanisitti beeksise.” Kutaa kana keessatti jecha baay’ee barbaachisaa kitaabicha keessa jiru argina. Jechi beeksisuutti heekame jecha Griik ‘semaino’ jedhamu irraa kan fudhatame yommuu ta’u “mallattoo fakkiin yaada argisiisuu” jechuudha. Jechi kun macaafa qulqullu kakuu moofaan isa afaan Griikitti hiikame keessa (Septuagint jedhamu) bakka Dani’eel Mooti Nabukadinezar, isa fakkeenyi “sibiilicha, sibiilicha diimaa, suphee, meetii, warqichas caccabsee hurreessuu isaa abjuudhaan argatetti Waaqayyo inni guddaan waan kana booddee ta’uudhaaf jiru si mootichatti beeksiseera” Dan.2:45 bakka jedhetti maqaa dha’ameera. Yohannis Jechuma kana dhimma ba’uudhaan bakkaa fi haala ta’iinsa Mul’ataa isatti argisiifamanii wantoota garaa garaa akka fakkeenyaatti fayyadamuudhaan nutti hima. Hafuura Qulqulluun geggeeffameetu, Yohaannis fakkeenyaan kaa’amuu/ bakka buufamuu/ akka Mul’ata keessatti argetti galmeesseera.

Kanaafuu, afaanni/dubbiin/ raajiiwwan Mul’ata keessaa ittiin ibsaman, irra keessa hiikamuun irra hin jiraatu. Akka qajeelfama tokkootti, macaafa qulqulluu guutummaatti dubbifnee dhugaadha jennee yommuu fudhannu, hubannaan irra keessaa nuyi kutaa sanaaf qabnu (yoo heertuudhuma sanatu fakkeenya sana akkasitti dhi’ees-

sa ta'e malee), yeroo Mul'ata dubbifnu, heertuun sun yoo keessumaa baase hiikkaa irra keessaa argisiisa ta'e malee, akka yaada fakkeenya sanaan ibsamuutti hiikuu nu barbaachisa. Bakkii fi ta'iinsi kutaa dubbifamu Sanaa waan qabatamaan beekaman ta'uu baannaan akka dubbii fakkeenya sanaan ibsamaniitti hiikamuu qabu/symbolic language/.

Wanti mataa keessa kaa'achuu qabnu guutummaatti amalli fakkeenyaan ibsamuu Mul'ataa ergaa raajjin kennaman akka hin jalifneef kan nu ittisanii dha. Hiikkaa fakkeenya macaafa Mul'ataa keessatti kennamanii ka'uuf yommuu yaallu, yaada namaa irraa kan maddu hiikkaa biraa yookiin immoo hiikkaa fakkeenyonni sun aadaa keenya keessatti (the meaning of those symbols in our culture) amma qaban heertuu sana irraatti akka hin dhiibneef eegganna gochuu nu barbaachisa. Akkas gochuu irra, hiikkaa fakkeenya Mul'ata keessatti, kennamee beekuuf, garuma macaafa qulqulluu fi fakkiwwan fuula sana gubbaa jiranii ilaaluun barbaachisaa dha. Dhugaadhumatti, fakkenyota Mul'ata keessatti kennamanii banuuf, baay'een isaanii kakuu moofaa keessaa fuudhatamuu isaanii yaadachuu qabna. Caasaa afaanii isa bara darbe keessaa ifatti fiduudhaan, Waaqayyo hojiin fayyinaa inni bara dhufu irratti godhu hojiidhuma fayyinaa innumti bara darbee keessatti godhee wajjin akka wal fakkaatu sammuu keenya keessa kaa'uu barbaada. Wanti inni bara darbe saba isaaf godhe, ammas gara fuula duraatti saba isaatiif in godha. Mallattoolee fi fakkenya macaafa Mul'ataa keessa jiru hiikuuf yommuu yaallu kakuu moofaaf xiyyeeffannoo kennuun barbaachisaa dha.

## Roobi

## Amaj.2

### Waaqummaa

Mul'ati nagaa isa ergaa Phaawulos keessa jiruu wajjin haala wal fakkaatuun jalqaba. Jalqaba irratti maacaafni kun kan ergameef waldoota Torban bara Yohannis keessa Esi'a Xinnoo keessa tur-

aniif ture. Mul.1:11. Garuu Mul'ati isaanuma qofaaf hin barreeffamne; seenaa hundumaa keessatti Kristaanota jiraataniif barreeffame malee.

***Mul.1:4-5 fi Rom.1:7 dubbisi. Nagaa wal gaaffannaa wal fakkaatu akkamiitu bakka lamaanuutti argamaa? Eenyu irraatii ergame nagaan kun?***

---

Heertuun lamaanuu nagaan akka barreeffama xalayaatti erga gaafatanii booddee, “ayyanii fi nagana isiniif haa ta’u” jedhu. Jechoonni kun akkaataa isaanis charis/ ayyaana/ nagaan warra Griikiin, fi shalom/nagaan/ (fayyaa qabaachuu) nagaan warra Ibrootaa of keessaa kan qabuu dha. Heertuu kana irraa akka ilaallutti kennitoonni ayyaanaa fi nagaan kun sadan tokkummaa Waaqaa ti. Akkuma kuta macaafaa warra kaanii, qaamni sadan tokkummaa Waaqa kun sadanis jecha mallatton/fakkeenyaan/ dubbataman Kanaan kan addaa addaan baafamnii dha.

Waqayyo abbaan “inni jiru, inni ture, inni dhufu” jedhamee beekama (Mul.1:8, 4:8). Inni kun maqaa Waaqummaa isa ‘Yahweh’ ‘ani isa jiraataa dha” (Bau.3:14) kan barabaraan jiraataa ta’uu Waaqayyoo kan argisiisuu dha.

Hafuurri Qulqulluun jechoota ‘hafuurota torban’ jedhuun ibsame (Mul 4:5, 5:6 bira qabii ilaali). Torba jechuun lakkobsa guutuu dha. ‘Hafuuronni torba’ waldoota torbanii warra hafuurrichi keessatti hojjetuu wajjin wal bira qabamu. Fakkeenyi kun Hafuurri qulqulluu guutummaa addunyaatti seenaa hundumaa keessatti saba Waaqayyoo waamicha isaanii akka isaan fiixaan baasaniif isaaniin gargaarsisaa akka turu argisiisa.

Yesus maqaa sadiin beekama: “dhuga-baatuu amanamaa, angafa warra du’a ka’anii, mootota lafaa kan abboomu” (Mul.1:5). Fan-

noo irratti du'uu isaa, du'aa ka'uu isaa, samii irratti mo'uu isaa argisiisu. Achii booda Yohannis waan Yesus godhe hime: 'inni nu jaallatee, dhiiga isaa nuuf dhangalaasee, cubbuu keenya irraa nu furee, isa mootummaa Waaqayyo abbaa isaatiif luboota akka taanu nu godhate...' (Mul. 1:5-6).

Inni "nu jaallate" hiikaa Griiki isa jalqabaatiin kan argisiisu "jaalla Kristos isa addaan hin cinne" ta'uu innis kan darbe, kan jiruu fi kan fuula duraa kan argisiisuu dha. Inni nu jaallatee dhiiga isaatiin cubbu keenya irraa nu fure. Griikiin keessatti kun kan argisiisu waan yeroo darbe keessatti raawwatameedha: Yesus yeroo fannoo gubbaatti du'e dhiiga isaatiin nuun duuka buutota isaa cubbuu keenya irraa bara baraan nu fure.

*Efe. 2:6 fi Fil.3:20 dubbisi. Kutaan kun warra furaman akka ol fuudhatamanii bantii Waaqaa keessa Yesusi wajjin taa'aniitti kaa'u. Maal jechuu ta'inna laatate, biyya cubbuun faalamte taane kan nuyi mootummaa fi lubummaa Kristos ulfina qabeessa sana keessatti gammaduu kan dandeenyu akkamitti? Kun jireenya keenya irratti akkamittiin dhiibbaa uumuu qaba?*

Kamisa

Amaj.3

### Yaada Walii-galaa Mul'ati qabu

Dhumni seensa macaafa Mul'ata xiyyeeffannoo guutummaa macaafichaa kan argisiisuu dha. Inni ulfinaa fi humnaan dhufuu Kristosii. Waadaan Kristos deebi'uuf gale goolabbii Macaafichaa keessatti yeroo sadii irra deebi'ameera. (Mul 22:7,12,20).

*Mul.1:7,8 dubbisi. Jechoonni heertuu kanaa jechoota raajii garaa garaa irraa kan walitti dhufanii dha. Dan.7:13, 14; Zak.12:10; Mat.24:30. Heertuwwan kun dhugummaa dhufaatii lammaffaa maal nutti himuu?*

Mul'ata keessatti, dhufaatiin lammaffaan dhuma gara seenaan itti adeemuuti. Dhufaatiin lammaffaan, dhuma seenaa lafaa kan argiisuu fi jalqaba seenaa jireenya bara baraa ti; akkasumas immoo yeroo waan hamaa dhiphina, dhukkubbii fi du'a hundumaa irraa bilisoomnudha.

Akkuma kakuu haaraa iddoo biraattis dubbatu Mul'at 1:7s hubataa yookiin Mul'ataa kan ta'ee qaamummaan ulfina fi kaba Waaqummaa isaan akka dhufuu Kristosiin ni dubbata.

Namni hundinuu, kan yommuus lafa irra jiran(alive on the earth at the time) warra isa waraanan dabalatee, dhufaati isaa dhugaa in ba'u. Kutaan kun du'aa ka'uu addaa dhufa kristos dura namoota qajeeltotaaf ta'u akkasumas warra fannisaniif ta'u kan argiisuu dha. Yesuus dhufa isaa wajjin warra isa eeggataniif bilisummaa yommuu fidu wara jaalalaa fi araara isaa didaniitti firdii fidee dhufa.

Dhugummaan dhufaati Kristos, jechoota “eeyyen, ameen” jedhaniin jabeeffaman (Mul.1:7). Jechi eeyyee jedhu jecha Griiikkii ‘nai’ jedhu fi Ameeniin immoo jecha Ibrooti waa ittiin mirkaneessan yookiin irratti walii galuu isaanii ibsatanii dha. Jechi kun laamaan walii wajjin wanti tokko kan hin oolle ta'uu kan mirkaneessanii dha. Jechoonni mirkaneessan kanaa dha guutummaa macaafa Mul'ataas kan goolabame. Mul.22:20

“Dhi'ootti duumessa waaqaan dhufuu Ilma namaa amanuun Krista anota hundumaa dagatootaa fi maal na dhibee kan kan jedhan hin taasisu...waantoota darban ammaa keessatti dhugummaan, amanamummaani fi amantaa qabaachuun ilaalamee in mirkaneeffame.”  
EGW , 4 T 309

*Abdiin kenname tokko amanamummaa nama abdicha kennee fi dandeettii raawwachu isaa irratti hundaa'a. Abdiin deebi'ee dhufuu Waaqayyo isa Kanaan dura waan abdachiise raawwate biraa kan kennamuun akkamitti waa'ee abdi dhufa isaa akka mirkaneeffannu nu taasisa?*

**Yaada Dabalataa:** Macaafa Ellen G. White, Testimony to Ministers and Gospel Workers jedhu 112-119 dubbisi. "The study of the Book of Daniel and Revelation" jedhu dubbis.

Mul'ati baroota seenaa Kristanummaa keessatti geggeessaa fi jajjabinaaf akka ta'uuf waldaaf kennaman...mul'ata jechuun waan mul'ate jechuudhauma. Gooftaan ofii isaatii iccita Kitaaba Mul'ataa kana keessa jiran garboota isaatti mulliseera. Akka isaan nama hundumaan dubbifamaniifis qophessera. Dhugaan isa keessa jiranis warra bara dhuma seenaa lafaa keessa jiranii fi akkasumas bara Yohaannis keessa jiraatanif kan kennameedha. Kaan raajiin caqafamanii ta'anii kaa darbanii dha. Kaan immoo ammayyuu ta'aa jiru, kaan kan raagaman immoo yeroo wallaansoon humana dukkanaa fi mootii samii gidduu jiru dhumatti dhufaa jiru kan raawwatuu dha. Kaan immoo, biyya haara uumamte keessatti mo'ichaa fi gam-mchuu warri bitamanii yommuu qabaatan kan argamuudha.

Eenyullee waanuma mallatoolee fi fakkeenya Mul'ata keessa jiran ibsuu dadhabeef dhugaan isa keessa jiru qoratamee hubatamuu kan hin dandeenye jedhe matumaa hin yaadin. Inni dhugoota kana Yohaannisitti mul'ise warra dhugaadhumaan dhugaa bira ga'uu barbaadanii eebbi waaqaa in kennaaf. Warri garaan isaanii dhugaa fudhachuuf banaa ta'e barsiisa kana hubachuuf akka danda'an in godha, dubbii sagalee raajii kana kan dhaga'anii ittis jiraataniif eebbi abdachifame in kenname" EGW, AA, 583-585.

### **Gaaffilee maree:**

**1. Mul'ati Kristosiin mul'isa ergaa ta'ee jechi appocypse jedhu har'a maaliif gara hin taaneen hubatama? Kun immoo Kristaanta biratti akkaataa mul'ati itti fudhatamaa jiru maal nu barsiisa? Jechi soda jedhu yeroo baay'ee maaliif Mul'ataa wajjin adeema?**

**2. Mee raajota namoonni waa'ee baroota dhumaa fi dhufaatii Yesus isa lammaffaa waaggota darban 20 keessatti dubbatanii hin raawwatamin hafan tokko tokko yaadi. Garaan warra kana godhanii waan fedhe ta'ullee (nuyi beekuu kan hin dandeenye) bu'aan garmalee warra kana irraa maddee namoonni raajii gama faallaan yaadan maal fa'a? Warri raajii akkasii amananii hin raawwatamin hafu akkam itti dhaga'ama? Walumatti warri bakkeedhaan raajii kufaa akkasii ilaalan, guutummaa Kristaanummaa akkamittiin ilaalu? Akka namoota raajiitti amananiitti, dhuma biyya lafaas kan eeggannu akkamittiin madaallii isaa kan eeggate rajii hubannee akkamitti nama barsiisuu qabna?**



## Baattuwwan Ibsaa Gidduutti

Barumsa Torban kanaaf dubbifadhu: Mul.1:9-18; HoE.7:54-60; Mat.12:8; Bau.20:11; Dan.10:5-6; Mul.1:20; Mul.2:1-7.

**Heertuu Yaadannoo:** “Ani ofii kootii mo’ee abbaa koo wajjin teessoo isaa irra akkuman taa’e, inni mo’u anaa wajjin teessoo koo irra akka taa’uuf aboo nan kennaaf.” (Mul.3:21)

**F**arsaa 73 keessatti abbaan faarfannaa of tuulummaa warra waaqa malee jiraatanii arguu isaatiin waliin dha’amuu isaa dubbata. Jireenya irraa hafaa fi salphaatti kan jiraatan ta’uu isaanii arga; isaa biratti immoo gidiraatti jiraachuu warra qajeelotaata arga. Wanti wal bira darbaa fakkaatu kun jireenya faarfataa Sanaa in jeeqe. (Far.73:2-16) innis waliin dha’amuu isaa keessatti gara mana qulqullummaa deeme. Far.73:16-17. Achitti bakka argama Waaqayyotti gadi fageenya dhimma kanaa waan hubachuu barbaadu Waaqayyotti dhi’eeffate.

Jaarraa tokko booda, ergamaan dulloomaan tokko, sababii dhuga-ba’umsa amanamaa qabuuf, bakka hidhaa lafa bishaan gidduu Phaaximootti of arge. Dhiphina isaa keessatti, oduu waldoonni geggeessaa isaa jala jiran dhiphachaa jiraachuu dhaga’e. Garuu yeroo rakkisaa kana keessatti illee, inni shaakala mul’ata kirstoos isa du’aa kaafame mana qulqullummaa Samii keessatti arguu qaabaate. Asitti akkuma Faarfataa duraanii sana Gooftaan iccita jireenyaa tokko tokkoo fi wallaansoo inni of keessaa qabu itti argisiise. Bakki mana qulqullummaa kun shaakala argamuu Kristos fi eegannaa inni isaaf godhu itti argisiise; kunis waan inni waldootaa fi dhaloota kristaanaa isatti aananii dhufanitti fi hamma dhuma seenaa lafaatti jiraataniif dabarsu ture.

**Phaaximoo Irratti**

*Mul.1:9 dubbisi. Yohannis inni abbaa Mul'ataa haala keessatti Mul'ata kana fudhatee akkamittiin nuuf ibsaa?*

---

Phaaximoon lafa homaa hin biqilchinee dha, bishaan gidduu kan jirtu lafa, galaana E'iji'aan dheerinni isaa maayila kudhan bal'inni isaa maayila ja'a. Warri Roomaa Phaaximoo fi lafa galaana gidduu jiran naannoo sanaa yakkamtoota Siyaasaa itti hidhuuf dhimma itti ba'aa turan. Barressitoonni Kirstaanotaa warri duraa, yaada yeroo kitaaba Mul'ataa barreessan sanaa yaaduma tokkoon, mootonni Roomaa sababii dhuga ba'umsa dhugaa Waangeelaaf Yohannisin akka achitti hidhan dubbataniiru. Ergamaan dulloomaan sun rakoo manni hidhaa Roomaa irraan ga'e hundumaa danda'e. Tariitii inni akka yakkamaatti miidhameera ta'a; jirmatti hidhameera ta'a, nyaati gahaa hin ta'in kennameefii, alangaa loltoota Roomaa warra araara hin beekne jalatti hojii cimaa akka hojjetu godhaniiru ta'a.

“Phaaximoon lafti dhagaa, homtuu kan irratti hin biqille, lafa galaana gidduu, galaana E'iji'aan, bakka itti yakkamtoota adaban taate; bakki kun garuu hojjetaa Waaqayyoof balbala keessaan samii ta'e. Asitti, jireenyi lafaa inni yeroo nama dhabsiisu itti cufamee, yeroo hojiin qabamuu bara duraas dhiisee, Waaqayyo, Kristosiin fi ergamoota waaqaa wajjin adeemee, isaan irraa bara fuula duraa hundumaaf kan ta'u waldaaf qajeelfama isaan harkaa fuudhe.” The Acts of Appostles, 570-571

Qooddatoonni macaafa qulqulluu kan biroon eenyufaatu sababii

Waaqayyooof amanamummaa isaanii, rakkina arge? Dan.3:16-23, HoE.7: 54-60

Yeroo rakkinaa kan Yohaannis kana fakkaatu keessa galan hundumaa duuka buutonni Kristos hundinuu qofaa akka hin taane irraanfachuu hin qaban. Yesusumti kun, innumti sagalee jajjabinaan Phaaximootti gara Yohaannis dhufe har'allee rakkina isaanii keessatti saba isaa jiraachisuu fi tumsuuf bira jira.

Kristosiif dhiphachuuf filannoo keenya dogoggoraas dabalatee waan biraaf dhiphachu akkamitti gargar baafachuu dandeenya? Waanuma gaarii hin fakkaanneef dhiphachu hoo? Haala hundumaa keessatti Gooftaa akkamitti amanachuu dandeenya?

Wiixata

Amaj.7

### Guyyaa Gooftaatti

*Mul.1:10 Bau.31:13, Isa.58:13, Mat.12:8 wajjin wal bira qabii dubbisi. Akka heertuu kanaatti guyyaa isa kamiidha kan guyyaa Waaqayyoo jedhamee addaan baafame? Yeroo rakkina isaa keessatti guyyaan kun Yohaanniisif guyyaa hammam hiikkaa qabaatu ture!*

---

“Guyyaan gooftaan itti ergamaa hidhamaa sanatti ulfinaan mul’ate guyyaa sanbataa ture? Phaaximootti Yohaannis guyyaa sanbataa akkuma yeroo magaalaa fi mandara Yihuudaa keessatti sabatti lallabaa turee, qulqullinaan in eega ture. Abdii guyyaa sana ilaalchisee kenname akka kansaatti qabaatee ture.” EGW, the Acts of Apostles, 581.

Yohaannis mul’aticha sanbata guyyaa torbaffaa fudhachuu isaa mul’inaan argisiisa. Hammuma dhufaatii Gooftaa isa lammaffaatti

waan gara fuula duraatti ta'uuf jiru kan barbaade ta'ullee, (lak 7 wajjin wal bira qabi), 'guyyaa Gooftaa' jedhamuun beekamu iyyuu (Isa 13:6-13, 2Phe 3:10) Yohaannis waa'ee yeroo waan gara fuula duraa kana mul'ataan itti argatee, innis guyyaa sanbataa waan tu-reef, 'guyyaa Gooftaa' jedhe.

Sanbati dhiphina isaa keessatti, mul'ataan guute kun, dhiphina isaa irraanfachiisee jireenya dhiphina hin qabne, muuxannoo jireenya isa dhufaati lammaffaa booddee warri amanamoon qabaachuuf jirani isaaf ta'uun gaaffii hin qabu. Dhugaadhumatti akka yaada Yihuudotaatti Sanbati muuxannoo jireenya 'olam haba' "biyya dhufuuf jiru Sanaa" ti.

"Sanbati, inni Waaqayoo jannatatti dhaabe, Yohaannisiif lafa onaa qofaa keessa jiraatu sana keessatti waan gatii guddaa qabuuf ture."

"Sanbatni akkuma Yommus lafaa bishaaniin marfamtee Phaaximoos irratti gati-jabeessa ture, yeroo hundumaa fuula Kristos duratti akkasuma ture, isa biratti egaa bakka hundumaa caalaatti kabajamaadha! Inni duraan hamma kana Yesus irraa hin baranne ture (yeroo inni lafa irra ture). Akka kanattis dhugaa kabajamaa kana hin dhageenye ture." EGW, 7SDABC 955.

Bau.20:11 fi Ked.5:15 keessa seera jiru hiikkaa macaafaa lamaan tokko wal bira qabi. Heertuun kun lamaan sanbata isa guyyaa 7ffaa akka yaadannoo uumamaa fi yaadannoo boojuudhaa gadi lakki-famuutti dhi'eessu; Waaqayyo akka nu tolchee fi deebisee nu fure nu yaadachiisu. Kanaafuu akkamitti Sanbata gaafa hundumaa sanbata akka dhugaa isa Waaqayyo nu uumee fi nu fure yaadachaa haala Kanaan dura yaadachaa turre irra karaa wayyuun yaadanna? Waa'ee kanaas yaadi, furii keenya isa nu oolchu ta'uu yoo baate isa nu uume ta'uu qofti maaliif dhimmi baasa?

**Phaaximoo irratti Kristosii wajjin wal quunnamuu**

Mul.1:12-18 dubbisi. Akkaataa Yohaannis itti Kristosiin dhi'ees-su argamuu Waaqaa isa Dan.5:5-6 keessa jiru wal bira qabii ilaali. Yesus Mul'aticha keessatti akkamittiin mul'ate, maal gochaa jira?

---

Yohaannis, Yesus uffata lubbummaa uffatee utuu inni godaa ib-saa gidduu deddeebi'uu arge. Mul'ati kun mana qulqullummaa Israa'elootaa bara durii isa baattuun ibsaa ifa kennu calaqqisiisa.

1Mot.7:49 ilaali

Fakkeenyi Yesus godaa ibsaa gidduu deddeebi'uu kakuu bara du-rii Waaqayyo akka saba Isra'el gidduu deddeebi'uuf kenne kan argisiisuu dha. Lew.26:12. Mul'ata keessatti qodaan sun waldoota torban biyya Eshiyaa xiqqoo keessa turanitti warra barreeffamni Mul'ataa jalqaba ergameeffitti fakkeeffama (Mul.1:20) fakkeenyi godaa ibsaa gidduu adeemuu isa Waaqayyo Israa'el duriif waadaa gale: hamma mana isaanii bara baraatti isaanii galchutti itti fufiin-saan isaanii wajjin isa ta'u kan ittiin raawwatuu dha.

Caalaatti immoo, fakkeenyi Kristos inni Kristos akka lubaatti godaa ibsaa gidduu adeemu sirna qulqullinaa mana qulqullummaa Israa'el irraa kan fuudhatamee dha. Hojiin guyyaa guyyaatti lubni abbaa dabaree ta'e tokko hojjechuu qabu, ibsaan mana qulqullum-maa keessaa utuu in dhaamin akka itti fufee ifa guddaa keennuuf akka boba'u gochuu dha. Kirrii isaa fo'uu fi boba'aa hanqatu guu-tuu, deebisee akka boba'u gochuun jiruu isaati. Akkasittiin, lubni sun, tokkoo tokkoo ibsaa achi jiruu wajjin wal beeka jechuu dha. Haaluma wal fakkaatuunis, Yesus immoo fedhii fi haalaa waldaa tokkoo qofa utuu hin taane, waldoota torbanii wajjin dhuunfaatti qaamumaan wal beeka.

*Mul. 2:2, 9, 13, 19; 3:1,8,15 dubbisi. Jechi “ani beeka” jedhu waa’ee Yesus maal nu barsiisa? Waa’ee waldoota sana keessatti haalaa fi fedhii saba isaa beekuu maal nu barsiisa?*

---

Yesus ofii isaa akka abbaa isaatti “isa jalqabaa fi isa dhumaa” (Isa.44:6, 48:12) of beeksise. Jechi ‘dhumaa’ jedhu griikitti ‘esk-chatos’/ iskatos jecha isa eschatos /bara-dhumaa/ jechuun irraa argameedha. Kun kan argisiisu xiyyeeffannoon eschatology /bara dhumaa/ Yesus Kristos, isa bara dhumaa irratti jecha dhumaa qabu irratti ta’uu isaa ti. “Inni jiraatus ana Takka illee du’een ture, amma garuu kunoo, baraa hamma bara baraatti jiraachuuttan jira; du’a irratti, balbala iddoo warra du’anii banu irrattis ani gooftummaa qaba. “(Mul.1: 18). Bantuun/furtoon/ mallattoo aangooti fi taay-itaati. Duuti iyyuu to’annoo isaa jala waan jiruuf duuka-buutonni isaa waan sodaataniif hin qaban. Warra du’an irratti akkas ergaa ta’ee, warra jiraniif akkam haa ta’u? Mat.22:32.

## **Roobi**

## **Amaj.9**

### **Ergaa Kristos Yommuusii fi Ammaaf**

Mul.1:11, 19, 20 dubbisaa. Yesus waldoota Eshiyaa (Asia) keessa turan torbaniif ergaa addaa addaa kenne. Waldoota torbaa ol biyya sana keessa jiraachuun, ergaan kun guutummaadhumatti Krista-anotaaf waa’ee barbaachisu maal nu hubachiisa?

---

Ergaan Yesus waldoota torbaniif akka barreessuuf Yohaanisitti kenne Mul.2 fi 3 keessatti galmaa’ee jira. Hiikkaan isaanii sadarkaa sadiin hojii irra oolfama.

Akkaataa seenaatti hojiirra oolfamuu: ergaan isaa jalqaba waldoota Torban jaarraa jalqabaa keessa magaalota sooreyyii keessa turaaniif ergame. Kristaanonni achi turan wallaansoo guddaatu mudatee

ture. Magaalonna baay'een waaqeffannaa moototaa akka mallattoo amanamummaa warra Roomaatti mana qulqullummaa keessa kaa'aa turan. Lammiwwan hundumtuu walga'ii uummataa fi sirnaalee waaqeffannaa waaqa ormaattii hirmaachuun irraa eegamature. Kristos erginaan Yohaannis waldoota torban kanaaf waallaansoo isaanii keessatti isaan gargaaruuf barreesse.

Akkaataa raajiitti hojjiirra oolchuu: mul'ati hafuura raajiin kennamuun, garuu immoo waldoonni torba qofti ergicha fudhachuuf qophaa'uun ergichumtuu raajiin kennamuu kan mul'isuu dha. Haalli hafuuraa waldoota torban kana keessa ture, baroota seenaa waldaa yeroo garaa garaa wajjin kan adeemuudha. Ergamni torban, gama samiitiin, jaarraa jalqabaatii kaasee hamma bara dhumaatti haala jireenya hafuuraa Kristaanotaa ballinaan dhi'eessuuf kan yaadamee dha.

Akka walii galaatti hojii irra oolchuu: Jalqaba waldoota torbaniif barreefame iyyuu ergaan kun torban bara hundumaa keessa waldoota jiraataniif dhimma baasuu danda'a. Waldaa hundumaa keessatti akka dubbifamuuf, torbanuun isaanii walumatti qabaatti akka xalayaa tokkootti ergaman (Mul.1:11). Akka kanatti ergaan kun garaa gara kan ta'an Kristaanota iddoo fi bara garaa garaa keessa jiraatan bakka bu'u. Fakkeenya, guutummaatti amalli Kristaanota bara ammaa akka Laaudoqeyaatti ilaalamus Kristaanonni tokko tokko amala waldoota kanaa keessaa kan biroo fakkaachuu in danda'u. Oduu gaariin garuu, haalli keenya hafuuraa kan barbaade ta'u illee, "Waaqayyo kan kufe sanyii namaa bakka isaan jiranitti quunnama" EGW, 1Selected Message, 22.

***Akka waldoota torban sanaaf barreeffametti, Waaqayyo xalayaa sana waldaa keetti waa'ee qomqabaa itti dhufaa jiruu fi jireenya hafuuraa ishee utuu barreessee, xalayaan sun maal jedha ture? Waa'ee waldaa kee maal jedha?***

## Ergaa Waldaa Efesooniif

Biyya Eshiyaa keessatti Efesoon magaalaa guddoo Roomaa, bakka giddu-galeessa daldaalaa ti. Akka magaalaa giddu-galeessa deemsa galaanaa Eshiyaatti, baay'ee barbaachiftuu kan taate wiirtuu daldaalaa fi amantii ti. Magaalattiin ijaarsa kan akka mana Qulqullummaa, mana Tiyaatira, gamowwan ispoortiin keessatti hojjetamuu, mana qaama itti dhiqatanii fi mana sagaagalummaan itti keessumsii famu fayiin kan guutte turte. Hojii xibaartummaa fi hojii og-barruun kan beekamtus turte. Xuraa'ummaa fi waaqolii biroo waaqessuunis in beekamti turte. Garuu, waldaan Kristaanaa dhiibbaa uumsuu dandeessu Efesoon keessa turte.

***Mul.2:1-4 Erm.2:2 wajjin dubbisi. Yesus akkamitti waldichatti of ibsee? Amala gaarii akkamiitiif Yesus waldaa efesoniin jaje? Yesus yaaddoo akkamii ibsee?***

Gara jalqabaa, Efesoon amanamummaa fi jaalalaan beekama (Efe.1:15). Keessaa fi duubaa waldaan dhiibbaan irra gahu iyyuu Kristaanonni amanamummaa fi jaalala isaaniitti jabaataniiru. Jabaatanii kan hojjetanii fi dhugichaaf amanamoo (obedient to the truth) turan, dhugumaan, barsiisota sobduu isaan gidduu turaniif hin obsine. Garuu, akkuma miseensonni barsiisa waldaa fi dhugummaa/orothodox/ amalaa irratti xiyyeeffatanii turan; jaallalli isaan Kristosif akkasumas hiriyoota isaaniif qabaatan xinnaataa adeeme. Namoonni sun cimoo fi amanamoo ta'an iyyuu, bakka jaallalli dhibametti hojiin isaanii qabbanaa fi seeratti qabamuu ta'ee argame. Mul.2:5-7 dubbisi. Gara jaalala Kristosii fi hiriyoota isaanii duraatti akka deebi'aniif wantoonni Kristos gorsu sadan maal fa'i? Wantoonni kun sadan toorumaan akkamitti wal argu?



Akka sagalee raajiitti, haalli waldaa Efesoon keessaa guutummaa haalaa fi jireenya hafuuraa waldoota jaarraa jalqabaa wajjin kan adeemuu dha, waldaan Ibibda/ho'ina jaalalaa duraa dhabdeetti turte; qulqullummaa fi salphaatti jiraachuu wangeelaa irraa jal'atte.

Akka qaama waldaa jaalala isaa dhabeetti ofii kee fudhu. Miseensi isaa beekamaa ta'e cubbuu hin hojjetan ta'a. Sadaraka tokko irratti, waanuma sirrii ta'e hojjetu iyyuu ta'a. Garuu seeratti qabamuu fi qabbanaa 'ummaatu miidhaa ta'a. Haala akkasii irraa bilisoomsuuf Yesus akkamitti waldaa kana gorsa?

### Jimaata

### Amaj.11

**Yaada dabalataa:** Ellen G. White “Patmos” fuula 568-577 Kitaaba Acts of the Apostles jedhu irraa dubbisi.

“Ari'atamuun Yohaannis karaa ayyaanni ittiin darbu ta'e; Phaaximoos ulfina fayyisaa du'aa ka'ee sana irraan kan ka'e bakka hawwataa taate. Yohaannis Kristosiin bifa namaatiin arge, yeroo hundumaa ulfina isaatti kan ta'e godaannisa mismaara isaa wajjin. Lammaffaa isa kabajamaa gooftaa isaa isa du'aa ka'e arguuf eyya-mameef; namni argee jiraachuu kan danda'u ulfina uffatee itti mul'ate.

Itti mul'achuun Kristos warra amananiifis hin amanneefis ragaa du'aa ka'uu Kristos. Waldaadhaaf humna jiraataa kan laatu dha. Yeroo tokko dukkanni limixiin saba Waaqayyoo marsee ture. Akka waan dhiibbaa fi ari'atamni isaaniin balleessuuf jedhuu fakkeesse. Yeroo rakkisoo akkasii keessa qajeelfamni isaaniin barsiisu kennameef. Yeroo baay'ee Kristos mana adabaayyuu seenee warra isa jaallatanitti of mul'isa. Yeroo tokko tokkommoo isaanii wajjin ibidda keessa ture. Akkuma dukkana cimaa keessatti urjoonni caalaatti ifanii argaman, akkasuma dukkana hamaa keessatti baay'ee ifaa kan ta'e ulfinni Waaqayyoo mul'ata. Hammuma samiin dukka-

naa'u hammuma sanammoo aduun tolaa fayyisaa du'aa ka'e sanaa ifee argama." EGW, the Youth Instructor, April 5, 1900

**Gaaffilee maree:**

*1. Yohaannis inni mul'ata arge, waan Phaaximoos irratti argee dhaga'e dubbistoota isaaf qoode. Mul. 1:12-20 yommuu dubbiftu, maal argitee maal dhageessa? Waan asitti argame keessaa jecha jajjabinaa maal argatta?*

*2. Ergamaan inni duraa Mul.14:7 keessatti, saba bara dhumaa lafa gubbaa jiraatan, "isa waaqaa fi lafa, galaanaa fi burqituu bishaanii uumeef sagadaa" jedha. Kunis jecha Bau.20:11 keessaa waraabameedha. Akka Mul'ata keessatti, akka bara dhumaatti barbaachisummaa Sanbataa kun maal nutti?*

*3. Kristaanonni baay'een keessumsiiisuun kan danda'amu akkaataa dubbiitu jira. Hammuma waldaa keessa tutturen hammuma sanammoo amantiin isaanii xinnaachuu, du'uu iyyuu danda'a. Faallaan isaa utuu ta'ee, hammuma Yesus wajjin turree hammuma sana waa'ee isaa beekuudhaan jaalala isaa baruutture. Akkamittiree, abidda jaalalaa itti fufsiifnee, bubaba'uu qofaa utuu hin ta'in caalchisee akka ifu gochuu dandeenya?*

**Saboa Waaqayyoo Magaalota Keessaa**

Sanbata Waaree booda:

Barumsa torban kanaaf dubbifadhu: Mul. 2:8-11, 3:7-11, 2:12-17, 14:12, 2:18-29, 3:1-6, Isa. 61:10.

**Heertuu Yaadannoo:** “Ani ofii kootii mo’ee abbaa koo wajjin teessoo isaa irra akkuman taa’e, inni mo’u anaa wajjin teessoo koo irra akka taa’uuf aboo nan kennaaf.” (Mul.3:21)

**P**haaximos irraa jalqabee, Yesus karaa Yohaannis xalayaa ergaa torba qabu saba isaatti erge. Ergaan kun waldoota Eshiyaa bara Yohaannis keessa turan irratti kan xiyyeeffatu ta’ullee, waldoota kristaanaa seenaa keessatti jiraatan hundumaafuu barreeffame.

Ergaa kana walbira qabani ilaaluun kan argisiisu, caasaa ja’aan akka isaan wal fakkaatanii dha. Hundumti isaanii iyyuu Yesus maqaa waldaa ta’ee waamuudhaan jalqaba. Kutaan itti aanu immoo, “ergaan kun isa...” jechuudhaan isa Yesus mataa isaa waldoota hundumaatti boqonnaa 1 keessatti mataa isaa ibsee ture sanaan of beeksisuun itti fufa. Ibsi maalummaa Yesus kun waan waldoonni barbaadan ture. Haalaa fi wallaansoo isaanii keessatti isaaniin gargaaruuf akka danda’u isaanitti argisiise. Itti aansee, qorannaa ittiin rakkoo isaanii bira ga’u kennee achiimmoo rakkina kana keessaa akkamittii akka ba’an gorsa kenna. Dhuma irratti, tokkoon tokkoo ergaan waldoota kanaa waamicha akka ergicha dhaga’anii mo’atoo ta’an godhuun xumurama.

Ergicha yommuu qorannu, haalli isaan keessa turan kan fedhe ta’ullee, Yesus rakkina waldaa sanaaf deebii kennuu akka danda’u hubanna. Kanaaf, har’ayyuu inni rakkina keenyaaf fala ta’uu kan danda’uu dha.

Barummsa Toorbee kanaa dubbisiitii Sanbata isa Amaj.19f qophaa'i.

## Jalqaba Torbanii

Amaj.13

### Ergaa Kristos Simiriinaa fi Filaadelfiyaaf

Ergaan Yesus inni lammaffaa fi ja'affaa Simiriinaa fi Filaadeelfiyaaf barreeffame. Waldoonni kun Yesus biraa dheekkamsi hin kennamneef.

Simiriinaan magaalaa bareedduu fi soorettii turte; giddu galeessa ajaji waaqeffannaa moototaa irraa kennamus turte. Ajaja akkasii diduun mirga seeraa isaan qaban dhabsiisuu, akka ar'ataman gochuu fi du'a aarfamuu akka ajjeefaman gochuu in danda'a ture.

*Mul.2:8-11 dubbisi. Akkaataan Yesus ofii isaa waldaa kanatti ibse haala waldichaa wajjin akkamitti walitti dhufa? Haalli waldichaa akkam ture? Waan dhufaa jiruu Yesus akkamittiin waldattii Akeekkachiise?*

---

Ergaan waldaa Simiriinaa waldaa bara ergamootaa yeroo Kristanonni mootota Roomaan ari'ataman sanaafis kan ta'u ture. "Guyyoonni kudhan" warri Mul.2:10 baroota kudhan Yeroo "Diocletian" namni jedhamu ari'ataa ture dhaloota Kristos booda 303 jalqabee hamma 313 ture kan argisiisee dha. Innis yeroo Konstantin guddich Labsii Miilaan" (Edict of Milan) isa Kristanotaaf bilisummaa amantii kenne baase kan dhaabateedha.

Waldaan Ja'affaan Yesus maqaa dha'e biyya Filadeelfiyaa (jaalala obbolootaa) keessatti ture. Magaalaa mootummaa, iddoo daldaalaa biyyattii bahaa fi lixa ishee walitti qabsiiftuudha. Akka giddu-galeessa biyya Lidiyaa fi Frigiya keessatti aadaa fi afaan Griikotaa baballisutti fudhatama.

*Mul.3:7-13 dubbisi. Akkaataan Yesus ofii isaa ibse haala waldattii kanaa wajjin akkamitti walitti dhufa? Jechi Yesus inni "ati humna xinnoo qabda" waa'ee haala waldattii maal jedha? (3:8). Waldaa kanaaf Yesus abdii maalii kennaaf?*

---

Ergaan waladaa kanaa kallattiidhumaan waa'ee dadammaqiinsa protestaantii jaarraalee 18 fi 19 kan ta'uudha. Dhugumas kana godhaniirus, ifa qaban kennuudhaan isa "dubbii koo" eegdeetta jedhu eeguu barbaadan (3:8). Waldaan jaarraa kana keessa jiraate addunyaa wangeelaan ga'uudhaaf fedhii guddaan kan socho'an turan. Firiin isaas, dho'iinsa wangeelaa guddaatu ta'ee, erga bara Phenxeqosxeetii wanti ta'ee hin beekne ta'e.

## Wiixata

## Amaj.14

### Ergaa Kristos Phergaamooniif

Phergaamos giddu-galeessa waaqeffannaa garaa garaa ti: kan akka Askilepi'us waaqa fayyummaa warra Giriikotaa,"fayyisaa" jedhamee isaan biratti kan waamamu, fakkeenya bofaatiin kaa'ama. Namoonni biyya hundumaatii iddoo qulqulluudha jedhanii yaadan kanatti Askilepi'us kanaaf sagadani fayyuuf in dhaqu turan. Phergaamon garee waaqeffannaa moototaa beeksisuu keessatti shoora ol-aanaa qabdi turte. Kunis immoo akkuma Simiriinaa dirqama isaanii ture. Kristaanonni Phergaamon magaalaa "iddoo bultii Sexanaa, bakka teessoo isaa dhaabbate" isa jedhame sana keessa jiraachuun shakkii hin qabu.

Mul. 2:12-15 dubbisi. Yesus akkamittiin ofii isaa waldaa kanatti beeksis? Xiinxalli haala jireenya hafuuraa waldaa kanaa maal ture?

---

---

Warra Waaqayyoon hin beeknee fi manneen sagadaa isaaniitiin naanneffamanii, waldaan Phergaamoonis waldaa keessaa fi waldaa alaan qoramsi irra ga'aa ture. Baay'een isaaniin amanamoo ta'anii kan hafan yommuu ta'u, warri muraasi, Niqoolota warra jedhaman, ari'atama dhabamsiisuuf jecha amantii warra waaqa malee jiraatanii wajjin amantii isaanii mareetti dhi'eessan. Bala'am ijoollee Israa'el dura gufuu kaa'e (Lak.31:16) sanaan kan of moggaasan warra barumsa sobaa barsiisanitti hidhatan. Rakkina ar'atamni fidu dhabamsiisuuf jecha gareen kun lamaan shaakala warra amantii malee jiraataniitti hidhachuuf maree godhan.

***Mul.2:16-17 dubbisi. Haala amantii isaanii keessaatti isaan gargaaree akka fooyya'aniif Yesus akka maal godhaniif isaaniin gorse? Yesus abdii maalii isaaniif kenne?***

---

Ergaan waldaa Phergaamonis, bara 313 booda haala waldaan keessa turte kan ibsuudha. Kristaanummaa wallaansoo warra amantii dhugaa malee sana mo'attu iyyuu, baay'een warrumti waldaa keessa jiran amantii mareetti dhi'eessuu eegalan. Kaan kaan raa-famuu tokko malee wangeelaaf amanamanis, jaarraaleen araffaa fi shanaffaan yeroo kufaatii hafuuraa fi dhugaa irraa kaachuu ta'e dubbatama, yeroo kana keessa waldaan wallaansoo qabdee amantii mareetti dhi'eessuu akkasii ifaadhummatti waan akkasiitiif obsa dhabde ta'uu in dubbata.

***“Anatti amanuu kee hin ganne” jechuun maal jechuudha (Mul 2:13, Mul.14:12 ilaali)? Waa'ee jalqaba amantii fi du'a keessatti illee yoo ta'e, adeemsa isa mareetti dhi'eessuu keessatti gatii inni nu baasisu keessatti, shaakala qulqulluu nuyi isatti qabamnee jiraachuuf goonu maal nutti hima?***

**Ergaa Kristos Tiyaatiraadhaaf**

Magaalota biraa wajjin yommuu walitti qabamu, Tiyaatiraan har'a kan nuyi beeknu barbaachisummaa siyaasaa fi aadaa keessatti qabdu hin qabdu turte. Isheen nagadumaan beekmti turte. Nagada adeemsiisuuf yookiin hojiidhuma qabaachuuf namni isaa nama hojii harkaa beekan yookiin daldaalanitti siquun barbaachisaa ture. Kanaafuu miseensonni dhangaa namoota akkasiif sirnaalee manneetii qulqullummaa isaanii isa yeroo tokko tokko waan hin taane of keessaa qabu irratti hirmaachuun dirqama ture. Warri kana hin goone namoota hojii isaaniif kennuu yookiin barsiisuu danda'anitti in dhowwamu yookiimmoo dhiibbaa dinagdeetu irratti ta'a ture. Kristaanonni magaalaa kana keessa jiraatanis wangeela mareetti dhi'eessuu fi isaaf amanamoo ta'uu keessaa tokko filachuuf in dirqamu turan.

***Mul.2:18-29 dubbisi. Yesus namoota kanatti akkamitti of dhi'eessa? Dan.10:6s ilaali. Waaqayyo kam irratti isaan jajee? Dhimmi kamtu kana duraa jeeqe?***

---

Akkuma Waldaa Phergaamon keessaa turte, rakkoon waldaa Tiyaatiraas namoota amantii isaanii alaa wajjin amantii mareetti dhi'eessuu ture. Maqaan "Izaabel" jedhamu haadha manaa mooticha Ahaab ishee Israeloota amantii isaanii ganuutti ishee geessite itti kan geessu ture (1Mot.16:31-33). Yesus akka ejjituu hafuuraatti ishee ibse. Warri ishee dhaga'anii ishee fudhatanis akka waan ishee wajjinin ejjummaa hafuuraa raawwatanitti fudhataman.

Haalli waldaa Tiyaatira keessatti ibsame, haala waldaa bara giddu-galeessaa keessa turanii itti kan fakkeeffamudha. Balaan waldaan sun qabdi turte bakkeedhaa kan itti dhufe utuu hin ta'in, war-

ra waldaa keessaa aangoo Kristos harkaa fudhanne jedhaniidha. Baroota sana keessa baarsiifati aadaa bakka Macaafa qulqulluu bu'e; wantoonni sirna qulqullinaaf godhamanii fi lubbummaan namootaa lubummaa Kristosiin bakka bu'e, gochi namaa akka karaa fayyinni argamuutti fudhatame. Warri kan dhiibbaa akkasii fudhachuu didan ar'atamuu fi du'a keessumsiiisan. Jaarraa baay'eedhaaf Dan.7:25 wangeelli guutummaatti achii bade.

***Jechoota Mul.2:25 yaadi "Isa qabdan garuu hamma ani dhufutti jabeessaatii qabadhaa!" jechuuni kun nuuf maal jechuu dha? Walii wajjinis qofaattis jechuudha? Yesus biraa kan nuuf kenname jabeessinee wanti qabachuu qabnu maal inni?***

**Roobi**

**Amaj.16**

### **Ergaa Kristos sardiisiif**

Sardiis seenaa galateeffamaa qabdi. Garuu bara mootummaa Roomaa ulfinashee dhabde. Magaalattiin ammallee soorettii taatee utuma jirtuu, galati ishee seenaa bara isheen keessa jirtuu utuu hin taane seenaa isheen bara sanaan dura qabdu irratti kan hirkatu ture. Magaalattiin bakka itti ijaaramuun hin yaadamne gaara ol qajeelaa tokko irratti ture. Jiraattota magaalattii kan ta'an lammiin achi jiraatan kan hin xuqamne waan itti fakkaatee tureef eegumsi isaa waanuma salphaatti ilaalame ture.

***Mul.3:1-6 Mat.24:42-44 fi 1Tas.5:1-8 wajjin wal bira qabii dubbisi. Haala hafuuraa Sardiis keessa jirtuuf daawwaa fayyisu akka ta'uuf wanti sadii akka isheen gootu itti himame maalii dha? "Dammaqanii eeggachuun" inni Yesus akeekkachiisu akkamittiin haalduubee seenaa waldatii wajjin akkamittiin wal bira qabama?***



Yesus Sardiis keessatti Kristaanota muraasa amanamoo ta'anii muraasa qofa kan hubate yommuu ta'u baay'een isaaniimmoo hafuuratti kan du'an ta'uu arge. Waldichi akka Phergaamos fi Tiyaati-raa cubbuu mul'ataas ta'e, gantummaa tokkoonuu hin komatamne ture. Garuu fedhii dhimma hafuuraa dhabuutiin komatameera. Barri Sardiis kun bara waldaan protestaantii yeroo haara'umsaa duraa keessa turte kan fakkaatuudha. Waldaan suuta suuta gadi deebitee seeratti qabamanii jiraachuu lubbuu hin qabne/qabbaanaa'ummaa/ fi haala hojii ofiitti quufuu keessatti kuftee turte. Haalaa hubannaa isa wantoonni beekumsaa fi sababii irratti hundaa'uu qaba jedhu/ rationalism/ fi amantii fi bulchiinsa mootummaa /secularism/ gar-gar baasuu warra yommuu dhufaa jiran sanaan dhiibamtee, xiyyeeffannoon ayyaana fayyisuu wangeelaa fi Kristositti of kennachuu duraa dhokatee qabatamaa kan ta'e beekumsaa fi sababii qabatamaa irratti hundaa'uu fi falmii falaasamaa gogaa ta'etti qabamuu eegalan. Waldaan bara kana keessa, waan jirtu fakkaattee mul'attu iyyuu, dhugaan yoo ilaalamtu hafuuratti kan duute turte. Xaliyichi dhaloota hundumaa keessa kan jiraatan Kristaanota in ilaallata. Kriitaanota yeroo darbe keessa isa amanamummaan yeroo gala-teeffamaa jiraachaa kan turan ta'uu dubbata. Carraa hin taane ta'ee garuu, yeroo keessa jiran waan Yesusii wajjin dabarsaa jiran waan namaaf qoodan hin qaban. Amantiin isaanii maqaadhaaf, garaa irraa kan maddu amantii kan hin qabne, wangeelaaf dhugaan of keennuun itti hanqata.

Dhugaa isa amantii Kristos keessatti fayyuu dhugaa guddaa of fuula dura keenyee, karaa kamiidha amantiin keenya Waaqayyoon duratti guutuu hin taane kan itti jennu? Akkas jechuun maal jechuudha? Akkam gooneetu hojii keenya isa duratti guutuu godhachuu dandeenya? Mat.5:44-48.

**Kristaana Laa'odiiqeyaa keessaa**

Waldaan dhumaa Yesus ergaa isaa itti erge Laa'odiiqeyaa keessa jiraatti turte. Magaalaa sooretti karaa daldaalaa irratti kan dhaabatte. Laa'odiiqeyaan warshaa wayyaa jirbii irraa hojjetamuun kan beekamtu, warqeen kan beekamu, mana barumsaa dhibee ijaa fi daawwaa omishufaa qabdi turte. Qabeenyaan isaanii lammiin biyya Sanaa ofii isaaniitti akka quufan isaan taasise. Dhaloota kristos booda gara bara 60 keessa kirkirri lafaa magalattii barbadeesse. Hojii hojjetaniif waan barbaadan hundumaa waan qabaniif Roomaadhaan homaa hin barbaadnu jedhanii turan. Magaalattiin rakkina bishaanii waan qabduuf, ujummoodhaan burqa ho'aa Heirapolis jedhuraa dhufaaf ture. Burqaan kun Laa'odiiqeyaa irraa fagoo waan tureef bishaanichi yommuu Laa'odiiqeyaa ga'u gubaas qabanaa'aas utuu hin taane bu'aadhaa.

**Mul.3:14-17 Hos.12:8 wajjin wal bira qabii dubbisi. Seenaa amala magaalaa kanaaf xinxala Yesus waldattiif godhe wal bira qabii barreessi. Ofiiti amanuun amantoota kristaanaa Laa'odiiqeyaa jiraatan akkamitti isaan miidhe?**

---



---



---

Cubbuu cimaa ta'e wayiif, barsiisa sobaaf, gantummaafis YesusLaa'odiiqeyaa hin ifanne. Rakkoon isaan qabu turan garuu, ofiitti quufuun gara gad-deebi'ummaa jabina hafuuraatti isaan geese. Akkuma bishaanichi yeroo magaalicha ga'u gubaas qabanaa'aas hin taane, isaanis kan nama boqochiisu bishaan diilalla hin taane gubaas miti, giddu-galeessa turan. Nuyi qabeeyyii homaa nama ir-

raa hin feeneedha jedhu; garuu immoo jireenya hafuura isaaniitti, hiyyeessota, qullaa, qaroo kan hin qabne turan.

Waldaan Laa'odiiqeyaa keessa jirtu sirriidhumatti kan isheen, bara dhuma seenaa lafaatti haala waldaan Kristaanaa keessa jiru fakkaatti. Kunis immoo, dhiphina bara dhumaa keessatti, waldaan Laa'odiiqeyaa, moodela waldaa bara dhumaa ta'uu ishee kan argisiisu Mul.16:15 irratti jec-hima jabaa ta'een ibsameera. Waldaan dhumaa waldaa bara miidhaa waldoonni ishee dura turan hin argin rakkoo gama siyyaasaa fi amantii keessattii wal'aansoo guddaa kan argituudha. Waldattiin garuu ofitti kan quufu waan taateef rakkoo dhugummaa isaa mirkaneeffachuu qabaatti/ this church is a self-sufficient and struggling with its authenticity/. Akeekkachiisi Kristos isheef kenne nama qaama waldaa bara dhumaa kanaa ta'e hundumaaf hiikkaa gadi fagoo qabaata.

Yesus Laa'odiiqeyaaf kan mirkaneesse waan isaan jaallatuuf akka abdii isaaniifhin kutanneedha (Mul.3:19). Ergaa isaa kan inni ittiin xumureef jaalala isaa akka isa Wed. 5:2-6 jiruutti of dhi'eessuudhaan ture. Balbala dura dhaabatee akka ol galuuf isa gaafatu sana (Mul.3:20). Namni kam iyyuu balbala baneefii olgalchinaan inni wajjin irbaata nyaachuu abdachiiseera. Waamichi kun nu darbuu hin qabu!

**Mul.3:18-22 dubbisi. Yesus Laa'odiiqeyaaf gorsa akkamii kenne? Warqeen, wayyaa adiin fi kuuliin/qorichi ijaa/ maalitti fakkeeffamu? 1Phe.1:7, Isa.61:10 Efe.1:17-18, heertuun kun hunduu waldaa Adventistii warra akka Laa'odiiqeyaa of ilaalluun maal jedhu?**

**Yaada dabalataa:** *“The Revelation” Acts of the Apostles kan jedhu Kitaaba Ellen G. White fuula 578-592 dubbisi.*

Ergaan waldaa torbanitti ergamee gadi deebi'uu jireenya hafuuraa waldoota torbanii argisiisa. Waldaan Efesoon kan duraan qabdi turte jaalala ishee dhabdu iyyuu amanamtuu turte. Waldoonni Simiriinaa, Phergaamon fi Filaadelfiyaa amanamoo turan. Warra hin jabaanne namoota muraasa qofatu amanamoo hin taane. Tiyaatiiraan immoo amanamummaa Kristositti qabduun waldaa lamatti hiramte turte. Waldaan Sardis keessa turte haala rakkisaa keessa turte. Baay'een namoota waldattii keessa turanii wangeela irratti kan walii hin galle turan; garuu muraasi amanamoo ta'anii hafan turaniiru. Waldaan Laa'odiiqeyaa dadhabina hafuuraa fi ofitti quufuun waan itti dhaga'amuuf (of such spiritual lethargy and complacency) waa'ee isheetiif wanti gaariin jedhame kan hin jirre waldaa turte.

Tokkoo tokkoo ergaa walda kanaa yommuu goolabu, Yesus warra gorsa isaa fudhatan waan abdachiise qaba. Namni ta'e hubachuu kan danda'u ragaa kufaatii isaanii hafuuraa biraatti, eebba isaan walqixatu abdachiifamee jira. Efeson ishee abdiin tokkittiin laatamteef irraa jalqabee, waldoonni walduraa boodaan caalaatti gadi fagaachaa kufa adeeman, hundumtuu kan inni isaan duraa argate eebba caalaatti argatan. Dhuma irratti Laa'odiiqeyaan abdiin tokkittiin kan kennameef yommuu ta'u hundumaarra kan wayyu abdachiifamte: innis teessoo Yesus hirmaachuu dha (Mul.3:21).

**Gaaffilee maree**

1. Dubbiin inni kufaatiin hafuura yommuu gadi fagaachaa adeeman waldootaa abdiin kennamu baayyachaa adeemuun akkamittiin dubbii isaa Rom.5:20 irratti bakka cubbuun baayyatutti ayyaanni caalchisee baayyachuu sana jabeessa? Gama ifa hima isa “waldaan dadhabdee, jal’attees, isheen tokkicha waan Waaqayyo lafa irratti yaada guddaa qabuufii dha. Yeroo hundumaa utuu wal irraa addaan hin kutin in eeggataaf, in ilaala. Hafuura isaatiinis in jajjabeessa.” EGW, 2Selleced Massage, fuula 396

2. Yeroo tokko tokko namoonni kan jedhan bakka industriitti, daldaala keessatti kristaana ta’uun ulfaataa dha. Daldaaltonni magaalaa sorettii keessatti wangeelaaf amanamoo ta’uun warra ormaa keessatillee utuu hin raafamin argamuu irraa maal barachuu dandeenya? Amantoota Eshiyaa kana kara ifa kadhata Yesus isa Yoh.17: 15-17 keessaan ilaali. Biyya lafummaa malee biyya lafaa keessaa kan jedhu kun Kristaana har’aatii akkamittiin hojjeta? Addumaan immoo magaalaa gurguddoo keessa warra jiraataniif?

3. Akka adveentistiitti nuyi, ergaa isa kan Laa’odiiqeyaa keessatti nuuf kenname akkamittiin caalaatti hubachuu dandeenya?

## Moosifamuu Hoolichaa

**Sanbata waaree Booda:**

*Barumsa Torban kanaaf dubbisi: Mul.4, His.1:5-14; Mul. 5; Efe 20-23; HoE .2:32-36.*

**Heertuu Yaadannoo:** “Ani ofii kootii mo’ee abbaa koo wajjin teessoo isaa irra akkuman ta’ae, inni mo’u anaa wajjin teessoo koo irra akka taa’uuf aboo nan kennaaf.” (Mul.3:21)

**M**ul’ati duraanii, ergaa Kristosiin saba lafa irraatti mul’ise. Amma immoo mul’atichi waan lafaa irraa gara samiitti darbeetu, “As ol kottu, ani immoo wanta kana booddee ta’uun irra jiru sittan argisiisaa!” isa jedhu irratti xiyyeeffate. Mul.4:1

Mul’atni boqonnaa 4-5 qorannaa wal’aansoo guddichaa ballinaan nuuf kenna. Hamma kanatti, akka Mul.12, Mul.4-5 keessatti wanti ta’u, tajaajila Yesus lafa gubbaa irraa jalqabuudhaan, oduu seenaa fayyinaa nutti argisiisa. Utuu wanti fuula duraa hin mul’atin, garuu, milluu tajaajila Kristos isa Qaraaniyoon ergaa darbee samiitti jalqabetu nuuf kenname. Akka kanatti boqonnaan 4 fi 5, hiikkaa jireenya fuula duraa warra kutaa macaafa kanaa bakka biraatti kennaman, gama samiitiin maal jechuu akka ta’an nutti hima.

Ergaan waldoota torbanii kallattii dhaan afaan hubatamuun kan kenname ta’uu isaa kana booda garuu kitaabichi fakkeenyaan / symbolic/ innis salphaatti waan hin hubatamne ta’uu hubachuun in danda’ama. Afaanni/ the language/ kun kan kakuu moofaa keessatti barreeffame seenaa saba Waaqayyoo keessaa kan fudhatameedha. Hiikkaan Mul’ataa sirriin akka kakuu moofaa keessatti barreeffa-

mee jirutti hubannaa hiikkaa fakkeenyoota kanaa beekuu barbaada. Barumsa Torban kanaa dubbisiitii Sanbata isa Amaj.26f qophaa'ii.

## Jalqaba Torbanii

Amaj.20

### Kutaa Teessoo isa Samii keessaatti

Mul.4:1 irraa jalqabuudhaan, bara isaatii jalqabee hamma dhufaatii Kristos isa lammaffaatti waan seenaa jiru ballinaan itti argisiisuuf Yesus Yohaannisiin afeere.

***Mul.4:1-8 His.1:26-28 walbira qabii dubbisi. Ifa Mul.5:11-14tiin waa'ee ulfinaa teessoo mana samii maal barachuu dandeenya?***

---

Ergamichi balbala banamaa keessaan mana qulqullummaa samii keessatti Teessoo Waaqayyoo arge. Teessoon Waaqayyoo sun aangoo bulchiinsa Waaqayyoo isa inni uumama hundumaa irratti qabu kan fakkaatu yommuu ta'u sabbati Waaqayyoo inni naannoo teessoo sana jiru amanamummaa Waaqayyoo saba isaaf qabu argisiisa. Seexanniif diinummaa fi saamicha isaatiin aangoo Waaqayyoo morme. Wallaansoo guddicha Waaqayyoo fi Seexana gidduu jiru keessatti dhimmi Giddu-galeessaa gaaffii mirga bulchuuti. Kaayyoon wal ga'ii teessoo samii durattiis yeroo bara baraatiif Waaqayyoo guutummaa waaqaa fi lafaa bulchuu akka danda'u mirkaneessuu dha.

**Mul.4:8-11 fi 5:9-14 dubbisi. Heertuu kana keessatti waa'ee waaqeffannaa maal barachuu dandeenya? Boqonnaa afur keessatti akka Waaqayyoo waaqeffatamu kan godhu maaliidha? Mul.5:9-14 keessatti hoolichi akka waaqeffatamu kan taasisu maaliidha.**

Mul'ati 4 mana qulqullummaa samii keessatti waa'ee teessoo akkasumas waaqeffannaa utuu addaan hin citin achitti taasifamu ibsa walii galaa kenna. Waaqeffannaan inni boqonnaa 4 keessaa humna uumuu isaaf yommuu galateeffatu, boqonnaan 5ffaan immoo fayyina hoolichaan argameef isa jajata. Kunis kan argisiisu waaqeffannaa dhugaan hunduu isa guddaa hojii uumuu fi furuu/fayyisuu/Waaqayyoo walitti himanii sanaafis galateeffachuu dha. Waaqayyoo inni jalqaba irratti biyya lafaa uume ammas waan nan godha jedhee abdachiise sana gochuuf, humnaa fi aangoo akka isheen qabdi turtetti deebisee saba isaatiif mana bara baraa gochuus qaba.

Waan wangeelli barsiisu yaadi: nuyii fi dachee nuyi irra jiraannu qofaa utuu hintaane guutummaa waaqaa fi lafaa inni uume Waaqayyoo, hoolichuma isa nuuf qalame sanaadha (Mul.5:12). Biyya lafaa rakkinnaa fi jeequmsaan guutte kana keessatti kun abdii dinqisiisaa akkamiiti?

Wiixata

Amaj.21

### Wal-ga'ii kutaa Teessoo Samiitti

Ibsi maanguddoota Mul. 4:4 isaan ergamoota akka hin ta'in kan argisiisuudha. Maqaan kabajaa "maanguddoota" jedhu, macaafa qulqulluu keessatti, sanyii namaaf jecha dhimma ba'amuudha. Gama biraatiin ergamoonni warri yeroo hundumaa naannoo Waaqayyoo yommuu dhaabatan maanguddoonni kun teessoo isaaniirra in taa'u. Uffati adiin isaan uffatan sun uffata addaa /uffata ulfinaa/ warri Waaqayyoof amanaman uffataniidha (Mul.3:4,5). Gonfoon mo'ichaa afaan Griikiin Stephanoi jedhamu mataatti kan godhatan qulqullootuma sana qofaaf addumaan kan kaa'ameedha (Yaq.1:12). Wanti hundumtuu maanguddoonni 24 sun ulfinatti kan guddatan maanguddoota qulqulloota ta'uu argisiisa.

Lakkobsi 24 fakkeenya. Garee 12,12 lama isa macaafa qulqulluu keessatti akka saba Waaqayyootti fudhatamu of keessaa qaba. Maanguddoonni 24 guutummaa saba Waaqayyoo kakuu moofaa



fi kakuu haaraa keessaa bakka bu'uu kan danda'anii dha. Lakkoobsi 24 ammas kallattiidhumaan luboota 24 warra dabareedhaan mana qulqullummaa lafaa tajaajilaa turanitti fakkaachuu danda'a (1Sen.24:1-19).

Dhugaan maanguddoonni 24 kun kana dura macaafa qulqulluu keessatti hin waamamin isaan teessoo samii keessatti haaraa/keessummaa/ akka ta'an argisiisa. Utuu haalli sun hin ta'in duraa ree-fuu kan achitti argaman ta'uu danda'u. Tarii isaan kun warra gaafa Yesus du'e du'aa kaafaman ta'uu ni malu (Mat.27:51-53). Akka Efe.5:8 jedhutti, yeroo Yesus samiitti ol ba'e, warra booji'aman / diina harkaa bafaman/ ofi duukaa fudhateera.

Maanguddoonni 24 akka bakka buutota namaatti, raawwii karoora fayyinaa keessatti gochaan Waaqayyoo qajeelaa ta'uu isaa dhugaa-ba'uuf, Yesusii wajjin samiitti ol baafamniiru. Mul.4 keessatti gara bakka Teessoo samiitti, du'a mo'icha isaa isa fannoo irrattii booda Yesusiin simachuu fi erga ol ba'ees bakka isaa isa samii irratti mo'achuu isaa dhugaa ba'uuf fudhatamanii keessumsiiifamaniiru.

**Mul.4:6-8ttiis wantoota lubbuu qaban afur maqaa dha'a. Wantoota lubbuu qaban arfan warra His.1:5-14 fi His.10:20-22 jirani wajjin wal bira qabi. Suraafel isa Isa.6:2-3 keessa jiru wal bira qabi ilaali.**

---

Uumamni lubbuu qaban arfan ergamoota warra naannoo teessoo Waaqayyoo eegan (Far.99:1) ti. Koochoon isaanii ergama Waaqayyoo isaanitti kenne raawwachuuf ariitii kan argisiisuu dha. Ijoonni isaanii dandeettii beekumsa bira ga'uu isaanii mul'isa. Akka Leencaa, akka jabbii, akka namaa fi akka joobiraatti itti mul'achuun isaanii akka bakka buutuu guutummaa uumamaatti ilaalamuu danda'a. Achitti argamuu isaaniitiin, guutummaan uumama waaqaa fi lafaa teessoo isaa duratti argamuutti ilaalama.

**Waraqaa maramaa Samsamame/cufame/**

***Mul.5:1 dubbisi. Akka ifa Isa.29:11-12 irraa argamuutti, maaliidha hiikkaa macaafa maramaa mallattoon cufamee?***

Macaafni inni afaan Griikiin barreeffame macaafni maramaan kun teessoo Waaqayyoo karaa harka mirgaa Waaqa abbaa jiraachuu isaa argisiisa. Nama achii isa kaasee teessicha sana irra taa'uu danda'u eegaa ture.

Jecha Ellen G.White keessatti, caaffanni maramaan sun “seenaa geggeessuu Waaqayyo, seenaa raajiin geggeeffamuu sabaa fi waldaa Waaqayyoo” of keessaa qaba ture. Barreeffama kana keessatti, wanti waaqayyo dubbate, aangoon isaa, abboommiin kurnan, seerri isaa, gorsi inni fakkeenyaan laatee warri barabaraa, seenaan bulchiinsa saba isaa hundinuu” achi keessa ture. Jechoonni fakkeenyaan dubbataman, dhiibbaa sabni, afaanii fi qomoon hundaa godhe, bara uumamaatii ka'ee hamma xumura seenaatti lafaatti wanti ta'e isa keessa ture.” EGW, 9MR, Fuula 7

Gabaabaadhumatti, caaffanni maraamaan cufame sun dhoksaa Waaqayyoo karoora fayyinaa, rakkoo cubbuu furee sanyii namaa fayyisuu keessatti qabaate of keessatti qaba. Guutummaatti beekun iccita kanaa dhufaatii Kristos isa lammataa booda kan ta'u ta'a. Mul.10:7

**Mul.5:2-7 dubbisi. Macaafa cufame sana fuudhee banuu kan danda'u guutummaa lafaa keessaa Kristos qofa ta'uun maaliifii dha?**

Rakkoon bakka teessoo Sanaa fincila Seexanaa wajjin kan wal qabatuudha. Planeetiin/ lafti/kun, Waaqayyoon uumamtu iyyuu, aangoo isa saamtuu, Seexana jala kan galtee turtee dha. Boo'ichi Yo-haanis bara Addaamii qabee garbummaa cubbuu irraa fayyuuf kan bu'e imimmaan saba Waaqaa ibsa. Macaafni maraamaan cufamaan sun karoora Waaqayyo rakkoo cubbuuf qopheesse hundaa of keessatti qabata. Garuu fayyinni namootaa waan adda ta'e tokkos barbaadeera. Yesus isa 'mo'uu' isaatiin macaaficha banuu danda'ee, kanas gochuudhaan gooftummaa isaa lafa irraa beeksisuun waaqa gubbaatti araarisituu nuuf ta'e sana barbaachise.

**Akkamittiin jireenya Kristaanummaa keenyaa keessatti Yesusiin hundumaa irra durfannee, hunduma irras caalchifachuu dndeentya?**

**Roobi**

**Amaj.23**

### **Hoolicha Moosisuu**

**Mul.5:8-14; Efe.1:20-23 fi Ibr.10:12 wajjin wal bira qabii dubbisi. Kana biratti biyya lafaa abdiis, jajjabinas muraasa nuuf laatu keessatti, waan abdii fi jajjabina nuuf kennu maal arganna?**

---

Kristos akka hoolaa teessoo Waaqayyootti dhi'aateetti, caaffaticha in fuudhe. Kana gochuu isaatiin, aangoo fi gooftummaan hundinuu in kennameef (Efe.1:20-22). Yeroo sana, guutummaan waaqaa fi lafaa Kristos biyya lafaas mo'uun akka ta'uuf in dubbatan. Wanti Addaam nu dhabsiise karaa Kristos deebi'ee argatame.

Kristos barreeffamicha fuudhuu wajjin, carraan dhala namaa hundumtuu harka isaa keessa gale. Uumamni lubbuu qaban arfanii fi maanguddoonni digdamii arfan sun fuula isaa duratti akkuma Mul.5:9 keessatti godhan, qoomma'anii isaaf sagadan."Isaan faar-

fannaa haaraa yommuu faarfatan, “Ati macaaficha fudhachuudhaaf, mallattoo isaas banuudhaaf kan maltee dha; ati ofii keetii qalamtee, gosa hundumaa keessaa, afaan hundumaa keessaa, nama hundumaa keessaa, saba hundumaa keessaas, namoota dhiiga keetiin Waaqayyooof bitte.” Mul.5:9. Kana gochuudhaan ergamoonni kabajamooniif warra lafa irraa bitaman kan bakka bu’an gama namaa ta’uudhaan aarsaa kristos bakka namaa of dhi’eesse sana mirkaneessan. Dhiiga isaatiin gatii cubbuu namootaa kaffalee abdiif fayyinaa isaaniif kennee waan fuula duratti yaaduu qofa dandeenyu (waan itti fakkeessinu kan hin qabne) nuuf kenne.

Uumamni lubbuu qaban sun arfanii fi maanguddoonni 24n achii boodaa lakkobsi isaaniin kan hin beekamne tuuta ergamoota samiitti dabalamanii, naannoo teessoo Waaqaa ta’uudhaan mooticha haaraa moosifameef garagalchan. “Isaan sagalee guddaadhaan, “Hoolichi inni qalame aangoo, badhaadhummaa, ogummaa, humna, ulfina, guddina, hooqubaa fudhachuuf kan malee dha” jedhan.” Mul.5:12 Bakka kanattiidha kan uumamni waaqaa fi lafaa galata Waaqa abbaa fi Kristosiif dhi’eessaa walitti dhufan. “Wanti waaqa irratti, lafa irratti, lafa jalatti, galaana keessatti uumamee, isaan keessa jirus hundinuu, “Hooqubaan, ulfinni, guddinni, aangoon, isa teessoo irra taa’ee jiru sanaaf, hoolichaafis baraa hamma bara baraatii haa ta’u!” jechuu isaaniin, nan dhaga’e” Mul.5:13. Galati Isaaniin ameenii uumama lubbuu qaban arfanii fi qoomma’uu maanguddota 24tiin walitti bu’a. Sagalee ilillee guddaatiin teessoon samii guuteetu xumuratti fidama ture.

Beekaan Fiiziksii tokko, guutummaan waaqaa fi lafaa /universe/ dhuma irratti yookiin hin gubatti, yookiimmoo walitti dachaa ti, yookiimmoo gargar diigamti jedhee tilmaame. Dubbii waaqayyoo keessatti faallaa kanaa kan ta’e abdiif maaliitu duuka buutuu

*Waaqaa eeggata, Akkamitti ammuma iyyuu jalqabuu dandeenya? Ammumaa qabnee akkamitti abdi nuuf kennametti gammaduu dandeenya?*

**Kamisa**

**Amaj.24**

### **Barbaachisummaa Guyyaa Phenxeqostee**

Mul'ati 5 seenaa karoora fayyinaa keessatti waan baay'ee murteessaa ta'e tokko in dubbata: innis tajaajila Kristos qaraaniyoo boodaa isa inni akka mootii fi akka angafa lubaatti mana qulqullummaa samiitti hojjetu beeksisuu/jalqabsiisuu dha. Teessoo mirga abbaa isaa isa mana murtii samii sana qabachuudhaan (Ibr.12:2, Mul.3:21) Kristos karoora fayyinaa keessatti waan inni barbaachisuuf isa dhumaaf /ultimate realization/ hojjechuu in danda'a. Inni mana qulqullummaa samii keessatti nuufis araarsituudha. Karaa isaas warri kufan sanyiin namootaa gara Waaqayyotti dhi'aachuudhaan cubbuu isaaniif dhiifama argachuu in danda'u.

**Hos.2:3-36; Yoh.7:39 bira qabii dubbisi. Bu'uu hafuura qulqulluutiif Kristosiin samii irratti olol qabuun maaliif barbaachise? Utuu Yesus kabajaan ol hin qabamin /glorified/ hafuurri qulqulluun ergamoota irratti maaliif bu'uu hin dandeenye?**

---

Yesus mana qulqullummaa samiitti moosifamuun/kabajamuun/hafuurri qulqulluun bartoota irratti bu'uudhaan hordofame/itti fufame/. Mul.5:6 ergamuu hafuurota torbanii dubbata. "Isaan torban kun hafuurota Waaqayyoof hojjechuudhaaf guutummaa biyya lafaatti ergamanii dha." Hafuurronni torban guutummaa hojii Waaqayyoo biyya lafaa keessattii kan argisiisaniidha. Duruma iyyuu hafuurri qulqulluun teessicha dura ture yommuu ta'u, yeroo moosifamuu Kristos gara lafaatti ergame (Mul.1:4, 4:5). Ergamuun ha-

fuura qulqulluu kun tajaajila Yesus isa Qaraaniyoo booda ta'e sana beeksisuu (inauguration) wajjin hidhata qaba. Kana jechuun Yesus abbaa isaa duratti akka argamee fi aarsaan inni bakka namaa ta'ee ofii isaa dhi'eesse fudhatama akka argate kan argisiisuudha.

“Kristos gara abbaa isaatti ol ba'uun mallattoo duuka buutonni isaa waan inni isaaniin abdachiise argachuu ti...yeroo Kristos balbalota dallaa samii sana gidduu darbe, yommus kabajaa fi jaalala erga mootaatti moosifameera. Akkuma sirni kun raawwateen, hafuurri qulqulluun guutummaadhaan bartoota irratti bu'ee, Kristosis kabajamee, ulfina abbaa isaa wajjin bara duriitii qabee qaba tureen kabajame. Bu'uun hafuura Phenxeqostee isa samiin moosifamuun fayyisaa biyya lafaa beeksifamuun raawwatameera jedhee biyya lafaatti dubbatameedha. Akkuma abdi kenneetti, duuka buutuu isaaf, akka mallattoo mootii fi lubummaatti, aangoo waaqaa fi lafaa fudhachuu fi guutummaa saba isaa irratti dibamuu isaa beeksisuuf hafuura qulqulluu erge.” EGW, AA fuula 38, 39.

**Ibr.4:16 fi 8:1 dubbisi. Akka mootii fi akka lubaatti Teessoo samii irra taa'uu kristos irraa abdiif jajjabina argattaa? Jireenya kee keesatti waan biyya lafaatti si mudatan irratti hojjechuu fi waa'ee waan gara fuula duraa mirkaneeffachuu dadhabuu kee irratti dhiibbaa maalii uuma?**

Jimaata

Amaj.25

*Yaada dabalataa:* “to my father and your father” DA fuula 829-835 dubbisi. AA 47-56 mata duree “the gift of Spirit” jedhu dubbisi.

Ergaan Mul.4-5 addumaan saba Waaqayyoo warra bara dhumaa irra jiraataniif barbaachisaa dha. Dhufaatiin hafuura qulqulluu guyyaa Phenxeqostee jalqabii lallaba wangeelaa ture; giddu-galeessi ergichaa Yesus isa teessoo waaqaa duratti akka mootii fi lubaatti ol qabame Sanaa dha. Kun wiirtuu amantii namoota lafa gubbaa ji-

raaniiti (Ibr.8:1) akkasumas lallabaaf dhagaa goleedha (HoE.7:55-56; Rom.8:34). Firii isaa namoonni baay'een lallaba isaanii in dhaga'an; yeroo Sanaa eegalee, akkasumas tajaajila hafuura qulqulluu keessatti argamuu Yesusiin mootummaan waaqaa of beeksisee isumaan itti fufe.

Oduun fayyinaa inni kan kristos nama biraa gahee garaa namaa jijjiiruu kan danda'u namoota gara wangeela barabaraatti geessee Waaqayyoon sodaachuu kan barsiisu, ulfina kennuufii, isaaf sagaduu (Mul.14:7) oduu gaarii ta'uu isaa irraanfachuu hin qabnu.

Kanaafuu, barbaachisuummaa wangeela kana garaa keenya keessa kaa'achuu fi ergaa bara dhumaa biyya lafaa badaa jiranitti lallabuu kottaa irraanfachuu dhiifnaa. Kan nuyi lallabnu keessaa kan akka fannoo fi barsiisa waa'ee isaa waa'ee Waaqayyoo nu barsiisu hin jiru.

### **Gaaffilee maree**

**1.Gaaf tokko samii keessa taanee gaarummaa, humna, adduumaan ayyaana isaatiif Waaqayyoon galateeffachuu fi isaaf sagaduu in dandeenya. Karaan nuyi ammuma irraa eegallee waan guyyaa guddaa ta'u sana shaakkallu maal fa'i? Akkas jechuun, akkamittiin yaada galataan guuteen waan inni nuuf godhe, nuuf gochuuf jiruufis galateeffannee isaaf sagadnu akkamittiin?**

**2.Mul.4:11 fi 5:9 dubbisi. Gaheen Yesuus asitti raawwachaa jiru lama maal fa'i? Karoora fayyummaa qofaafuu utuu hin taane wanti biraan Kristos Waaqeffamuu qabuuf maali? Sanbatii fi wanti sanbatni barsiisu, dhugoota gurguddoo waa'ee waaqayyoo kana lamaan (uumamuu fi furamuu) ibsu?**

## Mallattoo Torban

Sanbata waaree booda

Barumsa torban kanaaf dubbifadhu: Mul.6:1-17, Lew 26:21-26.

His 4:16, Bau 32:43,2Tas 1:7-10

**Heertuu Yaadannoo:** “Isaan faarfannaa haaraa yommuu faarfatan, “Ati macaaficha fudhachuudhaaf, mallattoo isaas banuudhaaf kan maltee dha; ati ofii keetii qalamtee, gosa hundumaa keessaa, afaan hundumaa keessaa, nama hundumaa keessaa, saba hundumaa keessaas, namoota dhiiga keetiin Waaqayyooof bitte. Waaqayyo keenyaaf mootummaadhaaf luboota isaas akka ta’an isaan godhatte, isaanis lafa irratti mo’uuf jiru” jedhan.” (Mul 5:9-10)

**M**ul’ata 6 keessatti haluma boqonnaa 4-5 sanatu itti fufa; innis Kristos isa Macaafa maramaa samsamaa/cufaa/ sana fudhachuudhaan waan karaa Addaam fudhatame nuuf deebise Sanaa dha. Amma inni mallattoo caaffata dhokataa sana irra jiru banuu fi karoorra fayyinaa bakka isaa dhumaatti fiduuf yaada ture.

Guyyaan Phenxeqosteen kan Kristos ittiin mootummaa isaa balise, jalqaba tatamsa’ina wangeelaa ta’e. Kanaaf iyyuu, banamuu mallattoo macaafa cufaa ture Sanaa dhimma lallabbii wangeelaa isa guyyaa Phenxeqostee jalqabame fi didamuu isaa kan ilaallatuudha. Banamuun mallattoolee torbaffaa fi isa dhumaa gara xumura seenaa lafaatti kan nu geessuu dha.

Mul.3:21 hiikkaa mallattoo torbanii nuuf kenna. “Ani ofii kootii mo’ee abbaa koo wajjin teessoo isaa irra akkuman taa’e, inni mo’u anaa wajjin teessoo koo irra akka taa’uuf aboo nan kennaaf.”

Mul.3:21. Boqonnaan 4 fi 5 mo’achuu Kristosii fi sababa aarsaa Qaraaniyoo irraatti kaffalee fi angafa lubaa keenya mana waaqaa



ta'ee mallattichas banuu danda'eef, (worthiness as result of His sacrifice on the Calvary to be our heavenly high priest and to open the scroll) inni teessoo abbaa isaa irra taa'uu danda'uu nutti hima. Boqonnaan 7 immoo waa'ee warra mo'anii teessoo Kristos dura jiraanii dubbata. Kanaafuu, boqonnaan 6 adeemsa mo'achuu keessa kan jiran teessoo Kristos irra iyyuu taa'uu akka danda'an kan dubbatuu dha.

Barumsa Torban kanaa dubbisiitii Sanbata isa Gur.2f qophaa'i.

### Jalqaba Torbanii

Amaj.27

### Banamuu Mallattoo Tokkoffaa

Mul.6:1-8 Lew.26:21-26 fi Mat.24:1-14 wajjin wal bira qabii dubbisi. Heertuu kana keessatti jechi isaan waliin qaban maal akka ta'e yaadaan qabi. Waa'ee hiikkaa mallattoolee warra jalqabaa arfan wal bira qabuu kanaan maal baratte?

---

Ta'iinsi mallattoolee torbanii gama abaarsa kakuu warra kakuu moofaa keessan hubatamuu qabu; addumaan immoo, billaa, beelaa, golfaa fi bineensa bosonaa (Lew 26:21-26). Hiqi'el immoo "firdii koo isa hamaa arfan jedha" His.14:21. Isaan kun firdii adabbii isa Waaqayyo ittiin namoota garaa haala amantiitti isaaniin dammaqsuu fi yeroo isaan kakuu isaaf amanamoo ta'uu didan ittiin adabuu turan. Haaluma wal fakkaatuun, abbootiin fardeenii arfanis karaa ittiin Waaqayyo yommuu isaan dhufa isaa lammaffaa eeggachaa jiran ittiin dadamaqsuu dha.

Mallattoolee arfan warra duraa fi Mat.12:4-14 bakka Yesus maaltu biyya lafaatti akka dhufuuf jiru ibse sana gidduu walitti dhi'eenya cimaatu jira. Namoonni abbotii fardeenii ta'an sana arfan karaa Waaqayyo namoonni isaa karaa irra akka turan ittiin godhu, innis biyyi lafaa akka ammaatti akka jirtutti mana isaanii bara baraa akka hin taane ittiin yaadachiisuuf dhimma ba'uudha.

Fakkeenyi Mul. 6:2s waa'ee warra mo'aniiti. Innimmoo Mul.19:11-16 kan jiru yaada namaatti fida, innis akka Kristos farda adii irra taa'ee loltoota samii lola isaa seenaa lafaa xumuratti fiduutti geesuutti dubbata. Akka mallattoo qulqullinaatti, bifi adiin Yesusii fi duuka buutota isaaf dhimma ba'ama. Kan farda sana dha'achii-su xiyya of haraakaa qaba; gonfoonis in kennameef. Inni kunis fakkeenya isa kakuu moofaa keessatti namni xiyya harkatti qabatee farda irra taa'u isa diina saba isaa mo'atuutti beekamuu dha. (An.3:8-13, Far.45:4,5). Jechi Griiki gonfoo loltoon kaa'au Isephanos jedhee waama, gonfoo mo'ichaa jechuu dha (Mul.2:10, 3:11). Dha'ichiisaan fardaa inni kun mo'ataa waan ta'eef fula duraatti gara mo'ichaatti mo'ichaaf adeema.

Haalli mallattoo isa duraa baballina wangeelaa ibsa; innis humnaan guyyaa shantammaffaa kan jalqabe kan Kristosii mootummaa isaa ittiin baballiseedha. Yommusis, ammayyu, hamma guyyaa dhumaa bu'aan wali gala ulfina mul'achuu gooftaan beekamutti, daangaa fi saba baay'ee duuka buutuu isaa akka ta'aniif Kristosiif mo'atamuu qabantu jiru.

Jecha sagalee raajjiitiin, haalli mallattoo jalqabaa, ergaa waldaa Efesonii wajjin wal faana adeema; Bara ergamootaa yeroo wangeelli ariitiidhaan guutummaa biyyaatti baayyate kan ibsuudha. Qol.1:23.

**Haalli keenya kan fedhe ta'ullee yeroo hundumaa Gama Kristosiin warra mo'aa jiran taa'uu keenya yaadachuun, yeroo hundumaa yaadachuun kan nurra jiruuf maaliif?**

Wiixata

Amaj.28

### Mallattoo Lammaffaa fi Sadaffaa

Mul.6:3-4 dubbisi. Bu'uura ibsa fardaa diimaa kanaa fi isa fardicha irra taa'uu kana irratti, wanta dubbatame keessaa dhimmi wangeela ilaallatu maalii dha?

Diimaan bifa dhiigaa ti. Kan fardicha irra taa'us billaa guddaa kan of harkaa qabuu fi nagaa lafa irraa balleessuun kan kennameef ture, namootas walitti naqee wal ajjeesisuun kan kennamef ture.

Mallattoon inni lammaffaan wangeela diduun waan inni namatti fidu kan ilaallatuudha. Yesus karaa lallabamuu wangeelaa nageenya hafuuraa kennaa yommuu jiru humni hafuura hamaa immoo mormii guddaa itti fida. Duuka buutotaaf ari'atamuun waan hin oolle ture. Inni fardicha irra taa'u ajjeechaa sana ofii hin raawwatu. Inni nagaa lafa gubbaa dhaa dhabamsiisa malee, yeroo kun ta'u ari'atamuun itti fufuun waan hin oollee dha (Mat.10:34).

**Mul.6:5-6; Lew.26:26 fi His.4:16 wajjin wal bira qabii dubbisi. Haala ibsa farada gurraachaa fi isa fardicha irra taa'ee jiruutiin, dhugaan wangeela lallabuu keessatti hidhata qabu dubbatamaa jiru maaliidha?**

---

Inni farda guaracha irra taa'u waan ittiin nyaata safaru madaallii of harkaa qaba ture. Labsiin bahee, "Yommuus ani wanta sagalee fakkaatu, isa uumama lubbuu qaban arfan gidduudhaa, "Qamadii safartuu xinnoo tokko gatii dadhabbii guyyaa tokkoo, garbuu safartuu xinnoo sadiis gatii dadhabbii guyyaa tokkoo godhi! Ejersaa fi muka waynii garuu hin miidhin!" jedhu nan dhaga'e." Mul.6:6. Biyya lafaa keessaatti minaan callaan, zayitii, wayiniin jireenyaaf barbaachisoo dha. Bau.11:14. Daabboo miijanaan safaranii qusatanii nyaachuun mallattoo hanqina, /beela/ guddaa ti. Lew.26:26, His.4:16. Haala sirrii ta'e keessatti bara sana wanti namni tokko guyyaatti argatu waan isaaf maatii isaa ga'u ture. Garuu, beelli, gatiin minaanii akka dabalamu taasisa. Haala mallattoo sadaffaa jalatti, nyaata namumma tokko ga'u bituuf hojii nama tokkoo guyyaa guutuu gaafate. Maatii xinnoo tokko nyaachisuuf nyaata rakasa bitama jedhamu kan hiyyessonni nyaatan garbuu akka kiloo sadii miindaa guyyaatiin bitu.

Mallattoon inni sadaffaan wangeela diduudhaan waan namatti dhufu fakkaata. Fardi inni adiin wangeela lallabuutti yoo fakkeeffamu, fardi guraachi immoo dhabamuu wangeelaa argisiisa. Miinaan callaan macaafa keessatti sagalee Waaqayyooitti fakkeeffama (Luq.8:11). Akkuma Amos. 8:11-13 barreeffamee jiru, Wangeela didnaan beelli dubbii Waaqayyoo waan hin oollee dha.

## Kibxata

## Amaj.29

### Haala Mallattoo Arfaffaa

**Mul. 6:7-8 dubbisi. Asitti taatee akamiitu mul'ata? Taateen kun isa darbee wajjin akkamitti walitti dhi'aata?**

---

Bifti/haalluun/ farda isa arfaffaa jecha Griiki isa Chloros/ Kloros/ bifa daaraa/baalqajjii (hiikkaa durii: daalacha), bifa reeffa tortoruu/ raamma'uu jalqabeeti. Maqaan isa fardicha irra taa'uu du'a jedhama, kanaafuu, Si'ool iddoo warra du'aniiti. Lamaanuu namoota biyya lafaa harka afur keessaa tokko, billaadhaan, beelaan, bineensa caakkaatiin, ajjeessanii fixuun kennameeraaf.

Oduu gaariin garuu, humni du'aa fi gahannam daangeffamoo ta'uudha. Aangoon lafa irratti isaaniif kenname (harka arfaffaa)1/4 , lafaa qofaadha. Yesus immoo du'aa fi gahannam irratti bantuu akka qabu nuuf mirkaneesseera (Mul.1:18).

**Qabiyyee ergaa waldaa Efesoon, Sardiis, Phergaamon, Simirinaa fi Tiyaatiraa Mul.2 keessaa al tokko irra deebi'i. Achii booda haala waldoota sanaa taateewwan banamuu mallattoolee arfan jalqabaa wajjin wal bira qabi. Gidduu isaaniitti wal fakkeenya akkamii hubatta?**

---

Taateen mallattoolee torbanii amala waldooti fuula duratti qabaatan kan mul'isu ture. Akkuma waldoota torbanii, mallattooleen torbanis haalota waldaa bara garaagaraa keessatti ta'uu wajjin wal bira

adeema. Bara ergamootaa wangeelli ariitiidhaan guutummaa lafaa keessatti tatamsa'e. kun immoo ari'annaa mootummaa Roomaan ta'uun itti fufe. Kunis immoo akkuma taatee mallattoo lammaffaa keessatti mul'ate, dhuma jaarraa tokkoffaatii qabee hamma jalqaba jaarraa arfaffaatti kan ta'ee dha. Mallattoon sadaffaan wangeela mareetti dhi'eessuu isa akka beela buddeen macaafa qulqulluutti lakkaa'amu isa gara "baroota dukkanaatti/dark ages/"geese isa jaarraa arfaffaa fi shanaffaa keessa ta'e kan ilaallatuudha. Mallattoon arfaffaan sirriidhumatti du'a amantii kristaanummaa isa bara dukkanaa sana keessa ta'e kan ibsuu dha.

**Mul. 6:6 kan argisiisu "dhadhaa ejersaa fi Wayiniin" dha'icha mallattoo sadaffaatiin akka hin miidhamin dubbata. Dhadhaan ejersaa Hafuura qulqulluutti fakkeeffama, wayiniin immoo fayyina Yesus keessaan argamu argisiisu. Isaan kun waa'ee dhugaa isa, yeroo dubbiiin Waaqayyoo illee dhibu hafuurri qulqulluun hojii irra jiraachuu fi warra barbaadaniif fayyinni kan argamu ta'uu maal nu barsiisa?**

**Roobi**

**Amaj.30**

### **Banamuu Mallattoo Shan0affaa**

Mul. 6:9-10 dubbisi. Asitti maaltu ta'aa jira? \_\_\_\_\_

Macaafa qulqulluu keessatti jechi lubbuu jedhu guutummaa nama tokkoo (Uma. 2:7) argisiisa. Duuti warra amanamoo fi warra ari'atamanii akka dhiiga isa siree aarsaa/ciincaa/ jalatti dhangalaafamuu isa mana qulqullummaa duriitti hubatama (Bau 19:12, Lew.4:7). Sabni Waaqayyoo wangeelaaf amanamoo ta'uu isaanii irraan kan ka'e hacuuccaa fi du'aan miidhamaniiru. Waaqayyo as ba'ee akka dhugaa isaanii baasuuf itti boo'aa jiru. Heertuun kun waa'ee miidhaa/hojii jal'inaa/ lafa kana gubbaatti ta'uu kan dubbatuu dha, waa'ee haala warri du'an keessa jiranii homaa waan dubbatus hin qabu.

**Mul.6:11 Kes.32:43 fi Far.79:10 wajjin wal bira qabii dubbisi. Deebiin kadhata aarfamtootaa maal ture?**

Toloota du'a aarfamuu du'aniif tola Kristosiin kan argisiisu wayyaa adiitu kennameef, kunis gara dhugaa isaanii bakkeetti baasuu/ isaaniiif faraduu/tti kan geessu yommuu ta'u, innis kenna isaa is-anni warra kenna ayyaana isaa fudhataniif kennuu dha. Mul.3:5; 19:8. Kanaafuu kan isaanitti himame hamma namoonni amana- moon warri haala wal fakkaatu keessa darbuuf jiran obbollooni gama isaaniitiin xumura irra ga'anitti akka eegan ture. Kitaabni qulqulluun afaan Griikiin barreeffame Mul.6:11 irratti jecha lak- kobsa jedhu akka hin qabne beekuun barbaachisaa dha. Mul'ati guutummaa yookiin amalli isaanii mudaa kan hin qabne ta'uu dubbata malee, lakkobsa qulqulloota aarfamanii hamma Kristos dhufutti hamma kana baayyatu jedhee waa'ee lakkobsa isaanii hin dubbatu. Sabni Waaqayyo uffata tola Kristosiin guutuu ta'u malee tola mataa isaaniitiin miti (Mul. 7:9, 10). Qulqulluunni du'a aar- famuu du'an hamma dhufa Kristos isa lammaffaa fi jalqaba waggaa kumaa sanatti dhugaan isaanii akka isaaniif ba'uuf du'aa hin kaafa- man (Mul.20:4).

Taateen mallattoo shanaffaa seenaa bara giddu galeessaatti/middle ages/ yeroo namoonni Miliyoona hedduutti lakkaa'aman sababa amanamummaa isaaniif aarfaman sanaaf kan ta'u ta'ullee, seenaa hundumaa keessatti ari'atama bara Abeelii jalqabee (Uma.4:10) hamma yeroo Waaqayyo ijaa baasutti saba Waaqayyoo irra ga'us sammuu namaatti in fida "dhiiga garboota isaa" Mul.19:2

"Hamma yoomiitti yaa Gooftaa?" kan jedhu boo'icha saba Waaqa- yyoo warra dhugaadhaaf seenaa hundumaa keessatti ari'atamanii ture. Jireenya isaa keessatti haqa isaa dhabuudhaan kan waallaansoo hinargin eenyudha? Taatee mallattoo shanaffaa kana keessatti gaaf tokko haqa argachuun akka danda'amu jajjabina maalii argatta?

**Banamuu Mallattoo Ja'affaa**

Mallattoo shannaffaa keessatti sabni Waaqayyoo, biyya lafaa diinummaan guutte keessatti haqa isaanii dhabuun rakkachaa waan turaniif akka Waaqayyo gidduu seenuuuf boo'aa akka turan in argina. Kadhata saba isaa deebisuuf yeroon Waaqayyo gidduu seenu gaheera.

**Mul.6:12-14; Mat.24:29-30 2Tas.2:17-10 dubbisi. Asitti maaltu mul'achaa jira?**

---

Guutummaa addunyaatti beekamaa kan ta'e milkitoonni mallattoo ja'affaa isa Yesus Mat.24: 29-30 irratti dubbatee dha. Innis xumura dhiphina guddicha sanaatti (Mul.7:14) isa bara giddu-galeessaa sana akka yaadachiiftuu dhufa lammaffaatti ta'u Sanaadha. Biiftuun, ji'aa, urjoonni fi samiin asitti hubatamuu kan qaban akkuma amma beekamanittii dha. Fayyadamni akka (as or like) jedhan faakeenya dhugaa ta'an tokko waan ta'uuf jiru ittiin ibsuuf fakkeenyaaf, biiftuun akka maaqii gurraacha'uun, jiini akka dhiigaa diimachuun urjoonni akka baalaa lafatti gadi harca'uun samiin akka waraqaa tarsa'uu kan jedhanfaa waan beekamuun, waan ta'uuf jiru ibsuudhaaf kan dhimma ba'amanii dha. Kristaanonni Lixaa jiraatan kirkira lafaa Lisbon isa bara 1755, guyyaa dukkanaa Caamsaa 19, 1790 baha New Yorkitti fi kibba New Englaanditti ija namaa kan hawwate harca'uu urjootaa isa Onkololessa 13, 1833 ta'e argan sana akka raawwii sagalee raajii isa dhufa Kristosiin argisiisu kanaatti hubataniiru. Kunimmoo gara dadammaqina guddicha lammaaffaa jedhamee isa beekamuutti garaagaraatti geesseera. Mul.6:15-17 fi 19:11-21 wajjin wal bira qabii dubbisi. Isa.2:19, Hos.10:8, Luq.13:30s dubbisi. Taateen kun adeemsa jireenyaa nama hundumaa keesstti, soda dhufaatii Yesus jalaa dhokachuud-

haaf yaalii hin fakkaanne godhan kan argisiisuu dha. Yommuu tullootaa fi kattawwan akka irratti jiganiif in kadhatu “Tullootaa fi kattaawwanis waammatanii, “Nu irratti jigaa, fuula isa teessoo irra taa’uu duraa, dheekkamsa hoolichaa duraas nu dhoksa!” Mul.6:16. Akka Kristos dhufeen haqi faca’u dhi’oo dha. “Kunis guyyaa inni qulqulloota isaa keessatti ulfina argachuudhaaf warra isatti amanan hundumaa birattis dinqiitti ilaalamuudhaaf dhufu sanatti raawwatamuuf jira” 2Tas.1:10. Yeroon Dhuma Mul’ata 19:17-21 keessatti ibsameera.

Taateen kun gaaffii cimaa cubbamooni gaafataniin goolabame “Guyyaan guddaan inni itti isaan kun dheekkaman dhufeera; egaa eenyutu dura dhaabachuu danda’a ree?” jedhan.” Mul.6:17. Naho.1:6 fi Mil.3:2s dubbisi. Deebiin gaaffii Sanaa Mul.7:14 irratti kennameera. Warri guyyaa sana dhaabachuu danda’an kan mallaateeffaman saba Waaqayyoti.

**“Guyyaa dhufa isaa akkamittiin obsuu dandeenya?” Mil.3:2. Gaaffii kana akkamittiin deebifta? Gaaffii kanaa deebii macaafa qulqulluu maalii kennita? Deebii kee gaafa sanbataa kutaatti fidi.**

## Jimaata

## Gur.1

**Yaada dabalataa:** Ellen G. White “the World’s need” kan jedhu Testimony to the Ministers and Gospel workers kitaaba jedhu irraa fuula 457-460 dubbisi.

Mul’ati banamuu mallattoo torbanii fakkeenyaan eeggaannaa Waaqayyo saba isaa lafa irraaf godhu kan argisiisuu dha. Akka Kenneth A. Strand jedhutti “macaafa qulqulluu keessa Waaqayyo yeroo hundumaa saba isaaf eeggannaa akka godhu mirkaneeffannootu jira: Seenaa keessattuu inni isaaniin jiraachisuuf argameera, bara dhumaattis inni dhugaa isaanii in baasa, haala hin dubbatamneen jireenya barabaraa isaaniin badhaasuudhaan gatii isaanii in baasa. Macaafni Mul’ataa mata duree kana fuudhee bareecheetu ballisee kaa’a; akkasumas Macaafni mul’ataa wirtuu ergaa macaafaa kan



ta'e dhi'eessa malee karaa kamiinuu waan hiikkaa macaafaa kuta birootti kennamuun ala hin ta'u. Dhugumaan akkuma kitaabni mul'ataa kun hubachiisu, 'inni jiraataan sun', du'aa fi Si'oliin inni mo'ate, (1:18), warra isaaf amanaman duuka buutota isaa hin gatu waan ta'eef isaaf aarfaman iyyuu mo'ataniiru (12:11), 'gonfoo jireenyaatiin' isaaniin eegaa jira (2:10; 21:1-4; 22:4)." Kenneth A. Strand, "The Seven Heads: Do They 6 Represent Roman Emperors?" in Symposium on Revelation—Book 2, Daniel and Revelation Committee Series (Silver Spring, Md.: Biblical Research 9 Institute, 1992), vol. 7, p. 206.

## Gaaffilee maree

*1. Banamuu mallattoolee torbanii keessatti taatilee barbaachisoo akkamii argitee? Maaliifii dha, yoo wanti biraan tokko iyyuu dhibe wanti lafa gubbaa hammam gadhee ta'ullee Waaqayyo to'ataa waan hundumaa ta'uu isaatiin, dhuma irratti waan nu abdachiise hundumaa karaa Kristos nuuf guutuu danda'uu isaa akkamitti sitti mul'isa?*

*2. Hima kanatti aananii jiran irratti yaada kenni: Waldaan fayina namaatiif waan Waaqayyo lafa gubbaa kaa'eedha. Tajaajilaaf kurfoofta. Ergamni ishees wangeela biyya lafaan gahuudha." Ellen G. White, The Acts of the Apostles, 9. Waa'ee waldaa naannoo ofii keessa jirtuu yaadi ega. Namoota hundumaa biraan wangeela gahuuf hammam amanamoo ta'uu qabu?*

*3. Kutaa keessatti deebii gaaffii gaafa Kamisaa isa gara dhumaa irratti mar'adhaa. Guyyaa dhufa isaa eenyutu obsuu danda'a, maaliif obsuus danda'a? Waan deebiin kee gaafatu /maal jechuu akka ta'e/ guyyaa dhufaati isaa sanaaf qophaa'uuf jecha gama akkamitti akka jiraatamu halaan irratti maree godhaa.*

## Kan Mallatteeffaman Saba Waaqayyo

Barumsa Torban kanaaf dubbifadhu: 7; 2Phe 3:9–14; Kes.8:11–17; Mul.14:4, 5, 12; 17:5; Rom.3:19–24.

**Heertuu Yaadannoo:** : “Ani immoo, “Gooftaa ko, situ “beeka.” jedheen deebiseef. Inni immoo, “Isaan kun warra rakkina guddaa keessa ba’anii dhufanii dha; uffata isaanii dhiiga hoolichaatiin miicatanii addeeffataniiru” (Mul.7:14).

**E**rgaan banamuu mallattoolee Torbanii namni Kristositti nan amana jedhu amanamummaaf eebba, amanamuu dhaabuuf immoo abaarsa akka fudhatu kan argisiisuu dha.

Mallattooleen warri jalqabaa arfan saba isaa gara jabina hafuuraatti deebisee mo’atoo isaaniin gochuuf karaa akka adabbiitti Waaqayyo dhimma ba’uudha. Garuu karaa biraammoo biyya lafaa ishee wangeela jibbitu keessatti sabni Waaqayyoo cunqursaa fi haqa dhabuudhaan in miidhamu. Haa ta’u malee banamuun mallattoo isa shannaffaa Waaqayyo warra saba isaa miidhani irratti akka hojjetu kan argisiisuudha.

Boqonnaan Torba immoo mallattoolee ja’affaa fi torbaffaa irratti kan xiyyeeffatuudha. Mallattoon ja’affaan dhufaatii Kristos isa lammaffaatti nu fida. Mul’ati torba guyyaa Kristos dhufu warri dhaabatan kan mallatteeffaman ta’uu in dubbata.

Mul’ati 7 ammas namoota bara dhumaa dhufaatii duraa sanas addaan baasa. Amaloonni warra 144 000 inni biraan Mul.14:1–5 keessa jira. Malakata 6 fi 7 gidduu callisuun wayii in hubatama. (Mul.10:1–11:14). Yeroon haaragalffii kun yeroo taateen boqonnaa

7 kun ta'uu wajjin yeroo tokkicha ta'ee, gahee saba Waaqayyoo warra bara dhumaa jiraatanii ibsa.

*Barumsa torban kanaa qo'adhuutii Sanbata isa Gur. 9f qophaa'i.*

## Jalqaba Torbanii

**Gur.3**

### Qilleensicha Qabuu

**Mul.7:1-3; 2Phe.3:9-14 wajjin wal bira qabii Dubbisi. Yohaannis maal arga? Hamma yoomiitti kan ergamaan qilleensa kana qabu? Wanti fedhe ta'us mallatteeffamuun yoom dhaabata?**

---

Kakuu moofaa keessatti, qilleensi humna Waaqayyoo ittiin firdii isaa raawwatuudha (Erm. 23:19, 20). Kun karaa Dha'ichi torban bara dhumaa dhufaatii lammaffaa dura warra qalbii hin jijjiirratin irratti dhangalaafamu ibsamu isa biraati(Mul.16). Garuu, humni badiisaa kun, gidduu galuu Waaqaatiin hamma warri kan Waaqayyoo ta'an mallattoon itti godhamutti dhorkamee tura.

Bara duriitti, hiikkaan mallatteeffamuu kanaa inni duraa, abbaa qabeenyummaa/kan Waaqayyoo ta'uu/ dha. Hiikkaan dibamuu kakuu haaraa keessatti “Gooftichi warra kan isaatii in beeka” (2 Xim.2:19). Waaqayyoo Saba isaa waan beekuuf Hafuura qulluudhaan isaan in mallatteessa. (Efe. 1:13,14;4:30). Bara dhummaatti, mallattoon adda irratti ta'u warra gama Waaqayyootiin ta'uu jaallataniif ta'a. (Mul.14:1). Mallattoon Waaqayyoo mallat-toodhuma ijatti nama irraa mul'atu miti, Ellen G. White akkas jetti, mallattoo Waaqayyoo jechuun “akka hin sochooneef beekumsattis hafuuratti dhugaatti qabamanii jraachuudha” Ellen G. White, Last Day Events, fuula. 220. Warri beekaa itti yaadaniig gara bineensichaa goran mallatodhuma bineensichaa fudhatu (Mul.13:16,17).

Amanamummaan saba Waaqayyoo warra mallatteeffamee dhaloota hundumaa keessatti ilaalameera. Garuu, qormaati amanamummaa yeroo dhiphina bara dhumaa waa'ee abboomii Waaqayyoo

eeguu ti. (Mul.12:17, 14:12). Addumaan immoo, abboommiin inni arfaffaan Waaqayyoo abboomamuu fi abboomamuu dhiisuun kan ittiin ilaalamuudha. (Mul. 14:7). Sanbati bara caafamuu macaafa qulqulluu akkuma mallattoo saba Waaqayyoo ture (Bau.31:12–17; His.20:12, 20), akkasuma saba bara dhumaafis mallattoo amanummaa in ta'a.

Bara dhumaatti, malleetteffamuun sun waan humneetii badiisaa dha'icha dhumaa sana ittiin of irraa ittifnuu dha. (His.9:1–11 Mul 7:1–3 dubbisi). Gaaffin Mul. 6:17 keessatti ka'u deebii dhumaa in argata: warri guyyaa Waaqayyoo sana dheekkamsa Waaqayyoo irraa eegamanii dhabachuu danda'an saba Waaqayyoo warra mallatteeffamanii dha.

Hafuura qulqulluu isa guyyaa fayyinaatiif ittiin mallatteeffamne akka hin gaddisiifneef Phaawulos nu akeekkachiisa (Efe.4:30). **Sana jechuun maal jechuudha? Akkamittiin Hafuura Qulqulluu gaddisiisuu dandeenya? Deebii isaa yommuu argattu, akka Hafuura qulqulluu hin gaddisiifneef maal gochuu qabda?**

Wiixata

Gur.4

### **Kan Mallatteeffaman Saba Waaqayyoo**

Mul.7:4–8 dubbisi. Lakkobsi saba Waaqayyoo warra mallatteeffamanii meeqa? Hiikkaan lakkoobsa adda ba'e kanaa maal inni?

---

Beeksifamuun lakkoobsa warra mallatteeffamanii xumuramuu hojii mallatteessuu argisiisa. Yohaannis lakkobsa warra mallatteeffamanii goosota Isra'el 12 keessaa kuma dhibba tokkoo fi kuma afurtamii afur ta'uu dhaga'e. Wanti kun duubbatu hiikkaa lakkobsicha irra keessaa utuu hin taane maalitti akka inni hiikamuudha. Lakkobsi 144000 12 yeroo 12 baayyisuu yeroo 1000 ti. 12 fakkeenya saba Waaqayyoo ti: 12 goosa Israa'el, waldoota bu'uura

ergamoota 12 irratti ijaaraman faa (Efe.2:20). Kanaafuu laakkobsi 144000 guutummaa saba Waaqayyoo warra bara dhumaa jiraatanii-ti, isaan fakkeenya Isra'eloota durii ta'anii warra bara dhumaa jiraatanii dha.

Gosi Israa'el 12 Mul.7 keessatti ibsamaniiru. Hubatamaadhumatti hiikkaa irra keessaa kan inni hin taaneef gosi Israa'el kudha lamaan har'a waan hin jirreef. Gosi kudhan yeroo warra Asooriin mo'ataman booji'amanii turan (2Mot 17:6–23, saboota kan biraa wajjin achitti walitti makamaniiru. Yihuudummaan har'a Goosi kudha lamaan sana irraa walitti hin dhufu.

Akkasuma egaa tarreen gosa Israa'el kudha lamaan inni Mul'ata 7 keessaa jiru tarree, duraan ture/beekamu/ miti. Qooda Rooben Yihudaatu jalqaba irratti argama. Akkasuma immoo Goosii Daanii fi Ifrem hin hanbifamee, Qooda isaanii Yosefii fi Lewiin itti dabalaman.sababiin beekamaan kan Daanii fi Ifreem hafaniif kakuu moofaa keessatti jarri kun didoo dhaaf ejjitoota turan waan ta'eefi dha. (Abo.18:27–32,Hos.4:17).

Mul'ata 7 keessatti gosoonni tarreeffaman akka seenaatti utuu hin taane akka hafuuraatti waan kaa'ameedha. Amanamoo kan hin taane gosi Ifreem fi Daan kan mallatteeffaman saba Waaqaa giduutti iddoo hin qabaanne. Akkaasumas, waldaan kakuu haaraas goosa Israa'el 12 jedhamu. (Yaq 1:1). Goosi 12 Mul'ata 7 keessaa guutummaa saba Waaqayyoof, Yihuudotaa fi ormootaafis kan dhabatuu dha.

Warri 144,000 gosa Israa'el warra dur duula deemaa jiranitti kan fakkaatuu dha. Gartuu xinnaa hoomaa loltoota Israa'el durii keessa loltoota kuma tokko qabu turan. (Lak. 31:3–6). Lakkobsi akka fakkeeniyatti kenname 144,000 akka bu'uura miliishota 144 000 kumaanitti hoomaa waraanaa isa kan waldaa kan lola dhumaaf kan qophaa'u (Mul. 17:14),waraana diinaa warra gara 200 ta'an dura dhaabatanitti fakkaata.(Mul. 9:16).

Macaafa qulqulluu keessatti beekamaa ta'u iyyuu, Fakkeenyi hoomaa loltummaa yeroo baay'ee nun gammachiisu ta'a, dhugummaan wallaansoo guddichaa nu dura jiru akkuma jirutti fudhachuun fakkeenyi loltummaa hammam barbaachisaa akka ta'e hubachuuf akkamitti nu gargaara?

**Kibxata**

**Gur.5**

### **Saba Guddaa**

**Mul.7:9-14 dubbisi. Iddoo kanatti Yohaannis garee qulqullootaa akkamii argaa? Akkamitti isaaniin ibsaa, eessaa dhufan? Teessoo Waaqayyoo duratti sagalee guddaa attamii dhageessisan?**

---

Yohaannis saba guddaa baay'ee arge, "Isaan kun warra rakkina guddaa keessaa ba'anii dhufanii dha; uffata isaanii dhiiga hooli chaatiin miiccatanii addeeffataniiru. (Mul.7:14). Akkas jechuun, jarri kun garee saba addaa ti, rakkinni isaan keessaa dhufan kan fedhe ta'ullee maal jechuu akka ta'e namni tokko yaaduu danda'a "rakkina guddaa" wallaansoo hadhaa'aa keessa darbanii, Yesusiif amanamummaa isa uffata tolaa fi guutummaa isaa uffachuun fakkeeffame qabaachuu isaaniiti itti fufuudhaan mo'ataniiru.

Asittis, akkuma guutummaa macaafaa keessa jiru, mata dureen fayyina ayyaanaatiin inni guddaan in mul'ata. Jarri kun eenyu akka ta'an rakkoo hin qabaatu. Baroota lafaa keessatti kan fayyanis ta'e warra 144000 bara dhumaa fayyanis yoo ta'e, tokkichi jireenya barabaraatti isaaniin galchee lafa haaraa fi waaqa haaraa isaaniin argachiisu kan argamu qajeelummaa Yesus Kristos, isa ayyaanaan kennamu qofaan argama.

"Naannoo teessichaa kan jiran warra altokko hojii Seexanaaf hiinafaa turan, garuu warra akka mukukkula abidda keessaa butamee, fayyisaa faana bu'ee, gad fagoo fi jabaa kan ta'e of kennuudhaan warra isaaf jiraatanii dha. Isaanitti aanseemmoo kristaanota

warra bakka sobaa fi amanamummaa dhabuun guute keessatti amala Kristaanummaatti guutuu ta'an; yeroo Kristaanoti warri biraa badeera seerri jedhan, warra seera Waaqaayyoo kabajan, baroota baay'ee keessatti amanti isaaniitiif warra aarfamantu turan. "Kana booddees ilaaleen tuuta sonaan baay'ee, saba hundumaa keessaa, gosa hundumaa keessaa, nama hundumaa keessaa afaan dubbatamu hundumaa keessaa dhufan, warra homtinuu lakkaa'uu hin dandeenye nan arge; isaan uffata adii uffatanii, damee muka meexxii harka isaaniitti qabatanii teessicha dura hoolicha duras in dhaabatuu turan" Mul.7:9. Lolli isaanii in xumurame, mo'icha in argatan. Amantiif fiigani badhasa isaanii argatan. Dameen meexxii harka isaanii keessaa mallattoo mo'ichaati. Uffati adiin xurii hin qabne sunis mudaa kan hin qabne tola Kristosiidha."—Ellen G. White, *The Great Controversy*, p. 665.

**Eeyyen, qajeelummaa Kristosiin uffanneerra, innis kennaa amantiiti. Garuu amanti sana akkamittiin qabannee turra? Dhiphinaa fi rakkinna keessatti akkamittiin jabaannee turra? Yookiin immoo, caalaatti wanti barbaachisaan, yeroo nagaa fi irraa hafaa qabaachuutti amanti fi amanamummaa akkamitti jabeessinee itti fufuu dandeenyaa? (Bau. 8:11–17.)**

## Roobi

## Gur.6

### Warra Hoolicha Duukaa Bu'an

**Mul.14:1–5 dubbisi. Amalli gurguddoon qulqulloota 144,000 warri gurguddaan sadan maal fa'i? Amaloonni kun ibsa toloota bara dhumaa isa Mul.14:12 keessa jiruu wajjin akkamitti walitti dhi'aata?**

---

Mul.14:4 ibsa warra 144,000 akka warra abboommii Waaqaayyoo eegani amanti Yesusis qabaniitti isa kaa'amu irratti bu'uureffame (Mul.14:12). Rakkina bara dhumaa keessatti guutummaan dheek-

kamsa seexanaa isaan irratti raawwateera yoo ta'e illee, sababii Yesu wajjin hariiroo cimaa qabaniif jabaatanii dhaabataniiru.

**Ifa Mul.17:5tiin, karaa kamiidha inni warri 144,000 dubartii bira dhaqanii kan of hin xureessin? Dhugaan kun akkamittiin isaan saba lafaa keessaa warra akka firii jalqabaatti bitaman ta'uu wajjin akkamitti walitti dhufa? (Mul. 14:4)**

---

Xuraa'ummaan qunnamtii saalaa mallattoo amanamummaa dhabuuti. Mul.17:5 waa'ee dubartitti ishee gaalamoota taate Baabiloonii bara dhumaa fi ijoollee durbaa ishee warra namoonni lafaa hundumtuu wajjin ejja raawwatanii in dubbata (Mul.18:3). Garuu, warri 144,000 xuraa'ummaa ishee ofirraa ittisanii barsiisa amantii gantummaa ishee diduudhaan Waaqayyooof amanmoo ta'anii jiraatu. Isaan gara inni adeemutti hoolicha faana in bu'u (14:4).

Warri 144,000 warra namoota gidduudhaa Waaqayyoo fi Hoolichaaf furaman jedhamanii ibsamuuf, "hoolichaaf firii jalqabaa ti" (14:4). Israa'el durii keessatti, firiin jalqabaa firii hundumaa caalaatti ba'eessa waan ta'eef Waaqayyooof kennaa ta'ee dhi'aata ture; Jechi 'firii' jalqabaa jedhu kun walitti qabaatti warri Waaqayyooof fayyan namoota lafaa baay'ee keessaa, warra adda ba'an argisiisa. (Erm.2:3, Yaq.1:18). Qulqulloonni 144,000 adda kan ta'aniif akkamitti akka fayyan utuu hin ta'in du'a utuu hin argin waan jijjiiramaniifi dha. Kanaafuu, baroota hundumaa keessa namoota fayyan irra warri firii jalqabaa kun garee baay'ee warra jalqabaati. (Mul.14:14–16).

**Karaa kamiidha, utuu hin beekin iyyuu, dogoggora ejjummaa ha fuuraa keessa galuu kan dandeenyu? Bala akkasii keessa hin jirru jennee of yaadna taanaan immoo maaliif gowwoomna?**



**Fayyinni Waaqayyoo Fi Hoolichaaf Ha Ta'u**

Mul.14:5; 2Phe3:14 wajjin wal bira qabii dubbisi. Mul'ati saba Waaqayyoo bara dhuma 'mudaa kan hin qabne' jedhee ibsa. kun akkamittiin bira ga'amuun danda'ama?

Amalli dhuma kan warra 144,000 "sobni afaan isaanii keessa kan hin jirre ta'uu dha: Sobni tokko illee afaan isaanii keessatti hin argamne; isaan warra mudaa hin qabnee dha (Mul.14:5). Sobni jedhamu kun gowwoomsaa Seexanaa isa bara dhumati (Mul. 13:14). Yeroo garri caalaan namoota lafa irraa soba isaa amanuu filatan, sabni Waaqayyoo warri bara dhuma fayyinaaf dhugaa akkuma inni jirutti fudhatu. 2Tas.2:10, 11).

"Mudaa kan hin qabne" (Greek amōmos, "blameless") amanamummaa warri 144000 Waaqayyoof qabani dha. Bara kakuu moofaa Abrahaam (Uma.17:1) fi Iyyobis(Iyo1:1) akkuma eenyuu illee cubbuu hojjechuu danda'anillee mudaa kan hin qabne turan. Kristaanonni mudaa kan hin qabne qulqulloota ta'uuf waamaman. (Efe. 5:27, Fil 2:15).

Rom.3:19–24 dubbisi. Dhugaa murteessaa kana of duraa qabaachuun maaliif barbaachisa?

Bara seenaan lafa kanaa cufamu, warri 144,000 kun amala Kristosiin cimsanii argisiisu. Fayyinni isaanii qulqullummaa fi hojii isaanii utuu hin taane waan Kristos isaaniif godheen calaqqisiisa (Efe.2:8, 9). Warri 144,000 uffata isaanii dhiiga Hoolichaa keessatti miicanii adeeffataniiru (Mul.7:14), Waaqayyoon duratti hamma nama mudaa fi xuraa'ummaa hin qabne ta'anitti mul'achuu danda'aniiru (2Phe.3:14)

“Hamma fakkeenya fayyisaa keenyaa calaqqifnee hirmaattuu bifa Waaqummaa isaa taanutti, qulqulleeffamuu nu barbaachisa, waan lafaa hundumaattii qulleeffamuus ...

“Wallaansoon jireenyaa yommuu raawwatu, maddaan sibiilichaas miilla Yesus jala yommuu kaa’amu, qulqulluunni Waaqayyoo yommuu galateeffaman, yeroo sana duwwaadha fayyineerra, cubbuus hin qabnu kan jechuuf dandeenyu.”—Ellen G. White, *Selected 7 Messages*, book 3, pp. 355, 356.

**Akkamittiidha egaa kan nuyi jireenya qulqullummaa jiraannee utuu yeroo barabaraa sanaaf qophaa’aa jirruu, balaa ani guutuudha homaa hin fedhu jedhuu fi makararsummaa jalaa ooluu dandeenyu? Dhugaa isa Rom 3:19–23 yeroo hundumaa of duraa qabaachuun maaliif barbaachisa?**

## Jimaata

## Gur. 8

**Yaada Dabalataa:** Dubbisi: *Ellen G. White, “Sinlessness and Salvation,” Selected Message, book 3.* Fuula. 353–357.

Eenyummaan 144,000 wal falmisiisaa dha. Ragaan qabatamaan Mul’ata keessaa warri 144,000 kun saba Waaqayyo warra dhalota dhuma warra dhuma seenaa lafaa keessa jiraatan ta’uu isaati. Namoota Yeroo dhiphina lafaa isa dha’icha Torbanii lafaa keessa jiraatanii dha. (Far 91:7-16). Amanamummaan isaanii akka waan dhalooti Kanaan dura lafa gubbaa hin jiraatinitti in ilaalama, haa ta’u malee hamma ammaatti namni garee sana keessa ta’u nutti hin mul’iffamne. Kun iccita Waaqayyo ofiif kaa’ate keessaa isa tokkoo dha. (Kes.29:29). Yeroo fuula duraa qofatu eenyufaa akka garee warra fayyaniitti dabalaman bakkeetti baasa. Kana ilaalchise, akeekkachiisi nuuf kennameera.

“Waaqayyo dhugaa jabaa, nama dammaksu, sammuu qabatamuun ta’u kennee utuu jiruu, waldaa keessa namoota mammaksaa fi ta’innaa haasa’antu jira jedha Kristos. Namoonni beekumsa afaanii kana asiif achii butan, waan beekuun isaaniif hin barbaachifne

beekuuf fedhii guddaa qabaatanii yommuu isaan adeeman Waaqayyo isaan hin geggeessu. Sabni isaa waan qabaachuun irra hin jiraannee, waan dubbii isaa keessa hin jirre qabaachuun kaayyoo isaa miti. Hafuuratti waan isaaniin hin gargaarre gaaffii, kan akka eenyu fa'i warri 144000 jedhu faa irratti wallaansootti galuun fedhii isaa miti. Warra Waaqayyoon filaman kana gaaffii tokko malee dhi'ootti in beekna.”—Ellen G. White, Selected Messages, book 1, p. 174.

### **Gaaffilee maree**

**1. Waa'ee gorsa itti aananii jiranii yaadi: “humna Waaqayyo nuuf kenne hundumaan warra 144000 keessaa tokko ta'uuf haa dhamaanu.”—Ellen G. White The SDA Bible Commentary, vol. 7, p. 970. Dubbii kana akkamittiin hojii irra oolchuu dandeenya? Dhama'uun akkasii kun akkamitti jireenya kee guyyaa guyyaa irratti dhiibbaa uumuu danda'a?**

**2. Amalli toloonna 144000 bara dhumaa qabaatan tokko faarfannaa haaraa sana faarfachuu dha. Waa'ee kee yommuu yaaddu akkaataan jireenya hafuuraa kee ammaa, faarfannaa haaraa isati Waaqayyo wajjin faarfachuuf jirtu in calaqqisaa? Moo jireenyi kee waanuma Kanaan dura Waaqayyo jireenya kee keessatti hojjete odeessuu dha? Amma sii wajjin jiraachuu isaatiif mallattoon kan hin jirree dha? Akkaataan jireenya hafuuraa kee ammaa faarfannaa haaraa isati Kristosii wajjin faarfachuuf jirtu in calaqqisaa?**

**3. Waa'ee Waaqayyoon beekuu fi dhugaadhumatti isuma beekuu gidduu garaagarummaa maaliitu jira? Kristos maal fakkaata jedhee utuu namni si gaafatee deebiin kee maal ta'a? Maaliif?**

## Malakata Torban

Sanbata Waaree Booda

Barumsa Torban kanaaf dubbifadhu: Mul. 8:1-13; Lak. 10:8-10; His. 10:2; Mul. 10:1-11; Dan. 12:6, 7; Mul. 11:1-13; Lew. 16.

**Heertuu Yaadannoo: : Bara malakanni inni torbaffaan afuufamutti garuu, wanti Waaqayyo dhoksaatti akeeke, akkuma inni raajota hojjetoota isaatti himee ture sanatti, raawwatamuuf jira" jedhe. (Mul.10:7**

**T**aateen banamuu mallattoo shanaffaa keessatti, boo'ichi saba Waaqayyoo warra cunqurfamanii boo'icha amanamoota Waaqayyoo "hamma Yoomiitti yaa gooftaa" jedhani boo'icha dhaloota hundumaa keessatti ta'e akka argisiisu ilaallee turre. Kunis akka lubbuu iddoo aarsaa jalaa ijaa baasuu Waaqayyoo fi firdii qajeelaaf boo'uutti mul'ate. Mul.6:10. Sagaleen samii irraa akka isaani turanii eeganiif isaanitti dubbate; sababiin isaas guyyaan Waaqayyoo warra isaani miidhetti faradu dhi'oo waan ta'eef. Mul.6:15-17, yesus biyya lafaa kanatti deebi'ee dhufuudhaan warra saba isaa warra amanamoo miidhanitti faraduuf akka jiru in argisiisa.

Taateen mallattoo shanaffaa, seenaa saba Waaqayyoo warra baroota hundumaa keessa jiraatan kan argan dhiphina kan bakka bu'uu dha, innis bara Abeelii qabee hamma Yeroo inni dhufee, yeroo dhumaatiif dhiiga garboota isaa ijaa baafatuutti kan jiraatan hundumaafii dha (Mul 19:2). Kan dhiphatan sabni Waaqayyoo Waaqayyo kadhata saba isaa akka dhaga'u beekuu qabu.

Mul'ati Malakata torbanii kan argisiisu, seenaa hundumaa keessatti, Waaqayyo ammayyuu bakka namaa ta'ee dhimma saba isaa war-

ra cunqurfamanii keessa akka galee fi warra saba isaa miidhanit-  
ti akka farade argisiisa. Kaayyoon mallattoolee torbanii samiin  
dhiphina isaaniif kan hin dhimmine akka hin ta'in argisiisuuf.

Barumsa torban kanaa qo'adhuutii Sanbata isa Gur. 22f qophaa'i.

## Jalqaba Torbanii

**Gur.10**

### Kadhannaa Qulqullootaa

Mul.8 fakkeenya ergamoota torban malakata isaanii afuufuf  
Waaqayyoon dura dhaabatniitiin jalqaba. Utuu malakati hin afu-  
ufamin, taateen biraa gidduu gale. Kaayyoon isaas akka hiikkaa  
macaafa qulqulluutti malakata sana ibsuuf ture.

Mul.8:3-4 hiikkaa tajaajila guyyaa guyyaatti mana qulqullummaa  
keessatti ta'u bira qabii dubbisi: akkaa ibsi macaafa qulqulluu inni  
kan warra Yihudotaa /A Jewish commentary on the Bible/ ibsutti,  
aarsaa galgalaa irratti hoolichi siree aarsaa gubatu irra kaa'ama.  
Lubni abbaa dabaree warqee irraa kan tolfame qodaa ixaanni itti  
aarfamu isa mana qulqullummaa keessaa fuudhee aarsaa ixaana  
aarfamuu siree aarsaa isa warqee irraa tolfamu iddoo qulqulluu  
keessatti argamu sana duratti dhi'eessee, qodicha akka inni sagalee  
dhaga'amu dhageessisutti oobdii keessatti in darbata. Yeroo kana  
irratti luboonni torban malakata isaanii afuufuudhaan tajaajila gaa-  
fa Sanaa xumuratti in fidu.

Haasaan waa'ee aarsaa galgalaa keessatti dhimma ba'amu Mul.8:3-  
5 keessatti argama. "Qodaa ixaana itti aarsan, isa warqee irraa hojji-  
etame baatee dhufee, iddoo aarsaa dhaabate; iddoo aarsaa warqee  
irraa hojjetame isa teessicha fuula duraa sana irratti", Ixaanni kad-  
hata saba Waaqayyootti fakkeeffama (Mul.5:8). Kanaaf iyyuu kad-  
hati ergamaan Waaqa duratti dhi'eesse, kadhata Saba Waaqayyoo  
warra ari'atamaniidha.

Mul.8:3-5 malakata Mul'ata keessa jiru ilaalchisee odeeffannoo in  
kenna.

Malakati torban firdii Waaqayyoo, isa akka kadhata warra miidhamanii sanatti namoota warra didan irra ga'uudha.

Malakati sun du'a isa Yesus, isa inni akka Hoolichaatti du'e jalqabee, seenaa hundumaa keessatti hamma dhufaati lammaffaatti waan jiruu dha

**Mul.8:5; His 10:2 wajjin wal bira qabii dubbisi. Maddi ibidda isa diinota saba Waaqayyoo irra bu'uu maaliidha? Mul'ati Hisqel waa'een ibidda Yerusalem didduu irratti dhufe akkamittiin malakata kanaan mul'ata?**

---

Ergamaan qodaa ixaanaa ibidda iddoo aarsaan guutee lafatti gadi naqa. Kunis sirriidhumatti, kallattiidhumaan ibiddi kun siree aarsaa isa kadhata qulqullootaa irratti dhi'aate irraa ta'uu isaa argisiisa. Kun immoo kan argisiisu, firidiin malakata torbanii akka deebii kadhata saba Waaqayyoo sanatti warra lafa gubbaa jiran irratti akka roobuu dha. Sabni Waaqayyoo hin irraanfataamne, Waaqayyoo yeroo isaatti gama isaanii goree gidduu in seena.

## Wiixata

## Gur.11

### Hikkaa Malakataa Torbanii

Waaqayyoo waa'ee saba isaaf gidduu seenuuf akka jirutti, Mul'ati fakkeenya malakataa kakuu moofaa keessa jiru dhimma ba'a. Malakati jireenya Israa'eloota durii guyyaa guyyaa keessatti waan barbaachisaa ture (Lak.10:8–10 Fi 2Sen. 8 13:14,15). Sagaleen malakataa yaadachiiftuu sagada mana Qulqullummaa keessaa ture, malakati yeroo lolaas, yeroo makarii, yeroo ayyaanaas in afuufama ture. Malakata afuufuun kadhataa wajjin wal faana adeema. Yeroo waaqeeffannaa mana sagadaa keessaas ta'e yeroo ayyaanaa kakuu Waaqayyoo saba isaaf qabu kan argisiisu ture. Namootis “guyyaa Waaqayyooof” akka qophaa'aniif in yaadachiisa (Yoe.2:1).

Yeroo lolaa malakati kadhannaa wajjin afuufamu saba isaa akka oolchuuf Waaqayyoon waammachuu isaanii argisiisa. Kanadha egaa haal-duubeen malakata Mul'ata keessa jiru.

**Mul.8:13; 9:4, 20, 21. *Dhimmi mallattoo torbanii eenyuun faa ilaallata?***

---

Taatileen afuufamuu malakata torbaniin sochoofamani warri Mul'ata keessatti dubbataman seenaa keessatti isa Waaqayyo kadhannaa saba isaatiin sochoofamee dhimma isaanii gidduu seenu kan argisiisuudha. Mallattooleen torban sun addumaan waa'ee warra nuyi saba Waaqayyooti jedhanii, malakati immoo dhufaatii firdii biyya lafaa irratti dhufu kan himuu dha (Mul.8:13). Akkasuma immoo, utuu yeroon itti hin darbin namoonni akka yaada garaa isaanii jijjiirrataniif akeekkachisas kan kennuu dha.

Malakti Torban bara Yohannis qabee hamma dhuma seenaa biyya lafaatti seenaa jiru kan hammatuu dha (Mul.11:15–18). Yeroo gaaffiin gidduu seenuu utuu geggeeffamaa jiruu afuufama (Mul. 8:3–6), wangeelli lafa irratti in lallabama (Mul. 10:8–11:14). Firdiin malakata torbanii guutummaatti utuu hin taane 1/3 uumamaa qofa kan xuquu dha. Malakati torbanuu Waaqayyo firdii isaa isa qajeelaa deeffachuuf yeroon akka ga'e labsa. Malakati torban kan itti fakkaatu bara waldoota Sanaa fakkaachuutti baay'ee dhi'aata/ aproximatelly/.

(a) Malakatooti warri jalqabaa lamaan saba warra Kristosiin fannisee fi waldaa jalaqabaa ari'ate irratti akkasumas Yerusaa'lem ishee didduu fi mootummaa Roomaa irratti firdii kan waamanii dha.

(b) Warri sadaffaa fi arfaffaan bara giddu-galeessaa fi baroota erga haara'umsi darbee booda dhugaa ganani irratti yaadni Waaqayyoo akkam akka ture kan mul'isuudha.

(c) Warri shanaffaa fi ja'affaan bara ifa beekumsa hafuuraa/Age of Enlightenment/ booda, haala addunyaa keessa jiraattu kan jiraatame, isaanis immoo sochii hafuura hamaatiin kakaafamanii gara lola armaagedoonitti geessuun kan beekamanii dha.

**Gaaffii tokko malee, seenaan dhiiga, dhiphinaa fi gaddaan kan guuteedha. Haalli gaddisiisaan kun dhugummaa abdiif Yesus nuuf kenne isa dinqisiisaa kana akka itti yaadnuuf akkamitti nu gargaara?**

**Kibxata**

**Gur.12**

### **Ergamaa Maccafa banamaa Wajjin**

Malakatni ja'affaan biyya lafaa gara dhumaatti kan fiduudha. Yeroo akkasii keessa sabni Waaqayyoo maal akka godhaniif waamaman? Utuu malakatni torbaffaan hin afuufamin yeroo hiree fi shaakalli saba Waaqayyoo bara dhuma itti ibsamu tokko gidduu gala. Mul.10:1–4 dubbisi. Bakka kanatti maaltu ta'aa jiraa?

---

Ergamaan kun, inni Yesusiin fakkaatu sun, kitaaba banamaa baata. Miilla isaan lafaa fi galaana gubbaa dhaabachuun, inni guutummaa waaqaa fi lafaa kan geggeessu ta'uu fi wanti inni himuuf jirus akka guutummaa waaqaa fi lafaatti /universal/ barbaachisummaa akka qabu kan argisiisuudha. Sagalee leencaan barooda. Sagalee leencaan barooduun kun immoo sagalee Waaqayyoon argisiisa (Hos.11:10). Waan kakkawween sun jedhan barreessuuf Yohanniisiif hin eyyamamne ture.

Haala gara fuula duraa ilaalchisee wantoonni Waaqayyoo Yohaannisittuu hin mul'isin jiru.

Mul.10:5–7 dubbisi. Kutaa kana 12:6-7 wajjin wal bira qabi. Kuttaan kun lamaan kan isaan waliin qaban/wal fakkaatan/ maaliidha?



Ergamaan sun Kanaan booda “Si’achi lafa irra harkisuun hin jiru”(Mul.10:6), jechi Griiki, “chronos” jedhu yeroo ta’e tokko kan argisiisuu dha. Kunis duuba deebisee Dan.12:6-7, kan argisiisuudha. Inni immoo isa ergamaan tokko ‘ar’atamuun qulqullootaa, baraa tokkoof, bara lamaaf, walakkaa baraafis/waggaa tokko, waggaa lamaaf, walakaa waggaaf(waggaa sadii fi walakkaaf/ waggaa 1260f/in dhaabbata’ jedhee dubbatee turetti geessa. kunis dhaloota Kristos booda 538–1798. Guyyoota raajii kana booda, ulaa tokkotti dhumni in ta’a.

Himni inni “Si’achi lafa irra harkisuun hin jiru’ jedhu sun, bara raajii isa Dani’el jedhu addumaan immoo, waggoota 2,300 Dan.8:14 sana kan argisiisu ture. Innis dhaloota Kristos dura 457 qabee amma dholota Kristos booda bara 1844tti kan fidu ture. (457 B.C.–A.D. 1844). Yeroo kana booddee, yeroon sagalee raajii hin jiru. Ellen White in jetti: “yeroon, inni ergamichi akka sagalee kakuutti bareechee kabajaan dubbatu . . . yeroo raajii dhufa Gooftichaa dursa ta’uudha. Sunis, yeroo murtaa’eef namoonni biraa hin qabaatan. Yeroo kana booda, 1842-1844ttii qabee hafiin yeroo raajii tokko iyyuu hin jiraatu. ”—Ellen G. White Comments, The SDA Bible Commentary, vol. 7, p. 971.

**Garaa fuula duraatti waa’ee dhimma yeroo sirreessuu diduun/mareetti fidnee fooyyessuu kan hin dandeenye ta’uun/ kan nurra jiru kun maal nutti hima?**

**Roobi**

**Gur.13**

### **Macaafa Maramaa Sana Nyaachuu**

Mul.10:8–11 dubbisi. Macaafa nyaachuun Waaqayyo harkaa ergicha fudhannee namoota biraaf ibsuuf qophii ta’uu kan argisiisuu dha (His.2:8–3:11, Erm. 7 15:16). Yoo fudhatame Ergichi Oduu gaarii dha. Garuu yommuu labsamu, namoota baay’eedhaan waan mormamuuf yeroo tokko tokko hadhaa’aa in ta’a.

Yohaannis kitaabicha nyaatee itti hadhaa'uun, mul'ata Dani'eel isa waa'ee raajii bara dhumaa banuu/saaquu/ itti fide. Asitti Yohaannis waldaa ishee sagalee raajii isa kan Dani'eel bara 1260 booda ta'u sana, wangeela bara dhumaa kan lallabdu bakka bu'a.

Qabiyyeen kanaa shaakkalli Yohaannis inni waan gara fuula durraa beekuu sun, gara xumura waggoota sagalee raajii 2300 sanatti haalota makaa hadhaa'oo fi minyaa'oo kan biraa kan argisiisuu dha (indicates that John's visionary experience pointed to another bitersweet experience at the conclusion of the prophetic 2,300-year period) bu'ura raajii Dani'eliin warri sochii Milerayit Kristos 1844 deebi'ee dhufa jedhanii barsiisan. Garuu, yommuu kun hin ta'in hafe, hadhaa'ummaa ergaa isaan labsaniitu isaaniin qabate. Inni Yohaannis biyya lafaatti "ammas irra deebi'ii raajii dubbadhu" jedhamee ajajamee Adveentistoota Sanbata eeganitti ergaa dhufaatii lammataa raajii Daani'eelii wajjin wal-qabsiisanii akka labsaniif isa isanitti kenname kan ilaallatuu dha.

**Mul.11:1-2. Akka godhuuf Yohaannis maal ajajame?**

---

Kutaan macaafaa kun akka taatee isa Mul.10:14 keessa jiruutti Yohaannis akka mana qulqullummaa safaruu fi warra achitti waaqef-fatan akka lakkaa'uuf itti dubbatame. Hiikkaan waa safaruu akka macaafa qulqulluutti, kallattiidhumaan firdii kan ilaallatuu dha (Mat.7:2). Manni qulqullummaa samiidhaa safaramu, bakka Yesus itti nuuf tajaajiluu dha. Mana qulqullummaa, iddoo aarsaa fi waaqeffattoota maqaa dha'uun, guyyaa araaraa kan argisiisuudha. (Lew.16:16–20 19). Waggaa keessaa guyyaan araaraa guyyaa "safaruu" isa Waaqayyo firdii cubbuu saba isaa irratti kennu fakkaata. Kanaafuu, Mul.11:1 ergaan mana qulqullummaa samii walakkees-

sa lallaba wangeelaa isa xumuraati. Amala Waaqayyoo beeksisuu irratti kan xiyyeeffatuu dha. Hojii araarsuu Kristos ilaalchisee bal'inaa fi dheerina ergaa wangeelaa akka tokkicha karaa fayy-inaatti kan ibsuu dha.

**Guyyaa araaraatti sirna qulleessuu keessatti dhiigni hammam murteessaa akka ta'e sammuu qabachaa, dhugummaan guyyaa firdii of duraa qabaachuun oduu gaarii ta'uu isaa akkamiitti fudhachuu dandeenya? Dhugaan kunis maaliif barbaachisaa ta'a?**

**Kamisa**

**Gur.14**

### **Dhuga baatota lamaan**

Mul.11:3-6 dubbisi. Karaa kamiidha kan dhuga baatonni kun lamaan uffata lubummaa isaaniitiin Zarubaabelii fi Iyaasuu kan calaqisiisan? Zach. 4:2, 3, 11-14.

---

---

Yaadni dhuga baatota lamaanii yaada sirna seera warra Yihuudotaa isa waan tokko dhugoomsuuf yoo xiqqate dhugabaatu lama barbaadu keessaa kan dhufeedha(Yoh .8:17). Dhuga baatonni kun lamaan macaafa qulqulluu bakka bu'a. Akkasumas immoo saba Waaqayyoo macaafa qulqulluu dhugaa ba'anis ta'uu in danda'a. Kun lamaan gargar hin ba'an; sababiin isaas sabni Waaqayyoo macaafa qulqulluu biyya lafaaf dhugaa ba'uuf waamaman waan ta'eef. Dhuga baatonni lamaan bara 1260 sana keessa warra maaqii uffatanii raajii dubbachaa turanitti kan fakkaatuudha. Bara raajii waggaa 1260 sana innis (538-1798 bara araaraa)kan ta'eedha. Kunis yeroo Yohaannis Mul.10:11 irratti deebisee akka raajii dubbatu abboomameedha. Kunis kan argisiisu ammas raajii dubbachuun kun isa waldaatti kennamee lallabni wangeelaa biyya lafaaf itti

fufuudha. Maaqiin wayyaa gaddaati, (Uma.37:34); yeroo ulfaataa isa sabni Waaqayyo irraa deebi'anii raajicha himan/lallaban/ arguuf jira kan argisiisuu dha.

**Mul.11:7-13 dubbisi. Jecha mataa keetiin dhuga baatota sana irratti dhuma waggoota 1260 waan raawwate ibsi.**

Bineensi dhuga baatota kana lamaan ajjeesse bakka jireenya Seexanaatii ba'e, ajjeefamuun dhuga baatota kanaa kan ibsu seenaa keessatti warri Waaqayyo hin jiru jedhan macaafa qulqulluu haleelan/balleessuu yaadan/ haala warraaqsa warra Faransaayii wajjin wal qabatuun amantii balleessuf socho'ameedha, sirni faallaa amantii ta'e kun kufaati amalaa isa akka kan warra Sodom, of tuulummaa waaqni hin jiru jechuu warra Gibxiin fi diddaa Yerusaalem kan argisiisuudha. Wanti Yerusalemitti Yesus irratti raawwate boodarra warra amantiin mormaniin macaafa qulqulluu irratti raaawwate. Du'aa kaafamuun dhuga baatota kanaa, waldaa macaafa qulqulluu dhaabuu fi wangeeluma ballisuuf kan ergaman ergamtoota wangeelaa baayyinaan erguun kan xumurame warraaqsa Faransayiin booda, yeroo macaafni qulqulluun fedhii namoota baay'ee ta'e yeroo dadammaqinaa kan argisiisuudha.

Dhumni utuu hin ta'in seenaa keessatti dhaga'amee haala hin beekamneen lallabbiin wangeelaa biyya lafaa hundumaa keessatti in geggeeffama. Lallabni wangeelaa bara dhumaa kun isaan duubaan dinqii gochuun kan kennameef humna Seexanaatiin dhiibamanii warra Waaqayyoof amanamoo ta'an loluuf in ka'u waan ta'eef makaa minyaa'aa fi hadhaa'aa kan qabu dhiibbaan irra in ga'a. (Mul.16:13-16).

**Yaada dabalataa:** *Malakata Torbaffaa (Mul.11:15–18) dubbisi. Dhuma biyya lafaa. Yeroon Waaqayyo irree isaa mul'ise biyya lafaa mo'uyu ga'eera.*

Biyyi lafaa finciltuun kun, waggota kumaatamaaf bulchiinsa seexanaa jala kan turte,yeroo dhumaatiif aangoo fi bulchiinsa Waaqaa jalatti deebi'uuf jetti. Du'a Kristos fannoo gubbaatii booda inni Seexanni akka saamtuutti Seexanni barabaraan Samii irraa dhabamsiifamee, Kristos immoo tokkicha bulchaa biyya lafaa ta'uun isaa labsame. (Mul. 12:10), Seexanni yeroon isaa akka gabaabbate waan beekkeef rakkoo hundumaa uumsu iyyu (Mul.12:12) malakati ni torbaffaan yeroon gowwoomsaa isaa dhaabatee lafti isa sirriitti ishee bulchu harka in galfamti. Malakati torbaffaan qabiyyee maacaafichaa walakkaa isa lammaffaa isa taatilee bara xumraati:

(1) Saboonni aaraniiru: Mul.12–14 d seexanni aariin guutuu isaa kan ibsu(Mul. 12:17), Hidhata isaa, bineensota lafaa fi galaanaa sanaan namoota lafaa saba Waaqayyoo lolchiisuuf qopheessa.

(2) Dheekkamsi kee dhufeera: deebiin dheekamsa saba Sanaa dheekamsa Waaqayyoo jedhamee isa beekamu dha'icha torban ta'e. (Mul.15:1).

(3) Yeroon cubbamootatti faradamu Mul.20:11–15. Keessatti ibsameera.

(4) Garboota Waaqayyoof gatii isaanii kennuunis Mul .21–22. Ib-sameera

(5) Warra lafa balleessan balleessuunis: Mul.19:2 keessatti bara dhumaatti waan lafa balleessiteef Baabilonitti faradamuuf akka jiru in kaa'a. Badiisi Seexanaa fi raayyaa isaa akkasumas shiirkota isaa lamaanii diraama wallaansoo guddichaa keessatti gochaa isa xumuraati. (Mul.19:11–20:15).

**Gaaffilee Maree:**

1. Yeroo ta'e irratti lallabbiin wangeelaa hadhaa'aa ta'uuf akka jiru argineerra. (Mul.10:10); jechoonni keenya in didamu, itti gayisu, nuyi mataan keenya didamnee ciigga'amna ta'a. Yeroo tokko lallabni wangeelaa mormii nutti dammaqsuu danda'a. Qooddattoota macaafa qulqulluu keessa rakkoo akkasii kan arge eenyu jettee yaadda, shaakala isaanii irraammoo maal barachuu dandeenya?

2. Hima kanatti aananii jiran irratti yaada kenni: irra deddeebi'amee akka nuyi yeroo raajii hin keenyeef nutti himama. Saba Waaqayyootiif raajiin yeroo irratti dubbatu lammaffaa hin kennamu Yeroo hafuurri qulqulluun bu'us ta'e yeroo dhufaatii gooftaa beekuun nuuf hin kennamne."—Ellen G. White, Selected Messages, book 1, p. 188. Bara 1844 booda waa'ee taatilee biyya lafaa gadi fageenya kan qabu chartii/gabatee/ qopheessuun rakkoo maalii qabaata? (What problems do you see with drafting detailed prophetic charts of the Final events after 1844?) Akkamittiin balaa gabateen akkasii fidu irraa of eegu dandeenya?

**Barumsa 8ffaa**

Seexana, Diina Mo'atame

**Gur.16-22**

Sanbata Waaree booda:

*Barumsa Torban kanaaf dubbifadhu: Mul.12; Uma.3:15; Isa.14:12-15, Dan .7:23-25; 2Tas .2:8-12, Mul.13:13, 19:20.*

**Heertuu Yaadannoo: "Obbolloonni keenya immoo dhiiga oolichaatiin, dubbii isa dhugaa ba'aniinis isa mo'aniiru; isaan du'atti waan isaan geessu yoo ta'e iyyuu, lubbuu isaanii hin mararsiifanne." (Mul 12:11)**

**M**ul.12-14 tatilee bara dhumaaf nu qopheessa. Walakkaan kitaaba Mul'ataa inni duraa (1:1-11:19) baroota seenaa waldaa hundumaa keessatti waa'ee wallaansoo biyya diinummaan guutte lafa keessatti waldaan qabaatee yommuu dubbatu, walakkaan inni lammataammoo wantoota gara dhufaatii lammaffaa fi mootummaa Waaqaatti geessanii dha.

Kaayyoon boqonnaa 12 wall'aansoo seenaa lafaa isa xumuraa duuba fakkii guddaa jiru nuuf kennuu dha. Taatileen bara dhumaa qaama rakkina akka guutummaa addunyaatti Kristosii fi Seexana gidduu jiruuti.

Kitaaba Mul'ataa keessatti diina Waaqayyoo fi diina saba Waaqayyoo ti. Jiraachuun Seexanaa qabatamaa dha waan ta'eef inni waan hamaa waaqaa fi lafa gidduutti hojjetamu hundumaa duuba kan jiruu dha. Waaqayyoon fiixaan ba'umsa argachuu kan inni danda'u carraan isaa inni dhumaa lola xumuraa irratti mo'achuu qofa akka ta'e cimsee beeka. Kanaafuu humna qabu hundumaa lola sanaaf of qopheessuuf xiyyeeffata.

Mul'ati Mal'ata kudha lamaa, saba Waaqayyootiif Seexana diina mo'atamaa akka ta'e mirkaneessuufii kan barbaaduu dha. Kristosuma isa yeroo tajaajila isaa lafarrattii, fannoo irratti Seexana mo'etu, akkasuma immoo gara waaqaatti ol ba'uu isaa boodas, bara dhu-

maattis isa mo'ata. Kanaaf iyyuu abdiin saba Waaqayyoo warra bara dhuma tokkich isa Kristos keessatti argamuu dha.

Barumsa torban kanaa dubbisiitii sanbata Gur.23f qophaa'i.

## Jalqaba Torbanii

Gur.17

### Dubartittii fi Bofa Durii sana

**Mul.12:1-5 dubbisi. Yohaannis milkkita fakkiin kennaman guguddoo lama hubate. Inni duraa dubartii ilma garaatti baattu turte. Fakeenyi kun eenyuun bakka bu'a/eenyutti fakkeeffama/? Heertuun kun maal nu barsiisu?**

---

Duabratiin macaafa qulqulluu keessatti fakkeenya saba Waaqayyooti (2Qor.11:2): dubartiin qulqulluun kun namoota warra Waaqayyoof amanaman itti kan fakkeeffamtu yommuu ta'u, dubartiin isheen ejjituun amantoota gananitti kan fakkeeffamtuudha. Fannoo duraa, dubartiin Mul'ata 12 keessaa kun jalqaba irratti Israa'eloota bara durii warra karaa isaanii Masihiin gara biyya lafaa dhufeetti yommuu fakkeeffamu (Mul.12:1-5); lak. 13-17 waldaa Kristaanaatiif dhaabatti.

Dubartiin kun biiftuu uffattee Ji'a irra dhaabachuun ibsamte. Biiftuun macaafa qulqulluu keessatti ulfina Kristosiin bakka bu'uu danda'a (Mat.17:2, Mul.1:6) akkasumas ulfina sabaa Waaqayyoos in ta'a (Mat 13:43). Ji'i akka ifa aduu irraa calaqqisuutti abdii kakuu moofaa keessatti kennaman warra wangeela dursanii argisiisanii mul'isa.

Itti aansee wanti biraan biraan kan Yohaannis mul'ata isaa keessatti arge, jawwicha matoota torbaa fi gaanfota 10 qaba ture (Mul 12:3). Jawween kun booda keessa akka Diyaabilos (Mul 12:9) hubatame. Eegee jechuun fakkeenya Meeshaa gowwoomsaa isaa ti (I-sa.9:14,15; Mul.9:10) isa inni ittiin ergamoota harka sadii keessaa



tokko ittiin harkisee dachetti gadi buuseedha. Iddoo kabajaa Samii dhaa qabu irraa kufuudhaan (Isa.14:12-15), Seexanni ergamoota samii baay'ee warra hafuurota hamaa ta'an gowwoomsuu danda'e (2Phe 2:4; Yih.6); isaan kufan hafuuronni hamoon kun seenaa wal'aansoo guddichaa hundumaa keessatti Seexanatti dabalamanii Waaqayyoo fi hojii fayyinaa isaa morman.

**Mul.12:1-5 dubbisi. Jawwichi akka bofa duriitti hubatameera (Mul.12:9). Uma.3:15 fi taatilee bofa durii isanni sanyii dubartittii balleessuuf yaade gidduu hidhata maaliitu jira?**

---

Jalqabuma irraa kaasee seexanni Masihii isa dhalachuuf jiru balleessuuf jecha dhaloota isaa in eega ture. Guutummaa taatilee jiranii milluu tokkoon kanuma hubatu. Masihiin dhuma irratti in dhalate, bofichi garuu isa balleessuu hin dandeenye “ilmi ishee garuu gara Waaqayyootti, gara teessoo isaattis ol in butame” Mul.12:5.

**Akka Mul.12:11tti sabni Waaqayyoo jireenya isaanii keessatti diina/Seexana akkamittiin mo'achuu danda'uu? Mo'ichi Yesus Seexana gubbaatti qabaate wallaansoo hafuuraa cubbuu wajjin qabdu keessatti akkamittiin si jajjabeessa?**

Wiixata

Gur.18

**Seexanni Barabaraan Samii Irraa Dhabamsiifamuu**

**Mul.12:7-9 waa'ee lola samii irraatti ta'ee kan dubbatu sana dubbisi. Haalli lola Seexanni ittiin Samiidhaa dhabamsiifamee akkam ture?**

---

Seexanni jalqaba wallaansoo guddichaatti Samii keessaa dhabamsiifame. Teessoo isaa samii ol butachuudhan “isa hundumaa gararraa jiruttis of nan fakkeessa”jedhee yaadee ture. (Isa.14:12-15). Mul'inumatti Waaqayyoon mormuuf isa dura dhaabbatee garuu immoo mo'atamee samii irraa gara dachee kanaatti darbatame.

Maatii namootaa warra jalqabaa sossobuudhaan bulchiinsa lafaa saamee fudhate (Luq.4:6). Akka abboomaa biyya lafaa kanaatti, Yoh.12:31, biyya lafaa bakka bu'ee maree Samiitti ta'u keessatti argamuu in danda'a ture (Iyo 1:6-12). Garuu, ergaa ar'atamee Seexanniif kan kufan ergamoonni isaa biyya akka hidhamtootaatti hamma adabbii isaanii argatanitti lafaatti ittifamaniiru (2Phe 2:4, Yih.6)

Yommusuma, du'uma isaatiin waan fudhatame Yesus in deebisee inni dhugaan amalli Seexanaa waaqaa fi lafa duaratti beekame. "Seexanni icciti isaa akka duraa barame in beeke, akkaataan bulchiinsa isaas ergamoota hin kufinii fi guutummaa tuuta samaayii duratti hubatame. Akka ajjeesaatti ofii isaa mul'ise. Dhiiga ilma Waaqayyoo dhangalaasisuudhaan, isa tuuti samii isaaf yaadu keessaa iyyuu ofii isaa buqqise. Achi irraa qabee hojiin isaa hin didame." EGW, The Desire of Ages, 761. Guutummaa waaqaa fi lafaa keessatti bulchisni biyya lafaa Seexana irraa gara Yesusitti deebi'ee, inni nama biyya lafaa bulchuun ta'uuffitti himame. (Efe.1:20-22, 1Phe.3:22). Ergasii qabeeti Seexannii fi ergamoonni isaa guutummaatti samii keessaa dhabamsiifaman. Yesuus ta'iinsa kana akka kana jechuudhaan ibse "Yeroon firdii biyya lafa kanaa amma, inni hamaan biyya lafaa kana seerratus amma gad in gatama." Yoh.12:31.

Firdii kun Seexana irraatti darbee, "Amma fayyinni, aangoon, mootummaan kan Waaqayyoo keenyaa, aboonis kan Masiihii isaatii ta'eera." Mul 12:10. Hamma guyyaa sanaattuu inni saba Waaqaa lafa gubbaa jiran miidhuuf humna murtaa'e in qabaata "garuu yeroo gabaabduu qabaachuu isaa beekuu" wajjini. Mul.12:12. Yeroon isaa dhugumaan gabaabduu ta'ullee, dhukkubbii, dhiphinaa fi jeequmsa lafa gubbaatti fiduuf waan hojjechuu danda'u hundumaa in hojjeta.

Mul.12:11 waa'ee karaa tokkicha ittiin Seexana of irraa dhorkinuu maal nu barsiisa?

**Lola Lafa Gubbaatti**

Mul.12:13-14 dubbisi. Samii irraa dhorkamuudhaan, Seexanni waldaa baroota 1260 haleeluu isaa itti fufe. Baroota sana keessatti dhimma waldaa keessa attamitti gala ture?

---

Isa guddicha hojii Kristosiin, lubbuu isaa kennuudhaan, hammees-situun obbollootaa Samiidhaa darbatamuun Seexanaa in mirkanaa'e. Hammam illee mormiin Seexanaa jiraatu iyyuu, karoorri fayyinaa in raawwatame.... Seexanni mootummaan inni saamee fudhate akka harkaa fudhaamu waan bareef, dhukkubbiin akka itti hin dhaga'amneef muteeffatee, uumama Waaqayyo akka bifa isaatti uume hamma danda'e balleessuu yaade.

Gara laafina fi jaalala dhiifamaa Waaqayyo namatti argisiiseef jecha Seexanni nama in jibba, kanaaf karaa ittiin nama balleessu barbaachaaf goosa sossobbii hundummaa nama irratti shaakaluudhaaf, sababii abdiin hin qabneefis kaayyoo isaa hundumaa humna jabaadhaan raawwachuu in fedha." EGW, The Spirit of Prophecy, vol 3, 194,195

Seexanni aarii isaa isa guddaa lafa gubbaatti dhangalaasuu isaatiin lafarraa sababii jaalala Kristos isa guddaa warra ta'an waldaa irratti gocha isaa itti fufuun gaaffii kan hin qabneedha. Garuu waldaan yeroo guyyaa 1260 sana keessa lafa onaa keessatti dhufaatii Kristos egachaa utuu jirtuu eegumsa addaa in argatti.

Yeroon ar'atamaa Mul'ata 12 keessatti yeroo lama caqasame; bifaa guyyoota 1260 (Mul.12:6) fi bara tokko, bara lama, fi walakkaa baraa/bara sadii fi walakkaadhaaf/ (Mul.12:14). Yeroon lamaanuu yeroo sochii gaanfa xiqqoo Dan.7:23-25 itti caqafamee ti. Macaa-

fa qulqulluu keessaatti, guyyaan raajii waggaatti fudhatama. Seena keessatti yeroo raajiin dubbatame kana kan akka ta'utti ibsu dhaloota Kristos booda 538- 1798 ti, Yeroo waldaan Roomaa akka humna waldaatti biyyoota bahaa to'atee hanga ta'iinsi warraaqsa Faransaayi humna Roomaa guddina irra ture dhumatti fiduutti, yeroof illee yoo ta'e hamma kanatti yeroo tureedha.

Akka xumura yeroo raajiin dubartiin kanaaf lafa onaa keessa kennameefitti, seexanni waldaa Waaqayyoo balleessuudhaaf humna haaraadhaan haleellaa biraa in geggeessa. Jawwichi, dubartitii balleessuuf afaan isaa keessaa lolaa guddaa yaasee. Macaafa keessatti lolaan yeroo maraa mallattoo ar'atamaati (Isa.59:19). Bakka kanatti, lafti akka ishee gargaaruutti galaanicha liqimsuudhaan iddoo isheedhaaf qopheessee ishee in oolcha.

Ar'atnaan kun hammam akka inni ture yaadi, waggaa 1260 ture. Wantoonni akka dhufaatii Kristos isa lammaffaa baay'ee dheeraa kan fakkatu hubannaan keenya waan akkasii beekuuf hammam daanga'aa akka ta'e maal nu barsiisa? Gamuma keenyaan illee yoo ta'e jechuu dha.

## Roobi

Gur.20

### Lola warra Haftuu Irratti

**Mul.12:7 dubbisi. Bara dhumaa irratti Lolli Seexanaa eenyu irrattii dha?**

---

Jechi kan hafan /haftuu/ jedhu namoonni baay'een yommuu gan Waaqaaf amanamoo ta'anii warra hafan jechuu dha. 1Mot:18; Mul.2:24. Bara dhumaa yerootti baay'een namoota lafaa gama Seexanaa goran, namoonni Kristosiif amanamoo ta'anii turuu isaaniitiin dheekkamsa Seexanaa guutummaatti argan in jiraatu.

Haftuun Mul. 12:17 irra jiran amalli isaan qaban maal fa'i? Namni tookko akkamittiin warra haftuu kan Waaqayyoo warra bara dhumaa keessa jiraachuu isaa/ishee akkamittiin of amansiisuu danda'u?

---

Warri haftuun bara dhumaa abboommii Waaqayyoo eegu. Mul.13 gabateen abboommii inni tokkoffaan giddu galeessa rakkoo bara dhumaa akka ta'e in dubbata. Dubbiin ijoo abboommii kurnan keessaa warra jalqabaa arfaniidhimma waaqeffannaa ti. Rakkina bara dhumaa keessattis dhimmi inni caalu, eenyu waaqeffatamuu akka qabuudha. Namoonni biyya lafaa baay'een bifa bineensichaa waaqessuuf yommuu filatan, sabni warri haftuun immoo akka uumaatti Waaqayyoon waaqessuu filatu (Mul 14:7). Keessumaa abboommiin arfaffaan immoo Waaqayyoon akka uumaa keenyaatti kan nutti argisiisuu dha. Sababiin nuyi abboommiin arfaffaan dhimma dhiphina bara dhumaaf shoor murteessaa ta'e xabata jennee amannuuf kanaafii dha.

Akkasumas immoo, amalli haftuun bara dhumaa inni lammaffaan "amantii Yesus Kristosiin kan qabaniidha"(Mul.19:10). Kan heertudhumti kun ibsu "haafuura raajjis " in qaabatu. Bara Yohaannis, jechi hafuura raajii jedhu kenna hafuura raajiiti. Jechi dhuga ba'umsa Yesus jedhu kan argisiisu, Yesus dhuga ba'umsa isaa karaa kenna hafuura raajii akka kennee akkuma karaa Yohaanniisiin godhetti, (Mul 1:2) kenna haafuura raajiin akkanni dhugaa ba'ee dha. Mul'ati kan argisiisu bara dhumaatti, sabni Waaqayyoo yeroo seexanni gowwoomsee isaaniin balleessuuf yaadu keessa, yeroo rakkinaa keessa, akka isaan geggeessuuf kennaalee hafuura raajii gidduu isaaniitii akka qabaatanii dha. Nuyi akka Adventistotatti kenna Tajaajilichaa fi barreeffamni Ellen G. White nuuf kennameera.

**Akka hubannaa dinqisiisaa karaa hafuura raajii nuuf kennameetti maal argita? Kennaan kun dhuunfaattis akka waldaattis dirqama maalii nurra kaa'a**

**Kamisa**

**Gur.21**

### **Kan Seexanaa Tooftaa isa Bara Dhumaa**

Mul 12:7 seexanni saba biyya lafaa fi duuka buutota Kristosiif amanaman kan isaa godhachuuf waan yaaduuf tooftaa isaa akka inni jijjiiruu akka barbaadu in dubbata. Seena hundumaa keessatti inni hojii fayyisuu Waaqayyoo danquu in yaada, jalqaba irraatti aangoo isaatti fayyadamuu fi ar'atnaa itti fiduu yaala. Seenaan kan argisiisu tooftaan isaa akka hin moilkofneedha. Garuu, haftuu warra bara dhumaa balleessuuf yommuu qophaa'u humna dirqisiisee raawwachiisuu isaa irratti sossobbii guddaa dabala. Jijjiiramni tooftaa Seexanaa kun jijjiirama kitaaba Mul'ataa keessatti bara seenaa irraa gara xiyyeeffatamuu bara dhumaatti darbuu wajjin walbira deema. Jechi gowwoomsuu jedhu kutaa Mul'ataa isaa seenaa Mul. boqonnaa 4-11 jiru keessaa waan barbaachisaa dha. Garuu, yeroo baay'ee kutaa dhiimma bara dhumaa/ Eschatological/ Mul 12-20 keessatti gocha Seexanaa isa bara dhumaa inni qopheessuuf godhu ibsuuf, toorumaan dhimma ba'ame. Jechi gowwoomsuu jedhu kun Mul 12:9 irraa eegalee 20:7-10 irratti gocha gowwoomsaa Seexanaa isa bara dhumaa Mula'ata keessatti dubbatamuun goolaba.

**2Tas.2:8-12 Mul.13:13,14 fi 19:20 wajjin wal bira qabii dubbisi. Gowwoomsaan bara dhumaa amala akkamii qaba?**

---

Mul.12-20 keessatti (rev 12-20 portrays) Seexanni amanamummaa biyya lafaa argachuuf hammam akka barbaadu bakkeetti baasee argisiisa, Waaqa dhugaa fi hojii fayyisuu isaatti waan baay'isee

fakkaatu in fida. Mul'ata 13 keessatti tokkummaa warra sadanii jawwichaa fi dhibantaa isaa lamaan: bineessa galaanaa sana (Mul 13:1-10), fi bineensa isa lafa gubbaa (Mul 13:11-18). Sadan tokkummaan Seexanaa kun kallattiidhumaan faallaa sadan tokkummaa Waaqaati (Mul 1:4-6). Guutummaa kutaa macaafichaa warra hafan keessatti, miseensonni sadan tokkummaa Seexanaa kun gargar ba'uu tokko malee hojii Waaqayyo lafa gubbaatti hojjetu fi namoota Waaqayyo irraa deebisee gama isaa iriirrfachuudhaaf wal-lalchisuu irratti waliin akka hojjetan dubbata. Mul.16:13,14; 19:20; 20:10. Mul'ati kan argisiisu gowwoomsaan bara dhumaa hamma namoonni hedduun wallaalchifamanitti ulfaataa dha.

Mul'ata keessatti namoonni wallalchisu Seexanaa bara dhumaa hubatanii offirraa dhorkuudhaaf waamicha ogummaa fi hafuurataa qoranii gargar baasuu yeroo lama kennameera. Mul.13:18, 17:9. Iddoo kana ogummaa akkamiitu jira? Akka Yaq.1:5 jedhutti ogummaa akkasii akkamittiin argachuu dandeenya?

## Jimaata

## Gur.22

*Yaada dabalataa: Waan Ellen G. White jette Great Controversy fuula 518-530 "the snare of Satan" Kiyoo seexanaa kan jedhu dubbisi.*

Kaayyoon Mul'ata 12 jalqabumatti, taatileen bara dhumaa qaama waldhabdee guddicha Kristosiif Seexana gidduu jiru akka ta'e Saba Waaqayyootti himuuf. Kitaabichi waan har'a argaa jiruu fi gara fuula duraatti immoo sana caalaa diinna shaakala qabutti ba'uuf akka jirru kan akkeekkachiisuudha. Phaawulos gochaa "Inni seera malee jiraatu kunis gochaa Seexanaatiin wanta hojii aangoo, milikkitootaa fi dinqii fakkaataniinis in dhufa. Warri baduuf jiran hundinuu immoo fayyuudhaa dhugaa jaallatanii fudhachuu waan didaniif, gowwoomsaa hamminaa hunduma isaan irratti in fida." 2Tas.2:9,10.

Mul'ti waan gara fuula duraa itti yaaduudhaan Waaqayyoon jalqaba keenya godhachuu akka qabnu nutti dubbata. Gama kan biraatiin Seexanni jabaa fi diinaa shaakaala qabu ta'u iyyuu Kristosiin mo'uuf humna gahaa akka inni hin qabne Mul'ati nutti hima (Mul.12:8) saba Waaqayyootiif tokkichi abdiin nuyi qabnu isa yeroo darbe keessatti Seexanichaa fi humna diinummaa isaa mo'ate sana qofaadha. Inni amanamoo kan ta'an saba isaa wajjin ta'uuf abdachiiseera. "Gaafa hundumaa hamma dhuma baraatillee" Mat.28:20

### **Gaaffilee maree:**

1. Akka Adveentistii guyyaa torbaffaatti, akka warra amala bara dhummaa guutaniitti ofii keenya ilaalla. Carraa gaarii akkamiiti! Itti gaa-fatama akkamiis qabna ree? Kun dhuunfaatti fayyuu keenyaaf yoo wabii nuuf hin taane illee, Luq.24:48, maaliif of eeggachuun nu barbaachise?

2. "Yeroo baay'ee waa'ee aangoo Seexanaa baay'ee waliin dubbanna. Seexanni waan humna cimaa qabu ta'uun dhugaadha. Ani garuu Fayyisaa isa jabaa, diina hamaa sana Samiidhaa darbata nan galateeffadha. Waa'ee diinummaa keenyaa in dubbanna; waa'ee kanaafis in kadhanna, waa'ee isaa in yaadna; yaada keenya keessatti guddachaa adeema. Maaliif waa'ee Yesus hin dubbannuu? Maaliif waa'ee humna isaa hin yadnu. Yommuu nuyi jabina isaa haasofnu ol qabama. Yesusiin ol qabaa, isa iirratti qabamaa, sana gochuu dhaan gara fakkeenya isaatti jijjiiramtu." EGW, Advent Review and Sabbath Herald, March 19:1889. Karaa kamiidha kan Kristaanni humna seexanaa jaju? Gama biraatiin, dhugummaa jiraachuu humna Seexanaa haalun balaa akkamii of keessaa qaba?



## Seexanaa fi Michoota Isaa Lamaan

Sanbata Waaree boodda:

Barumsa Torban kanaaf dubbifadhu: Mul.13; Mul.17:8; Dan.7:24, 2Tas.2:2-12; Mul.12:4-16; 1Mot.18:38.

**Heertuu Yaadannoo:** “Yommus bineensichi akka jawwee sun dubartittii sanatti aaree, sanyii ishee warra kaanitti lola kaasuu dhaq; isaanis warra abboommii Waaqayyoo eeg-anii, isa Yesus dhugaa ba’ettis jabaatanii dha. Bineensichi sun immoo cirracha galaanaa irra in dhaabate.” (Mul.12:17).

**M**ul’ati 12 fakkii Seexana aaree saba waaqayyoo warra amana-moo loluuf qophaa’uutiin goolabame. Boqonnaa 13 immoo lola xumuraa jalqabuuf qophaa’uu isaa argisiisa. Gargaarsa miiltoo isaa lamaaniin isaaniyyu akka bineensa butatuutti dhi’eessa. Warri faallaa sadan tokkummaa ta’an kun (Mul.1:4-6), humneetii xur-aa’oon kun sadan hojii fayyisuu Waaqayyoo mormuudhaaf walii galanii jaalala lafaa argachuu barbaadu.

Jechi of eeggachiisaa murteessaa dha. Hamma ammaatti, raajiiw-wan kanumaan dura raawwataman ilaalaa turre. Hamma irraa qab-nee garuu, gara caalu, garuu guutummaatti waa’ee isa darbees utuu hin dhiisin, raajii si’achi raawwataman in ilaalla. Karaa isaanii, Waaqayyoo bara dhumaatti waan ta’uuf jiru, booddee akka hin din-qifanneef nutti in argisiisa.

Garuu, raajiiwwan kun waan gara fuula duraatti dhufuuf jiru utuu nutti himaa jiraanii, yoomii fi akkamittiin wantoonni bara dhumaa akka mul’atani akka nutti hin himin yaadachuutu nurra jira. Ka-naafuu, waan raajiin nutti himuu barbaadu caalaatti fageessinee tilmaamuuf of eeggachuu nu barbaachisa. Raajiin Mul’ata kees-

satti kennaman kaayyoo qabatamaa kanuma mataa isaanii akka qabaatan irraanfachuu haa dhiifnu: innis, akkamitti har'a akka jiraanuu fi akkamittiin boriif immoo akka qophoofnu nu barsiisuu dha.

\*Barumsa Torban kanaa dubbisiitii, sanbata isa Bit.2f qophaa'i.

## Jalqaba Torbanii

Gur.24

### Bineensa isa Galaana Keessa Argame

Mul.13:1-4,8 fi 17:8 dubbisi. Amalli bineensa kanaa maal fa'i? Sadarkaaleen jiraachuu/existence/ isaas maal fa'i?

---

Yohaannis bineensa jibbisiisaa galaana keessaa ba'u in arge. Bineensi tokko humna siyyaasaatti kan fakkeeffamu yommuu ta'u, ibsi bineensa kanaa lamaanuu humna siyyaasaa fi amantii ta'uu isaa argisiisa. Galaanichi kan inni itti ilaalamu galaana jeequmsa hawwasummaa fi siyyaasaa kufaatii mootummaa Roomaatti dhu-feedha. (Dan.7:2, 3, 23, 24).

Yohaannis bineensicha akkanni bishaan keessaa ba'etti walitti dhu-feenya isaanii wajjin Bineensichi akkuma bineensa akka jawwee isa Mul.12:3 matoota torbaa fi gaanfotaa kudhan akka qaban ibsa. Adda bineensicharra maqaa arrabsootu jira, fiixee gaanfota Sanaa irras gonfoo mootummaatu jira. Mataan bineensichaa seenaa hundumaa keessatti humna Seexanni fayyadamee saba Waaqayyoo ar'atuudha (Mul. 9-11). Maqaan arrabsoo sun maqaa Waaqayyotiin Seexanni kan kooti jechuu yaaduudha. Gaanfonni torban Dan.7:24 argisiisa. Mootota Mootummaa Roomaa keessaa badiisa isaa booda ba'anitti fakkeeffama. Kun mootummaa Roomaa keessatti sardrkaa Phaaphaasiin geggeesse Sanaa dha.

Akkuma bineensichi galaana keessaa yeroo ba'e Qeerransa, Ba'uudaa fi Leencha fakkaataa ture. Akkuma sana bineensichi amala bineensota kana arfanii walitti make qabaachaa ture (fak-

keenya mootota addunyaa) isa Dan.7:2-7 jirudha. Baabiloon, Meedonii-Faares, Griiki fi Romaa (Dan.7:17). Garuummoo Yohaannis toora Daani'eel ittiin ibseen faalla ta'een toora naqe. Kunis bineensi galaanaa kun bineensa Dan.7 isa arfaffaa wajjin akka wal fakkaatu kan argisiisuu dha.

Jawwichi bineensichaaf humna isaa, teessoo isaa fi isa guddaa aangoo isaa kennaaf. Akkuma abbaan teessoo fi aangoo isaa Yesusiif kenne (Mul.2:27), akkasuma Jawwichi bineensicha akka bakka bu'aa isaa biyya lafaatti waan qabu irratti dabarsa. Kun immoo dhugaa isa bineensi galaanaa kun sadan tokkummaa Seexanaa keessatti miseensa lammaffaa ta'uu kan argisiisu yommuu ta'u, garaa fi sammuu namaa keessatti bakka Yesus Kristos qabachuu baay'ee in fedha.

Mul.13:5 barri hojii bineensa kanaa akka sagalee raajiitti baatii 42, guyyaa 1260, kunis waggaa 1260 ta'uu dubbata. Sadarkaan inni kun yommuu bineensichi madaa du'aa madaa'u kan dhaabatee, madichi bineensi kun yeroof akkanni du'u ta'uudha. Fayyuu madaa isaan bineensichi jireenyatti deebifamuun kan argisiisu bineensich 1798 irraa qabee yeroo inni fayyee aangoo isaa duraniitti deebi'uu dha. Kun immoo biyyi lafaa dinqifannoon akka gara isaa ilaalee jawwichaa fi bineensichaaf sagadu taasisa.

## Wiixata

## Gur.25

### Gochaa Bineensa Galaanaa Sana

Akkuma kaleessa ilaalle, Mul.13:5 yeroo ari'atamaa murtaa'e kan dubbatuu dha. Barri bineensicha galaanaa baatii 42 sun bara ari'atamaa isa waggaa 1260 dubartittiin/ waldaan/ Mul.12:14 wajjin wal qixxeedha. Akka raajiitti guyyaan tokko akka waggaa tokkoo ti. Dhalota Kristos booda 538 jalqaba bara kanaati. Bara raajiin kun raawwatamuu eegaluu, akka waldaa Roomaa fi mataa waldattii Phaaphaasiin anaadha humni waldaa bulchuu kan naaf keenname jechuudhaan bara giddu-galeessaa sana biyyoota bahaa bulchuu

jalqabe. Argamuun warraqsa Faransaayi immoo madaa du'aa bineensicha irratti bara 1798 itti fide. Kunis bulchiins cunqursaa fi isa amantii fi mootummaan waliin hojjetan sana yeroo murtaa'eef gara dhumaatti fide.

**Mul.13:5-8 Dan.7:24 fi 2Tas.2:2-12 wal bira qabi. Karaa kamiidha gochi/hojiin/ bineensicha galaanaa sun garagalcha gaanfa xiqqaa fi nama seera-malee Sanaa kan ta'u?**

Hojiin bineensichaa guyyoota raajii 1260 sun bifa arrabsootiin ibsame. Kakuu haaraa keessatti Waaqayyotti qixxachuu yookiin waan Waaqa qofaaf ta'u barbaaduun arrabsoo dha (Dan.10:33, Mat.26:63-65, Mar.2:7). Arrabsoon bineensa galaanaa sun "Yommus bineensichi Waaqayyo irratti arrabsoo dubbachuudhaaf, maqaa Waaqayyoo, iddoo buufata isaa, warra waaqa keessa isa bira buufatanis arrabsuudhaaf afaan isaa in bane."Mul.13:6. Iddoon bultii Waaqayyoo mana qulqullummaa Samiiti; iddoo kristos bakka namaa ta'ee fayyina keenyaaf tajaajiluudha. Bineensi galaanaa kun hojii araarsuu Kristos sirna namaan bakka buusee cubbuu namaa dhiisee fayyina namaaf keennuu akka danda'utti yaaduudhaan hojii namaatiin bakka buusuun akka arrabsuuti. Mul.13 yeroo gantummaa guddaan Kristaanotatti dhufe, waldoonni Awuroopaa bahaa, itti gaafatamummaa Roomeetiin mataa waldaa ta'uuf waan Waaqa qofaaf ta'u fi bakka Waaqayyoo barbaadan sana kan raawwateedha. Tajaajilli araarsuu inni mana qulqullummaa samii luboota waldaa Roomaatiin bakka bu'e. Roomaatti of kennachuu warri didan hunduu ar'atamaa fi ajjeefamuutu irra gahe. Har'a haasaan akkasii kan namatti hin tolle ta'ullee, namoonni hammam yaadan iyyuu, inni yeroo keessa jirru ammaa kun isa bara darbee haquu hin danda'u.

**Waa'ee seenaa waldaaf amanamoota taanee, garuu immoo, dhugaa kanammoo eeggannadhaan warra biraatti akkamitti dabarsuu dan-deenya?**

**Bineensicha Lafa Irraa Argame**

Walakkaan Mul.13 inni duraa, baroota giddu-galeessaa keessa humna waldaa guyyota/waggoota 1260f ture kan argisiisuu dha. Taatilee warraaqsa Faransaayii wajjin humni makaa amantii fi Siyaasaa kun madaa du'aa fudhate. Garuu, madaan du'aa sun suuta suuta fayyeeffii sirnicha gara jireenyaatti deebisaaf. Walakkaan inni lammaffaan, akkamitti madaan du'aa kun akka fayyeeff kan ibsuu dha.

Mul.13:11. Amalli bineensa lammaffaa maaliidha? Ifa Mul.12:14-16, dhugaan inni bineensi inni kun lafa gubbaadhaa argamuu maal argisiisa?

---

Yohaanis bineensi kan biraan lafa gubbaadhaa argamaa akka ture dubbata. Kun kan argisiisu bineensi lammaffaanis bineensuma duraan tureen wal qixxee humna akka qabu dubbata. Garuu, bineensicha jalqabaa, isa sodaachisa sana bira yommuu qabnee ilaallu bineensi lafaa kun kan hin miinee ta'uu isaati. Inni “akka hoolaa gaanfa lama kan qabuudha.” Mul.13:11. Hoolaan Mul'ata keessaa fakkenya Kristosii dha. Kanaafuu humni bara dhuma kun Kristosiin kan fakkaatuu dha. Humni kun, bineensa hoolaa fakkaatuun bakka buufamuun, waldaatti michuu fakkaachuudhaan daangaa dubartittii/waldattii/ lola isa dhuma waggaa 1260 (Mul.12:14-16) irraa ittisuun bakka bu'a. Xabataa haaraan taatee kana keessatti, bineensichi galaanaa madaa du'aa Warraaqsa Faransayiin ergaa fudhatee booda gara aangoo addunyaatti dhufeedha; innis xabataa bara dhuma ta'e jechuudha.

Heertuun kun, garuu, bineensi akka hoolaa ganfa lama qabu kun suuta suuta akka jawwichaa, akka Seexanichaa akka dubbachuu jalqabu dubbata. Humni bara dhumaa kun guutummaan lafaa bineensicha duraa isa madaa du'aan dha'ame sana akka waaqessuuf meeshaa kan ta'uu dha. Kunis kan argisiisu daangaan bara giddu galeessaa dura, yeroo tokko ittisa kan kenneef, waldaafi bakka itti boqonnaa kan ture, haala bara dhumaa keessatti immoo ga'ee ari'annaa xabachuu akka danda'uu dha.

“Bara 1798 saba biyya haaraa kamtu gara aangooti dhufe, jabinaa fi guddina kan abdachiise xiyyeeffannoo biyyaas kan qabate eenyuu dha? Fakkenya kana hojii irra oolchuun, gaaffii kan hin qabne Sabni tokko, waan raajiin kun jedhu raawwachuu danda'u tokkittii dha. Dogoggora tokko malee mootota Amerkaa gamtoomanii qofaadha” EGW, the great controversy 440

**Mootummaa Ameriikaa Gamtooman bineensa kana ta'uun yommuu hubatame, dhiibbaa har'a uumu gochuu kan hin dandeenye naannoo aangoo iyyuu hin turre. Dhugaan dhimmi gara fuula duraatti, mootummaan Ameriikaa gamtoofte humna kana ta'uu ishee hubaachuun, raajii akkamittiin mul'isa?**

**Roobi**

**Gur.27**

### **Fakkenya Bineensichaa**

**Mul.13:12-13 dubbisi. 1Mot.18:38 fi HoE.2:3 hojii gowwoomsaa bineensichaa isa guddaa amma Ibibda waaqa irraa busutti ga'uu sana, akka hubannuuf akkamittiin nu gargaaru?**

---

Bara dhumaatti, bineensi hoolaa fakkaatu sun aangoo bineensicha duraanii shaakaluu jalqaba, isas bifa hafuura Qulqulluutti fakkeesuudhaan jalqaba. Akkuma Hafuurri Qulqulluun aangoo Kristoosi-

in hojjechuudhaan namoota gara Kristosiin argisiisu (Yoh.15:26), humni biyya lafaa kanaas, humna bineensa galaanaa Sana dhimma ba'uudhaan nama gara bineensichaa akka ilaalan godha.

Bineensa isa jalqabaa sanaaf abboomamuudhaan, bineensi inni hoolaa fakkaatu kun namoota lafa gubbaa jiraatan hundumaa akka isaan bineensicha duraa sana waaqessan in godha. Heertuun kun kan argisiisu, inni madaan du'aa isaa akka fayyu gochuu keessaatti qooda akka qabaatuu dha. Bineensi hoolaa fakkaatu kun guutummaan lafaa akka isaan bineensicha isa duraa sana akka waaqessan akkamittiin gochuu danda'a? Jalqabuma irratti, ittiin gowwoomsuuf dinqii garaagaraa dhimma ba'uudhaan, (Mul.13:13-14) sadarkaa dhumaa irratti immoo dirqisiisuudhaan godha (Mul.13:15-17).

Madaan du'aanga'u kan bineensichaa fayyuun sirni amantii bara giddu-galeessaa deebi'ee haara'uu argisiisa, maalalee/Dinqii/ garaa garaatti fayyadamuudhaan, bineensi hoolaa fakkaatu sun namoota lafa irraa wallaalchisuu bineensa madaa du'aa madaa'ee ture sana akka isaan bifa fakkeenya godhatan isaaniin taasisa. Fakkeenya koppii/garagalcha waan dhugaa ta'e tokkoo ti, biyyi lafaa amantii waan tokko tokkoo isa bara giddu galeessaa ta'e koppii gootee sirna amantii uumte. Namoonnis sossobbaa sana fudhachuudhaan akka mul'achuu humna Waaqayyootti ilaalan. Yeroo humneetiin hawwasa amantii fi Siyyaasaa walitti dabalamu dhaabbileen amantii akka humnaan amantii fudhatan taasisuutti geessa. Yeroo akkasii keessa bineensichaa akka fakkeenyaatti ilaaluutu dhufa.

**Mul.13:14-15 dubbisiitii yaadni inni Uma.2:7 fudhatame bineensichatti lubbuu galchuu sana akkamitti akka ibse ilaali.**

Akkaataa haasaa Uma.2:7 dhimma ba'uudhaan bineensi hoolaa fakkaatu sun bifni fakkeenya Sanaa akka Waaqayyo dura lubbuu namatti galchee nama jiraachisetti bineensi hoolaa fakkaatu kun

bineenisicha duraa akka bineensicha humna qabaachise argina. Sossobaa humnaan fudhachiisuun namoonni biyya lafaa hunduu sossobamanii aangoo qabeessummaa bineensicha duraa fudhatanii bineensicha duraa in waaqessu.

**Waaqumti iyyuu utuu humnaa dhiibamee, dhiibbaan waaqessuu fi abboomamu irras gara fannoo dhaquu kan jaallatu yoo ta'e, (dhiibbaan aabboomamuu irra du'a wayya yo jedhe) kun waligalteen bara dhumaa akkam ta'uuf akka jiru maal nutti hima?**

**Kamisa**

**Gur.28**

### **Mallattoo Bineensichaa**

Mul'ati 13 bineensi hoolaa fakkaatu sun bara dhiphina dhumaa sana gahee geggeessummaa akka qabaatu in argisiisa. Humni addunyaa lafa kanaa sirna adunyaallessaa fayidaa to'annoo namootaaf jecha garagalcha amantii bara giddu galessaa sanan kan geeggessu akka bu'uuressuu dha.

***Mul.13:16-17 Kes.4:8 wajjin wal bira qabii dubbisi. Mallattoo sana adda irratti yookiin harka mirgaatti godhachuu jechuun abboommi Waaqayyoo wajjin maal walittii qabaa?***

---

---

---

Namoonni kutaa hawwaasummaa hundumaa keessaa mallattoo bineensichaa adda isaaniitti yookiin harka isaanii mirgaatti fudhachuuf in dhiibamu. Mallattoo kana fudhachuu jechuun, gamuma bineensichaa goruu jechuudha. Akkuma mallattoon Waaqayyoo warra kan isaa ta'an adda baasu (Mul.14:1), mallattoon bineensichaa waaqeffatoota bineensichaa adda in baasa.



Mallattoo bineensichaa jechuun mallattoo ijatti argamu jechuu miti. Harka mirgaa irratti yookiin addatti godhachuun kun isa Museen qajeelfama Israa'elotaaf seera Waaqayyoo akka mallattootti harka isaanii yokkiin adda isaaniitti akka godhatan abboome irrattiidha (Bau.6:8), kunis Mallattoon adda irratti ta'uun seera Waaqayyoo sammuu keenya irratti akka qabatu gochuu kan argisiisuudha; harka irratti godhachuunis amalaa fi waan namoonni hojjetan kan ilaallatuu dha.

Dhimmi cimaan dhiphina bara dhumaa keessatti, dhimma Waaqayyoon waaqessuu fi abboommii isaa eeguudha (Mul.14:12). Addumaan abboommiin sanbataa, waan ittiin amanamummaa fi abboomamoo ta'uun qoramee ilaalamuudha. Sanbati akkuma namoota warra Waaqayyoof amanamaniif mallattoo addaan baasuu ta'e (His.20:12), egaan mallattoon bineensichaas milikkita bineensichaaf abboomamuuti.

Mallattoon bineensichaa kallattiidhumaa haleellaa abboommii arfaffaa irratti ta'uudha. Inni akka seera nama isa seera Waaqaa bakka bu'eetti hojjeta. Dhugaa kanaaf ragaan cimaan, bakka sanbata isaa Guyyaa Torbaffaa isa macaafa qulqulluun kaa'aameetti, namaan kan bu'uureffame waaqeffannaa Guyyaa Jalqaba Torbaniiiti (Dan.7:25). Mallatto uumaa dhugaa ta'uu isaatti jabaatee kan jiraatuu, Sanbata Guyyaa Torbaffaatti jalaqabuma biyya lafaatii qabnee, nuyi Waaqayyoon akka uumaatti in waaqessina. Mallattoo uumuu Waaqayyoo gara guyyaa biraatti jijjiiruuf yaaduun humnaa fi gahee Waaqayyoo saamichaan fudhachuu yaaluu jechuudha.

***Gadi fageenyaa toora dubbii Mul.13:14-18 keessa jiru isa Dan.3:1-7 jiruu wajjin wal bira qabi. Seenaa kana lamaan gidduu wal fakkeenya maaliitu jira, Bara dhumaattis maaltu ta'a?***

**Yaada dabalataa:** Mul'atni Sanbatni bara dhumaatti mallattoo abboomamuu akka ta'e dubbata. Garuu wanti nuyi yaadachuu qabnu, har'ayyuu Waaqeffattoota Guyyaa Jalqaba Torbanii ta'uun mallattoo bineensichaa qabaachuu jechuu miti. Waaqeffannaan jalqaba torbanii "mallattoo bineensichaa" kan ta'u, namoonni gowwoom-saa achi irratti ta'u sirriitti ergaa hubatanii booddee garaagarum-maa isaa erga baranii boodaa filannoo guyyaa waaqeffannaa isaanii yommuu godhanii Sanbata gara Waaqayyoo moo faallaa isaa yommuu filatanii dha. Garuu yeroon sun ammallee fuula dura jira.

"Eenyullee amma ammaatti mallattoo bineensichaa hin fudhanne. Yeroon ilaalamuu sun ammallee hin geenye. Waldaa hundumaa keessa iyyuu amantoonni dhugaa ni jiru, waldaa Katolikii Roomaayyuu kun hin qoodu. Eenyu iyyuu ifa dhugaa utuu hin fudhatin dirqama abboommii araffaas utuu hin beekin hin komatamu. Garuu labsichi yommuu ba'u, Sanbata itti fakkeeffame sana humnaan nama filachiisuuf, ergaan ergaamaa sadaffaa sagalee guddaan dhaga'amu sun namoota akeekkachiisuuf, bineensichaa fi akka hin sagadne, fakkeenya maqaa isaafis yommuu ega sararri hubatamaan sobaaf dhugaa jala in sararama. Isa booddee warri ittuma fufanii daddarbaa godhan mallattoo bineensichaa in fudhatu" EGW, Evangelism 234

Har'a Guyyaa jalqaba torbanii waaqeffachuun namuma tokko iyyuu, hamma guyyaa sanbataa waaqeffachuu kan fayyan taasisuu caalaa kan badan akka nama hin goone haa yaadannu. (Guyyaa torbaffaa waaqeffanneef in fayyine akkuma hin jedhamne guyyaa jalqaba torbanii waaqeffanneef in badne hin jedhamu). Garuu, Yeroon dhimmi "mallattoo bineensichaa" dhimma giddu-galeessa ta'ee guyyaa itti waaqeffannu filachuun dirqama amanamummaa

ta'u dhi'ootti dhufaa jira. Mul'ati namoota Waaqayyoof waamicha gochaa jira; hafuura garaa namaa qoruun namoonni sagalee raajii qoratani, namoota warra har'a wangeelaan bira hin ga'amin jiran bira ga'uuf dhama'iinsa in godhu.”

## **Gafilee maree**

**1. Haala biyya lafaa har'aa yommuu qorattu haala amantii fi polotikaa isa gara raawwii Mul.13 itti geessu waan akkamii argita?**

**2. Bara dhumaa eegaa yommuu jirru, ilaalchi nuyi Kristaanota dhaabbata amantii biraa keessa jiraniif qabnu waan akkamii ta'uu mala? Gorsa itti aanu kan yaadi. “Tajaajiltoonni keenya tajaajiltoota waldoota biraa wajjin walitti siquutu barbaachisa, warra Kristosis kadhachaafii jiru sanaaf isaanumaa wajjin kadhachuu qabu. Kun itti gaafatama isaanii guddaa dha. Akka ergamtoota Kristositti fedhii guddaa fi gadi fagoo ta'e argisiisuu qabna.” EGW, 6T, 78. Ilaalcha Kristaanota dhaaba amantii biraa keessa jiraniif qabaannu keessatti hafuura Kristaanaa kan hin taane akkamitti dhabamsiisuu qabna? Amantii keenya mareetti utuu hin dhi'eesin, Kabaja isaanii fi amantii dhuunfaa isaan qabaniif akkamittiin argisiisuu qaba?**

## Kan Waaqayyoo wangeela Barabaraa

Sanabata Waaree Booddee

Barumsa Torban kanaaf Dubbisi. Mul.14:6-12, Mat.24:14; Lal.2:13, 14; Bau.20:2-11; Isa.21:9.

**Heertuu Yaadannoo:** “Kana keessatti obsaan danda’uun warra Waaqayyoo qulqullaa’anii, abboommii Waaqayyoo eeganii, Yesusitti amanuu isaanii jabeessanii in barbaadama.” Mul 14:12

**N**amoonni biyya bineensicha waaqessanii fi fakkeenya bifa isaa akka hafuurri keessa deebi’u gochuuf filachuu isaaniif gowwomsaan Seexanaa bara dhuma in milkaa’aaf jechuudhaan Mul’ati in ibsa. Garuu Mul.14:1-5 immoo Waaqayyoo hafii isaaf amanamoo ta’anii yeroo biyyi lafaa hundinuu dhaabachuu dadhabu warra Gooftaaf dhaabatan akka hafan in dubbata.

Gara dhumaatti, namoonni filachuutu irra jiraata isa dhimma sagaduu fi dhiisuu miti (eenyu iyyuu waan ta’ee tokkoof hinuma sagada waan ta’eef), gaaruu, eenyuun akka Waaqessaniidha malee. Waaqeffattoonni bineensichaa mallattoo isaa addaa fi harka isaanii mirgaatti in fudhatu, kunis mallattoo waadaa isaan sammuu fi gochaa keenyaan siif tajaajilla jedhanii sirna Waaqa dide sana filatanii ti.

Yeroodhuma sana, biyyi lafaa bara Phenxeqostetii jalqabee kan dhugaa hin ba’amin lallaba wangeelaa guddaa dhaga’uu ishee dhugaa in baati. Firdiin Waaqayyoo namoota didan irratti utuu hin dhangalaafamin, Waaqayyoo ergaa akeekkachiisaa in erga. Gochaan Seexanaa guutummaa addunyaatti, labsiin argaa bara xumuraas akkuma kana guutummaa Addunyaatti in taasifama. Waaqayyoo hundumtuu akka fayyuu malee eenyullee akka badu hin fedhu.

Kun immoo kan ta'uuf Kristos nama hundumaafuu waan du'eefii dha. Dhimmi isaa carraa kennameef kana eenyutu fudhata yookiin immoo eenyutu hin fudhatu kan jedhuu dha.

\*Barumsa Torban kanaa qo'adhuutii sanbata isa Bit. 9f qophaa'i.

## Jalqaba Torbanii

Bit. 3

### Ergaa Ergamoota Sadanii

Bara dhumaa dura, akka fakkeenyaatti sagalee ergamoota sadii samii keessa balali'aniitiin kan ibsame, Waaqayyo ergaa akeekkachii isaa in erga. Jechi Griiki ergamoota ibsu 'Anngelos' jechuun kan ergaman jechuu dha. Macaafa qulqulluu keessatti, ergamaan yeroo baay'ee nama (person in service) hojii irra jiru kan argisiisuu dha (Milk.2:7; Mat.11:10). Ragaan Mul'ata irraa argisiisu ergamoonni sadan, saba Waaqayyoo warra ergaan bara dhumaa akka addunyaaf labsaniif itti kennameef kan dhaabataniidha.

**Mul.14:6, Mat.24:14 wajjin wal bira qabii dubbisi. Ergaan ergamaa isa duraa “Wangeela Barabaraa” jedhama. (Mul.14:6). Kun waa'ee qabiyyee fi kaayyoo ergaa ergamaa duraa maal nu barsiisa? Ergaan kun waan nuyi amannu hundumaafuu maaliif wiirtuu ta'a.**

---

Ergaan bara dhumaa inni jalqabaa wangeela. Wangeelli immoo oduu gaarii waaqayyoo yommuu ta'u innis waan Kristos yesus isaaniif godhe irratti hundaa'uudhaan isa isaaniin fayyisee dha. Ergaan ergamaa tokkoffaa sababii inni “wangeela barabaraa” ta'eef inni qaama gocha Waaqayyo nama kufe deebisuuf godhuu waan ta'eefii dha; karoora utuu nuyi hin uumamin /before we existed/ qophaa'eedha 2Xim.1:9, Tit 1:2. Wangeelli fayyinaa fi firdii walitti qabaata. Warra fudhataniif oduu fayyinaa gaarii dha. Akkasumas warra abdiin inni kennu didaniif inni akeekkachiisa firdiiti.

Ergamoonni sadan ergaa isaanii “sagalee guddaan” lallabuu isaanii-

tu ibsama (Mul.14:7,9). Ergaan sun ariifachiisaa fi barbaachisaa dha. Carraa namaa isa dhumaaf murteessaa ta'uu isaatiin namni hundinuu dhag'uu qaba. Akka kanatti saba, qomoo, afaan fi namoota hundumaatti lallabamuu qaba. Kun addumaan kan barbaachisuuf sababii dhugaa isa, bara dhumaatti, qomoo, afaanii fi saba hundumaa irraati bineensichi aangoo Seexanni kenneef dhimma ba'a waan ta'eefidha (Mul.13:7). Akkuma gowwoomsaan Seexanaa ballinaan addunyaawwaa ta'e, lallabni wangeelaa bara dhumaas addunyaawwaa in ta'a.

Ergaan ergamoota sadanii saba Waaqayyootiin faallaa hafuurota faattee fakkaatan sana sadanii warra afaan sadan tokkummaa seexanaa keessaa ba'anii in lallabama (Mul.16:13,14.). Ergaan hafuurota kana sadanii ergaa ergamoota sadanii kan mormuudha. Kanaafuu biyya lafaatti, biyya lafaa ergaa wal dorgomu lamatu dhi'aataaf, lamaanuu degersa namoota lafaa argachuuf wal dorgomu.

Akka Adveentistii guyyaa torbaffaatti ergaa wangeelaatiin biyya lafaa qaqqabuuf waamamneerra. Kana gochuu kan si gargaaru maal gochaa jirta? Kana caalaas wanti silaa gochuun sirra ture maal?

Wiixata

Bit. 4

### **Ergaa Ergamaa Tokkoffaa Kutaa tokkoffaa**

Mul.14:7, Lal.12:13-14 wajjin wal bira qabii dubbisi. Waaqayyoon 'sodaachuu' jechuun maal jechuu dha? Qabiyyeen Waaqayyoon sodaachuu wangeelaa wajjin akkamitti walitti dhufa? Wangeelli abboommii eeguu wajjin walitti dhufeenya maalii qaba (Rom.7:7-13s ilaali waaqayyoon sodaachuu fi isaaf kabaja kennuun hidhata maalii qaba?

---

Waamichi "Waaqayyoon sodaatanii ulfina isaa kennuu" Mul.14:7 qabiyyee wangeela barabaraatiin lallabama. Hubannaan waan Kristos fayyina keenyaaf godhee isaaf akka deebii gaarii kenninu nu taasisa.

Mul'ataa keessatti, Waaqayyoon sodaatanii ulfina kennuufiin walitti qabatanii jiru (Mul.11:13; 15:4). Inni jalqabaa Waaqayyoo wajjin hariiroo gaarii qabachuu keenya yommuu argisiisu, (Iyo.1:8), inni lammaffaan isaaf abboomamuu keenya kan mul'isuu dha.

Waaqayyoon sodaachuu (fear) jechuun, sadaadhuma (afraid) utuu hin ta'in itti yaadnee isa fudhachuudhaan, jireenya keessatti iddoo isaaf ta'u isaaf laachuu dha. Sabni Waaqayyoo warri bara dhuma warra Waaqayyoon safeeffataniidha (Mul.11:18, 19:5). Namni Waaqayyoon sodaatu isaaf abboomamuudhaan isa kabaja. Kes.5:29, Lal. 12:13). Amala Waaqayyoo callaqqisisu. Uma.22:12.

Waaqayyoon sodaachuu fi ulfina isaaf kennuuf wanti nama kakaa-su "yeroon firdii dhi'aachuudha." Mul. 14:7

Firdiin iddoo kanatti argamu, firdii isa dhufaatii lammaffaa fuula dura ta'uu dha. Kayyoon firdii dhufaatii duraa kun filannoo Waaqayyoo fi hojjechuu yookiin dhiisuu keenya gara dhumaatti fiduuf kan ta'uu dha (filannoo isa hojii keenyaan beekamu). Xumura firdii kanaatti, carraan nama hundumaa jala sararama. Mul.22:11. Waaqayyos gatii nama hundumaa akka hojii isaatti hundumaafuu in fida. Mul.22:12

Firdiin Mul.14 qaama wangeelaati. Warra Waaqayyoo wajjin walitti dhufeenya qabaniif firdiin oduu gaarii dha. Yakkattii bilisoomsuu, fayyina, bilisummaa dha. Garuu, warra hin amanamneef oduu gadheedha. Ergaan dhufaatii firdii waamicha gara Waaqayyoootti deebi'uu, qalbii jijjiirrachuu dha; Waaqayyoo namni kam iyyuu akka badu utuu hin taane akka qalbii jijjiirratuuf malee. 2Phe.3: 9.

**Guyyaa firdiitti akkamittiin dhaabachuu dandeessa? Hojiin kee bilisummaa akkamii si abdachiisa? Deebiin kee wangeela barbaaduun kee maal siif mirkanessa? Ergaa ergamaa tokkoffaa wajjin maaliif walitti dhi'eenya dhi'oo qabaata?**

**Ergaa Ergamaa Tokkoffaa Kutaa 1ffaa**

Seenaa biyya lafaa keessatti dhimmi giddu galeessi Waaqayyoof sagaduu fi isaaf abboomamuu isa abboommii isaa eeguun mul'atu ta'uu macaafni Mul'ataa in argisiisa Mul.14:12. Namoonni biyya lafaa keessa jiran bakka lamatti in qoodamu: warra Waaqayyoon sodaatanii isaafis sagadanii fi warra bineensicha sodaatanii isaaf sagadanii dha.

**Abboommii keessaa warra jalqabaa arfan keessa ba'i (Bau.20:2-11) achii immoo Mul.13 dubbisi. Akkamitti kan fakkeenyi sun Waaqeffamuu gaafatu? (Mul.13:15) Waaqayyoo fi maqaa isaa akkamittiin arrabsa (Mul.13:7, 8)? Fakkeenya bineensichaa fudhachuu isaa (Mul.13:16-17) seeexanni abboommii jalqabaa arfan yeroo dhiphanaa sana irratti xiyyeeffachuu isaa akkamittiin argisiisa?**

---

Qabiyyeen giddu galeessaa abboommii arfan warra jalqabaa abboommii keessatti, dhimma waaqeffannaa ture. Mul'ati immoo abboommiin kun arfan yeroo dhiphina dhumaa safartuu amanamummaa akka isaan ta'an in dubbata. Wallaansoon guddaan inni kristosii fi Seexana gidduu mul'taadhumaatti naannoo waaqeffannaa fi abboommii arfan warra jalqabaa irra naanna'a.

Wallansoo xumuraa keessatti waamicha ergamaa duraa isa lamataa irratti kan xiyyeeffatuu dha. Waamicha "isa waaqaa fi lafa uumeef sagaduu, galaanotaa fi burqituu bishaanii" (Mul.14:7) waan abboommiin (Mul.20:11) kun arfan ibsuu yaadanii dha. Kunis waamichi waaqa uumaa waaqessuu haala sanbata eegu keessaan kan kennameedha.

Abboommii kurnan keessa, akkuma guutummaa Macaafaa kees-



saa, waaqeffannaan dhugaan guyyaa itti waaqeffatamuu wajjin hidhata qaba. Sanbati guyyaa torbaffaa haariiroo nuyi Waaqayyoo wajjin qabnuuf mallattoo addaa ti. (Bau.31:13, His.20:12). Ergaa ergamaa jalqabaatiin bara dhumaatti namoonni lafa gubbaa jiraatan gara waaqa dhugaa waaqessuutti waamamuu dhaan bakka Waaqayyooof ta'u jireenya isaanii Keessatti isaaf in kennu. Ergaan kun ergaa gowwoomsaa seexana isa bara dhumaan namoota gara aman-tii dharaatti galchuu waaqa sobaa waaqeffachiisuuf hojjetuun taa-sifamuun kan mormuudha. Walakkeessi kana hundumaa abboom-mii araffaa dhimma guyyaa sanbataa guyyaa torbaffaadha.

“Ayyaanefannaan guyyaa sanbata dharaa akka seera mootummaati ta'u abboommii araffaan kan mormuudha; innis mul'inumatti humna seera Waaqayyoon mormuu wajjin walii galuudha. Akka seera waaqayyoootti Sanbata dhugaa eeguun garuu waaqa uumaaf ajajamuuf ragaadha. Gareen tokko mallattoo humna lafaatti of kennuu, mallattoo bineensichaa fudhachuu yeroo murteeffatu warri kaan immoo, Waaqayyooof abboomamuu fudhachuudhaan mallattoo Waaqayyoon fudhatu.” EGW, GC, 605.

## Roobi

## Bit.6

### Ergaa Ergamaa isa 2ffaa

Ergaan ergamaa isa duraa namoota gara Waaqa dhugaa sodaatanii isaafis sagaduutti yommuu waamu, ergamaan inni lammaffaan immoo carraan Baabiloon bara dhumaa akka sirna amantii sobaatti maal akka ta'u in labasa.

Mul.14:8 Mul.18: 2 fi Isa.21:9 wajjin wal bira qabii dubbisi. Yeroo lama irra deebi' amuu jecha “kufteetti” jedhuu, dhumni Baabilooni dhugaa ta'uu argisiisa. Kufaatiin Baabiloon gara fuula durraati ta'ullee, maaliif akka waan kanumaan dura kufteetti dhi'eefame? Maaliif kun kan ta'eef?

Bakka kanatti akka magaalaa guddittiitti dhi'aatte. Kanaaf saba-biin, fakkeenya Baabilon kun Mul'ata keessatti Baabilon seenaan kanaan dura akka Waaqa hin beeknee fi warra saba Waaqayyoo ari'atanii keessa waan dhaabatteef. Isa.14:12-15, Baabilooniin Seexanaa fi isa Seexanni Waaqayyoon of qixxeessuu yaadee wajjin wal fakkeessa. Baabilon bara dhumaa akka Mul'ata keessatti maqaa sadan tokkummaa humneetii seexanaa amantii sobaa wajjin yeroo gamtooman kennameefiidha. Mul.17:5. Kun tajaajila Seexanaa keessa isaan galchee akka isaan Saba Waaqayyoo irratti hojjetan isaaniin godha. Mul.13:11-18. Gamtaan amantii ganani kun Waaqayyoon olitti of ilaaluu fi bakka Waaqayyoo qofa ta'u qabatee biyya lafaa keessatti bakka isaa qabachuudhaan of mul'isfti. Ergaan ergamaa isa lammaffaa sirni cubbamaan kun akkuma Baabiloon durii sana xumura akka qabaatu Saba Waaqayyoo mirkaneesse.

**Ammas irra deebi'ii Mul.14:8 17: fi 18:3 wajjin wal bira qabii dubbisi. Baabiloon wayinii ejjummaa ishee akka dhugan akkamittiin gochuu dandeessi? Maaliidha waa'een wayinichaas?**

---

Baabiloon daadhii ejjummaa ishee saba hundumaa hobaasuu isheetiin komatamte. Ermiyaas waa'ee Baabilon saba lafa hundaa macheessuu in dubbata (Erm.51:7). Mul.17 baabiloon bara dhumaa akka ejjituu ishee daadhii alalummaa isheen biyya lafaa macheesituutti kaa'aa (Mul.17:2). Kunis Mul.13 keessatti, akka bakka itti tokkummaan hafuura xuraa'aa namoota wallaalchisee bineensichaa fi bifa fakkeenya isaa akka waaqessan gochuu isaa argisiisa (Mul.13:11-18).

Wayiniin Baabiloon barsiisa sobaa fi wangeela sobaa isa sirni warra amantii gananii dhi'eessaniidha. Namoonni machaa'an sirriitti yaaduu hin danda'an. Daadhii Baabilooniin machii hafuuraas yeroo machaa'an, Baabilon sammuu isaani to'achuudhaan akka isaan

bineensichaa fi fakkeenya maqaa isaaf sagadan in taasisa. Bu'aan machii isaanii yeroo irraa ba'u, murtii fi gocha isaanii hubachuudhaan yommuu beekan yeroon immoo itti darbeera (Mul.17:15:17).

**Daadhii Baabilon dhuguuf namni tokko Dirqama Baabiloonumaan jiraachuu qabaa? Karaa kamiidha kan namni tokko daadhii baabiloon dhuguu danda'u?**

**Kamisa**

**Bit.7**

### **Ergaa Ergamaa 3ffaa**

Mul.14: 12 amanamoo saba Waaqayyoo akkamittiin argisiisa?

Faallaa jara kanaa, Mul.14:9-10 immoo carraa warra dheekkamsa Waaqayyoo arguuf jiraniii akeekkachiisa kenna. Bara kakuu moofaa, dhangalaafamuun dheekkamsa Waaqaa fakkeenyaan akka Wayinii xooffoo keessaa dhugamuuti (Erm.25:15). Jabinni firdichaa warra bineensicha waaqeffatan irrattii akka waan daadhii dheekkamsa Waaqayyoo makaa hin qabaatiiniitti xooffootti bulbulameetti fakkeeffame. Namoonni durii jabeenya macheessuu Wayinii salphisuuf xooffootti bishaaniin bulbulu turan. Jabina macheessuu isaammoo dabaluuuf wayiniinii hin bulbulamin waan akka margaa fi urgooftuu garaagaraatti maku. Bulbulaan wayinii makaa hin qabnee bu'uu dheekkamsa Waaqayyoo isa akkuma bu'etti dhufu araaraan kan hin makaminitti fakkeeffama (Far.75:8).

Mul.14:10 fi 11, Mul.20:10-15 wajjin wal bira qabii dubbisi. Isa.34:8-10 fi Yihudaan 7 hima "Aarri ibidda isaan dhiphisuu immoo baruma baraan ol in ba'a;" jedhu kana irratti ifa akkamii kennuu danda'u?

Jechi ibiddaa fi dhagaa boba'u keessatti gubachuu guutummaatti balleffamuu argisiisa. Ibiddii fi dhagaan boba'u karaa firidiin raaw-

watamuudha. (Uma.19:24, Isa.34: 8-10). Aarri ibidda badiisaa inni ol ba'u sun macaafa qulqulluu keessatti waan baay'ee beekamaa dha. Isaayyaas isa Edom ibiddaa fi dhagaa boba'uun baddu dursee dubbatee ture: leelee nama gubutti in jijjiira “bara baraanis namni achi keessa hin adeemu, halkanii fi guyyaa ibiddi isaa hin dhaamu, aarri isaa utuu wal irraa hin citin ol in ka'a, dhalootaa hamma dhalootaattis lafa duwwaa in ta'a” (Isa.34:10). Ergaan yihudaa immoo carraa Sodomii fi Gomoraa akka adabbii “ibidda bara baraa ta'etti” dhi'eessa Yihudaa 7. Heertuu kun waa'ee ibidda dhuma hin qabne hin dubbatu; isaan keessaa tokko iyyuu maagalonna kun akka har'a gubachaa jiranitti waan hin dhi'eessineef. Gubuu isaa utuu hin ta'in bu'aan gubachuu isaanii barabaraani. “Ibiddi barabaraa” Mul'ata keessatti guutummaatti gubachuu kan argisiisu gubachuu isaa hamma gubannaan sun raawwatamuu fi wanti gubatu hin hafnitti.

***Dhugaa guddaa isa ibiddi barabaraa yeroo dhuma hin qabneef hin gubneef warra badan hin gubneef gammadnu iyyuu, addabbiin isaa ammayyuu dhukkubsa dha. Kun waa'ee namoonni waan ta'uuf jiru kana akka akkeekkachiifnuuf hojii qullaa'aa nutti kennamee maal nu barsiisa?***

Jimaata

Bit.8

***Yaada dabalataa:*** “Final warning” Geat Controvesy 605-612 ergaa Ellen G. White irraa dubbisi.

Bara dhumaatti lalaba ergaa wangeela bara dhuma biyya lafaaf lallabuuf akka itti kenname Mul'ati in argisiisa. Hojiin nu fuula dura jiru waan ulfaataa in fakkaata. Garuu abdii humna Waaqayyoo qabna.

“Isa guddaa hojii wangeelaa xumuruun bara jalqabaa isa banuuf humna barbaachisee gaditti hin barbaadu...ergichi gara fuula duraatti kan adeemu wal falmiitiin utuu hin taane hafuura hum-

na Waaqaatiin amansiifamuutiin ta'a. Sanyichi faca'eera, amma biqilee ija in godhata." EGW, GC, 611-612.

Xumurri ergaa Waaqayyoo isa bara dhumaa namoota biyya lafaa hundumaa bakka lamatti qooduudhaan xumurama. Namoota Waaqayyoo wajjin walitti-dhufeenya qabaatanii fi warra bineensicha faana bu'uu filatan. Gargar ba'uun kun haala makarii laamaan fakkeeffame: qamadii gonbisaatti galchuu (Mul.14:14-16) fi ija wayinii iddoo cuunfaatti irra adeemamu (Mul.14:17-20). Kun egaan mata duree Mul'ata boqonnaa 17-18 ti.

## Gaafilee maree

**1. Waa'ee kanaa yaadi: waldaa Adveentistii guyyaa Torbaffaa alatti kan ergaa ergamoota sadanii barsiisan eenyu fa'i? Hojiin keenya hammam barbaachisa akka ta'e kun maal nutti hima? Akkam cimsinees ilaaluu qabna?**

**2. Firdiin Kristaanota hedduu biratti hamma kana beekamaa ken hin taaneef maaliif sitti fakkata? Firdiin dhufaatii dura Kristaanota har'aa biratti akkamittiin hubatama? Amantoota akka kee waa'ee firdii dhufaatii jalaa caalaatti akka hubatan akkamittiin gochuu dan-deessa?**

**3. Gaaffi waa'ee sanbataa haala taatilee bara dhumaa keessaan itti yaadi. Sanbati inni gara torbani uumamaa isa jalqabaatti kan nu deebisu kun (Uma.2:2,3) shoora giddu-galeessa ta'e kan xabatuuf maaliif jetta? Dhimmi isaa eenyuun akka waaqessinu irratti yoo ta'e "ummaa waaqaa fi lafaa" (14:7), moo humna bineensichaa, sanbati guyyaa torbaffaa isa hunduma duraa yoo ta'u "waaqaa fi lafa" uumuu waaqayyootiif milkita fi bu'uura kan ta'u ta'ee, sanbati akka abboommii Waaqayyoo keessaa akka isa tokkootti, (Mul.14:12), dhiphina bara dhumaa keessatti gahee ol aanaa akkasii kan xabatuuf maaliif jetta?**

## Dha'ichoota warra Dhumaa Torban

Sanbata Waaree booda:

*Barumsa torban kanaaf dubbisi: Mul.15:1,; 7:1-3; 14:9,10; 16:1-12; 17:1; Dan.5; Mul.16:16 2Tas.2:9-12*

**Heertuu Yaadannoo:** “Yaagooffaa! Namni si hin sodaanne, maqaa kees kan hin guddifne eenyu? Si duwwaatu qulqulluu dha; sabni hundinuu in dhufu, siifis in sagadu; gochaan kee inni qajeelaan mul'ifameera.” Mul 15:4

**M**ul.11:18 haftuu warra kan Waaqayyoo loluudhaaf lola xumuraa akka kanatti cuunfee dhi'eessa “Saba Waaqayyoo warri hin ta'in dheekkamaniiru”. Yeroon Waaqayyoo aarii isaanii sanaafuu innis aarii fi dheekkamsa isaa, dha'ichoota torban hamoota irratti dhangalaasuudhaan deebii kennutu gahe (Mul 15:1).

Mul.15 fakeenya ergamoota torban waciitota torba warra dheekkamsa Waaqayyoo qabanitti fakkeessee dhi'eessa. Garuu utuu dhangalaafamuun kanaa hin raawwatin, fakkiin saba Waaqayyoo warra amanamoo in dhi'aata (15:1-4). Inni isaan galaana Birillee irra dhaabatan farfannaa Musee fi Hoolichaa faarfatan, hambaa gammaachuu isa Ibrooti galaana diimaa birratti mo'icha warra Gibxi irratti gammadanii faarfatan sana kan fakkaattu gammachuu Bineensichaa fi fakeenya isaa mo'achuu isaaniiti.

Toloonni mo'atan kun warra 144000 jedhaman (Mul.14:1-5) ibsaman Sanaa dha. Mallattoo bineensichaa diduudhaan, dha'ichoonni dhumaa torban akka isaaniin hin miineef eegaman. Yeroo dhi'ootti qaama isaanii isa du'u irraa jijjiiramuuf jiru. (1Qor.15:51-54). Yeroo Yesus ulfinaa fi humnaan dhufu sana toloota du'aa kaafaman sana wajjin walitti makamu.

**Jalqaba Torbanii**

**Bit.10**

**Hiikkaa dha'ichoota dhumaa torbanii**

Bakka kanatti, namoonni beekanii filannoo isaanii Waaqayyoon yookiin Baabilooniin in filatu. Kristos dhufuuf quophaa'aa dha. Garuu utuu in hin dhufin dura qilleensi biyya lafaa balleessu hamma dhorkamee jiru (Mul.7:-1-3) gadi dhiifama.

Mul.15:1 Mul.7:13 fi Mul.14:9-10 wal bira qabii dubbisi. Dha'ichoonni Gibxii akka haal duubee hiikkaa fi kaayyoo dha'icha torbanii kana ta'uu akka danda'u akkamittiin?

---

Dha'ichoonni dhumaa warri torban dha'ichoota dhumaa kan jedhamaniif dha'ichoota malakata torbanii boodaan waan dhufaniif. Malakatoonni yeroo guutummaa baroota Kristaanaa kan hammatan yommuu ta'u bal'ina isaaniin daangeffamoodha. Kan isaan jiruu irra oolan utuu wangeelli barsiifamaa jiruuti (Mul.10:8-11,14). Akkasumas kadhati giddu seentummaa kadhatamaa utuu jiruu /Kristos cubbamaaf bakka namaa bu'ee abbaa utuu kadhataa jiruu/(Mul 8:2-5). Araaraan kana makame, diina saba Waaqayyoo gara qalbii jijjiirrannaatti fiduuf kan yaadameedha.

Gama kan biraatiin dha'ichooti dhumaa torban dhufaati lammaffaa jala/dhi'aatee/ kan dhangala'u yommuu ta'u kaan kaan isaanii guutummaa lafaa kan qaqqabaniidha. Warra akka Fari'ooniin garaa isaanii jabeessanii qalbii jijjiirrachuu didan irratti dhangalaafamu. (Mul.16:11). Dheekkamsi Waaqayyoo deebii filannoo namoonni godhani irratti Waaqayyoo qabuu dha (Rom.1:26-28), yommuu ta'u warri badanii gatii filannoo isaanii kan argatanii dha.

Mul.15:5-8 Bau.40:34-35 fi 1Mot.8:10, 11 wajjin wal bira qabii dubbifadhu. Jechi inni "hamma yeroo dha'ichi torban ergamoonni

torban fidan sun raawwatametis, eenyu illee mana qulqullummaa sana lixuu hin dandeenye” (15:8) waa’ee yeroo dha’ichoota dhumaa torbanii maal argisiisa?

Himni inni “hamma yeroo dha’ichi torban ergamoonni torban fidan sun raawwatametis, eenyu illee mana qulqullummaa sana lixuu hin dandeenye.” Jedhu 15:8 irraa cufaamuu yeroo ayyaanaa/araaraa/sana kan argisiisuudha. Hojiin araarsuu Kristosi mana qulqullummaa samii keessatti ta’u gara dhumaatti yommuu dhufu dhuma irratti balballi carraa qalbii jijjiirrannaa in cufama. Kunsii kan argisiisu dha’ichoonni warri kun eenyuufuu yaada garaa jijjiirrachuu hin kennu; warri gama Baabiloon goran garaa isaanii jabeessuu fi caalaatti Waaqayyoo jibbuu isaanii beeksisa malee.

**Har’aa ittumaa hammaachaa kan adeemaa jiruu naannoo lafaa ilaali. Dhugaan waa’ee turfamuu dha’ichoota kanaa, waa’ee obsaa fi araara Waaqayyoo maal nu barsiisa?**

Wiixata

Bit.11

### Dhangalaafamuu Dha’ichoota Dhumaa

Araarsuu dhaabuu Kristosii mana Qulqullummaa samii carraan namaa baruma baraan in murteeffama. Warri wangeela ciigga’an guutummaatti dheekkamsa Waaqayyoo mi’effachuuf yeroon isaa dhi’aateera.

Dha’ichi dhumaa torban dha’ichoota warra Gibxiin irratti boo’an fakkaatu (Bau 7:-11). Akkuma warra Misiraa Israa’eloonni utuu hin xuqamin warruma Misiriin qofaa miidhe, akkuma sana dha’ichoonni warri duraa arfan jalqabuma irratti waaqeffattoota bineensichaa qofa miidhee warra Waaqayyoon waaqessan irra darbe. Dha’icha warra Misir gara jabina Fari’oniin argisiisee warra Misiriin hundumaammoo waaqni tolfamaan isaanii isaaniin ool-



chuuf humna akka hin qabne hubachiise. Haaluma wal fakkaatuun dha'ichi dhumaa garaa warra bineensicha Waaqeffatanii jabeessaa adeemee Baabylon firdii Waaqayyoon akka isaan oolchuu hin dandeenye bakkeetti baase.

**Mul. 16:1-11 dubbisi. Kutaa kana keessatti maaltu ta'aa jira, akkamittiin mul'ate?**

---

Dha'ichoonni dhumaa arfan walumaa galatti namoota lafa gubbaa jiraatan hundaa rukutan. Inni tokkoffaan madaa dhukkubsa fi sodaachisaa waaqeffattoota bineensichaatti fida. Inni lammaffaan bishaan galaanotaa fi burqituu bishaanii xuquudhaan dhiigatti deebisa. Bishaan dhugamu malee namni fincilee jiraachuu hin danda'u. dha'ichi inni arfaffaan biiftuu miidhuudhaan akka isaan nama waxalanii dhukkubbii baachuun isaa cimaa ta'e namatti fidu godhu. Dhukkubbii obsuu hin dandeenye biiftuu irraa dhufu kun akka gaaraan namaa laafu godhee ilaalcha diddummaa isaanii jijjiirsisuu hin danda'u. qooda kana gochuu, isa dha'icha kana raawwachiisu Waaqayyoon arrabsiisuu fida malee. Isaan keessaa tokko illee qalbii hin jijjiirratu.

Mul. 16:10, 11 keessatti (Bau. 10:21-23) dha'ichi shanaffaan teessoo binensichaa rukuta. Kan teessoo kana bineensichaaf kenne Seexana (Mul. 13:2). Teessoon aangoo Seexanichaa iyyuu humna dha'icha kanaa ittisuuf hin danda'u. Namoonni sun utuu dhukkubbiin rakkachaa jiranii isaaniin gargaaruuf baabylon akka humna hin qabne in hubatu. Garuu, sammuu isaaniin akkuma faallaa Waaqayyoon ta'anitti in turu; dhiphisuun dha'icha Sanaa iyyuu garaa isaanii hin jijjiiru.

**Rakkini yoo nu rukute, rakkina keessatti illee jaalala Waaqayyo amnachuuf adeemsa itti siqeenyaan Waaqaa wajjin qabaannu akamittiin jabeessuu dandeenya?**

**Goguu Galaana Efraaxiis**

**Mul.16:2; Mul. 17:1 fi 15 wajjin wal bira qabii dubbisi. Fakkeenyi Efraaxiis maaliif dhaabata? Qabiyyee dha'ichoota torbanii keessatti goguun galaana Efraaxiis maaliif barbaachisa?**

Bara kakuu moofaa, galaanni Ifraaxiis karaa gargaarsa diinota Is-  
raa'el isa murteessaa ture. Baabilonii fi Asor (Isa 7:20, Erm. 46:10).  
Galaanni sun sababii Baabilon keessa yaa'uuf, minaan isaanii  
magarsee bishaan waan irraa argataniif magaalichaaf barbaachisaa  
ture. Galaana Efraaxiis malee baabilon jiraachuu hin dandeessu turte.  
Mul 17:1 Baabilon bara dhumaa akka bishaan baay'ee irra jiraattu-  
utti ibsa innis akka galaana Ifraaxaasitti (Erm. 51:13). Mul. 17:15  
bishaanni inni Baabilon bara dhumaa irra teessu saba ishee deg-  
garan ta'u, uummata guutummaa lafaa humneetii mootummaa fi  
siyaasa sirnicha duubaan jiran ta'u. Humneetiin kun suutama suuta  
deggarsa isaanii irraa in kaasu.

Taateen dha'icha ja'affaa saayirus nama Faresiin booji'amuu  
Baabiloniin argisiisa (Dan 5). Akka ogeessa seenaa durii, Herad-  
otusitti galgala gaafa mootichi Belshaaxir fi qoroon isaa dhangaa  
qabaatan sana warri Faares galaana Efraaxiisiin karaa isaa irraa  
jallisuudhaan bo'oo isaa keessaan magaalaa seenuudhaan haala  
ajaa'iba ta'een magaalattii qabatan.

Fakkeenyi goguu galaana Efraaxiis Mul 16:12 keessattii ku-  
faatii Baabilon bara dhumaatiin raawwate. Goguun Ifraxas inni  
Mul'ata keessaa saba lafaa, mootummaa fi humneetii siyaasaa war-  
ra gargaarsa baabiloniif kennanitti yommuu fakkeeffamu, goguun  
Efraaxiis immoo harka gargaarsa isaanii irraa deeffachuu fi itti aan-  
see haleellaa kufaatii isheetti geessuun rukutamuu ishee ti.

Namoonni lafa gubbaa dingata baduu ishee dhugaa ba'uuf akka

jiran (Mul. 16:10, 11) gargaarsaaf gara Baabilonitti fuula deebifatu. Garuu akkuma dha'ichi shanaffaan teessoo aangoo Baabiloniin rukuteen sababiin gargaarsa ishee barbaadaniif akka hin jirre in argu. Gowwoomfamuun isaanii itti dhaga'amee, kufaatii isheetiif Baabiloonitti in garagalu/in lolu (Mul. 17:16) garuu akkuma argine garaan isaanii Waaqayyoo fi saba Waaqaa irratti akka jabaatutti tura. Hamma kanatti, gowwomsaa bara dhumaatii biyyoo xaa'oo qabu ta'anii Seexanni karaa guutummaa lafaa gara lola guddichaa Waaqayyoo irratti godhuuf walitti guru godhata.

**Karaa kamiidha amanannaa kee nama irra kaa'achuun balaa keessa jiraachuu kan ati baratte?**

## Roobi

## Bit.15

### Gowwomsaa Seexanaa isa Guddaa fi isa Dhuraa

Mul.16:12s ababii goguu galaana Efraaxiis “mootonni warra ba'a-biiftuu akka dhufaniifis karaan in banameef.” Karaa banuufii akka ta'e nutti in hima. Bara kakuu moofaatti “mootiin warra bahaa” mooticha Saayirasi fi loltuu isaa warra Baabiloniin lolaniidha (Isa 41:25). Baabiloniin mo'achuun isaanii sabni Waaqayyoo gara biyya isaaniitti akka deebi'an taasise (Isa 44:27,28). Karuma wal fakkaatuun, fakkeenyi goguu galaana Efraaxiis dhufa mooticha baha dhufee kan Waaqayyoo saba bara dhumaaf gadi lakkifamuu argamisiisutti fakkeeffama.

Mul. 16:12 keessatti mootonni Bahaa Kristosii fi amanamoo loltoota isaa ti. Yeroo Yesus deebi'u, ergamoota waaqaan marfamuun Mul. 17:14, Lola dhuraa keessatti Kristosii fi amanamoonni isaa warri haftuun humneetii seexanaa loluu keessatti in hirmaatu. Mul 19:14 keessatti, Yesus hoomaa loltoota samii dursuudhaan “Loltoonni waaqa keessaa immoo uffata quncee talbaa adii fi qullaa'aa uffatanii” innis Wayyaa isa kan misirroo hoolichaa ta'e Mul. 19:8. Akkuma bakka buutota lafa irraatti, Mul 7 keessattii, warri 144000

akka hoomaa waraanaa lola xumuraa sanatti galuuf jedhaniitti ilaalama.

Mul 16:13-14 dubbisi. Lola xumuraa qopheessuu keessatti gaheen hafoorota warra akka fattee sun maaliidha? Akkamittiidha isaan kun sadan humna Seexanaa warra ergaa ergamoota sadanii isa Mul 14 itti fakkeessituu kan ta'an?

---

Goguun galaana Efraaxiis sadan tokkummaa Seexanaa sana in raasa. Iddoo kana gubbaatti, fattee kan fakkaatan hafuuroti xuraa'oon sun afaan isaanii keessaa utuu ba'uu Yohaanis in arge. Dha'ichoota warra Gibxiin keessatti, fateen waan xibaartonna Fari'oonis baay'isuu danda'an isa dhuma ture (Bau 8:1-15). Hafuuronni sadan fattee fakkaatan sun, yaalii Seexanni hojii Waaqayyooti fakkeessuuf dhuma irratti hojjetuu dha.

Hafuuronni hamoo sadan "afaan keessaa" ba'u sun sadan tokkummaa Seexanaa tooftaa isaa isa dhuma ta'ee argamuu dha. Ssxanni akka isaan dinqii gurguddaa hojjetan isaaniin taasisee gocha bineensa hoolaa fakkaatu sana akka ilaalan godha. (Mul 13:13, 14) isa hafuuraan qabamuutti/ spiritualism/ iitti geessu dabalatee ti. Mallattooleen ajaa'ibsiisoon qaama waan bara dhumaatti Seexanni ittiin gowwoomsu, Waaqayyoon duukaa bu'uu irra namoonni akka isa faana akka bu'aniif waan inni ittiin harkisuu dha. 2Tas.2:9-12

Hafuuronni xuraa'oon faattee fakkaatan wangeela sobaa wajjin, lola saba Waaqayyoo wajjini keessatti akka gara isaanii goraniif biyyi lafaa gowwomee akka isaanitti dabalamu gochuuf ergaman. Wanti ta'e isaaniif galuu didu iyyuu, geggeessitoonni biyya lafaa ammas wallaalchifamanii saba Waaqayyoon loluuf Seexanatti dabaltu. Yeroo kanatti waltajjii egaa lola xumuraaf qophaa'aa ta'ee gara dhuma biyya lafaa kanatti geessuudhaan lolli Armaageedon jedhamu ta'a.

**Lola xumuraaf walitti qabamuu**

**Mul 16:16 dubbisi. Lola Armaageedon sanaaf nama walitti qabuu keessatti Seexan hammam milkaa'aa ta'a?**

Kan nama gowwoomsu dinqiin hafuura xuraan hojjetamu, guutummaa lafaatti kan milkaa'eef in ta'a. Wangeela dhugaa ciigga'uudhaan namoonni soba maalallee/dinqii sossobbaatiin deggarama in amanu (2Tas 2:9-12). Maqaa akka fakeenyaan kaa'ame afaan Ibrootaan Arnaagedon jechuun "gaara Magiddoo" jechuutti kan hiikamutti walitti isaaniin in qabu. Megiddoon lolaa fi mijataa dacha Jezreel ballansa Esdraleon fuulee gaara Qarમેલેવોસિit argamuu dha. Balleensi Esdraleon seenaa israa'el keessatti bakka lolaa isaanii murteessaa ta'ee beekama ture (Abf 5:19, 6:33; 2Mot 23:29,30).

Mul'ati waan bareedaa seenaa Israa'el keessa jiru isa guddicha lola bara xumuraa Armaagedon jedhamu Waaqayyoo fi humneetii hafuura xuraa'aa gidduutti ta'uuf jiru beeksisuuf dhimma ba'a. Namonnii warri kan biyya lafaa lola gartuu Seexanaan geggeeffamu irra hiriiruuf adda of baasu. Gaarri Meegidoo gaara Qarમેલેવોસ jechuu fakkaata, innis mandarichuma biratti kan argamuu dha. Inni seenaa Israa'el keessatti bakka lolli murteessaa ta'e geggeeffamee raajichi Eliyaasii fi Ba'aal itti hirmaatanii dha (1Mot 18). Dhimmi isaa dhimma Waaqni dhugaan eenyuudha jedhu ture. Ibiddi samiidhaa dhufes Gooftaan tokkicha Waaqa dhugaa ta'uu kan sagadamuufiin malu ta'uu beeksise. Mul 13:13, 14 bineensichi lafaa hojii Waaqayyootti fakkeessee guutummaa lafaa gowwoomsuuf ibidda waaqa irraa buusuu akka danda'u in ibsu.

Armaagedon lola hafuuraa isa Kristosii fi hafuurota dukkanaa gidduutti ta'uu (2Qor 10:4)dha malee, lola miliishotaa biyya giddu-galeessa Bahaatti ta'uuf jiru miti. Dhimmi yeroo dhumaatiif lola xumuraa kana keessatti addaan baafatamu inni dhugaan geggeessaan waaqaa fi lafaa eenyuun akka ta'e mirkaneeffachuu dha. Bu'aan lola xumuraa kun kan akka isa gaara Qarmelewos irratti ta'ee sana dhuma irratti mo'icha Waaqayyo humneetii dukkanaa irratti qabaatuun in xumurama.

Baroota baay'eedhaaf namoonni lola siyaasaatii fi loltoota lafaa isa Giddu-galeessa bahaa ta'aa ture akka Mallattoo dhuma fi Armaagedonitti ilaalaa turan. In ta'u kan jedhaman baay'een jiraatan illee, gyaanis murame illee, akka isan abdatanitti Armaagedon ammayyuu hin dhine. Dogoggora wal fakkaatu akka hin uumneef akkamittiin of eeggachuu nu barbaachisa? Waan naannoo tokkotti daangeffamee ta'u akkasii akka raawwii raajii macaafa qulqulluutti akka hin hiikkanneef akkamitti of eeggachuu qabna?

## Jimaata

## Bit.15

**Yaada dabalataa:** “kan sodaachisan humna oliitiin kan ta'an akka mallattoo humna dinqii gochuu Seexaanaatiin, dhi'ootti samii keessaa in mul'atu. Hafuurri diyaabilos mootota lafaatti adeemuudhaan, gara wallaalchifamuuttis isaanii jarajarsuudhaaf, Seexanaa wajjin akka tokko ta'aniff isaaniin kakaasuudhaaf, faallaa mootummaa Waaqayyoo isaaniin dhaabuudhaaf gaafachuuf fuula duratti adeema. Akka kanatti bakka buutonni, geggeessitoonni hundinuu haaluma wal fakkaatuun in gowwoomfamu. ...

Drama sossobbii guddaa sana akka goolabuu keessatti Seexanni ofii isaa Kristositti in fakkeessa, waldaan dhufaatiin fayyisaa raawatamuu abdi ishee akka ta'e ergaa dubbattee tureera. Amma ega gowwomsituun guuddichi Kristos dhufe in fakkeessa. Gama biyya lafaa garaa garaatti Seexanni namoota gidduutti akka isa baay'ee ifu Sanaa godhee of in mul'isa, akka Yohaannis inni Mul'ataan

arge ibseetti ibsa ilma Waaqayyoo sanaan of argisiisa. Mul 1:13-15. Ulfinni isa marsee jiru hamma yeroo sana beekamutti baay'ee bareeddeeti. Iyyi mo'ichaa samii keessaa in dhaga'ama. 'Kristos dhufeera, Kristos dhufeera.' Kan jedhu. Namoonni ulfinaan isa duratti gadi in jedhu....sagalee garraamummaatiin, gara laafinaan, dhugoota samii tokko tokko akka Gooftaan dubbatutti in dhi'eesa. Dhukkuba namootaa in fayyisa, akka Kristositti of fakkeessuu keessatti, sanbata Guyyaa Torbaffaa irraa gara jalaqaba torbaniittin deebisaa jedha; isaan booda guyyaa inni eebbise kana akka kabajaniif hundumaa qulqullinaan akka eegan gaafata. Namoonni sanbata guyyaa torbaffaa eegna jedhan ergamaa ifaa fi dhugaadhaan isaaniif ergame diduu isaaniitiin Waaqayyoon arrabsu jedhee labsa. Inni kun isa jabaa hundumaa irra hammaatu gowwoomsaa dha" EGW GC, 624

### **Gaaffilee maree:**

1. Gorsa Yesus isa Mul.16:15 isa ibsa qophaa'ummaa lola Armaagedon keessa galfame keessaa dubbisi. Isa Kristoos isaan dura waldaa Laa'odiiqeyaaf himame yaadadhu. Mul 3:18. Kun barbaachisummaa ergichaa Laa'odiiqeyaa saba bara dhumaa lafa irra yeroo lola xumuuraa jiraataniif akkamittiin mirkaneessa. Dhuunfaatti kun jireenya kee ilaallata?

2. Mul'ata keessatti wayyaan adiin tola Kristosiin argisiisa. (Mul.3:4-5; 19:7-9). Warra wayyaa Kristosiin uffatan qofatu yeroo rakkinaa dhaabachuu danda'a. Akkamitti namni tokko wayyaa isaa adeeffatee dhiiga hoolichaan qulqulleessuu danda'a?

## Firdii Baabilon Irratti

Sanbata Waaree booda:

*Qo'annaa torban kanaaf dubbifadhu: Mul. 17:1-18, Erm. 51:13, Mul. m13:1-10; Bau. 28: 2, 20-23; 13: 5-8.*

**Heertuu Yaadannoo: ::**“Ergasiis sagalee biraa tokko waaqa keessaa nan dhagæ; innis, “Yaa saba ko! Cubbuu ishee keessaa akka hin qabaannetti, dha'icha ishee irraas akka hin hirmaannetti, kottaa, ishee keessaa ba'aa! Cubbuun ishee hamma bantii waaqaatti ol tuulameera, Waaqayyoos jal'ina ishee hundumaa yaadateera” (Mul.18:4-5).

**D**ha'ichi inni 6ffaan namoonni waan ta'u wallaalan deggar-sa isaanii Baabilon bara dhumaa irraa deebisaa utuu jiranii, goguu gaalana Efraaxiisiin akka fidu ilaallee ture. Garuu kufaatiin ishee cimaa kan ta'e sochii Seexanaa isanii hojii Waaqayyootti fakkeessee nama wallaalchisuun, dinqii ajaa'ibaa gochuudhaan, hundumaa caalaatti immoo Ibidda samiidhaa buusuudhaan, itti aansee tariitii dadammaqinni sobaa ta'uuf kan jiru ( Mul. 13:13) in hordofama. Hojiin diyaabilos kun isa uummata biyya lafaa hundumaa lola Armaagedon is warra amanamoo haftuu saba Waaqayyoo irratti qopheessuuf tokko gochuu yaalu irratti in milkaa'aa.

Jalqaba lola dhumaa kana irratti akka qaama dha'icha torbaniitti sochiin lafaa guddaan in ta'a. Sochiin lafaa kun tokkummaa Baabilon kana diigeetu iddoo sadiitti isaaniin baasa (Mul 16:18-19) Baabiloon bara dhumaadhaa akka mandaraa ishee sadan tokkummaa Seexanaa isa yeroo gabaabaaf (Jawwicha, bineensa galaanaa fi bineensicha lafaa) isanni humneetii amantii biyya lafaa wajjin walii galanii fi saba Waaqayyoon morman argisiisa. Tokkummaan ishee garuu Baabilon bara dhumaa iyyuu gargar caccabsuudhaan dingata gargar caba.



Wanti sammuu keessatti qabachuu qabnu, Mul 16:19 kufaatii Baabilon bara dhumaa in labsa. Boqonnaa 17-18 kufaatiin ishee akkamitti akka ta'uuf jiru in dubbatu. Kufaatii sababii kufaatii Baabilon bara dhumaa utuu hin ibsin dura (Mul. 17:12-18:24, Mul'ati 17 amantii gantummaa isa bara dhumaa in ibsa. Amma akka dubartii seebartuu ishee bineensicha irra teessu, intaloota ishee wajjin biyya lafaa Waaqayyo irratti kakaaftuu dubbata. (MUL 17:1-11).

Barumsa torban Kanaa qo'adhuutii sanbata isa Bit 23f qophaa'i.

### Jalqaba Torbanii

**Bit.17**

### Baabilon Ejjituu

Mul'ata 17:1 dubbisi. Erm 51:13 "bishaanonni baay'een" kan Baabilon irra teesse Efraaxiisii dha. Akka Mul 17:15 bishaanonni baay'een maal argisiisu?

---

Dubartiin macaafa qulqulluu keessatti fakkeenya waldaatti fakkeeffamtu. Mul'ata keessatti immoo waldaan Waaqayyo isheen dhugaan akka dubartii ishee qullooftuutti ibsamte. Dubartii ejjituun gantootaa fi saba hin amanametti fakkaatti. Mul 17:5 keessatti dubartiin ejjituun kun akka Baabilon guddittiitti himamti. Akkuma Baabilon bara durii jireenyaaf galaana Efraaxiis irratti irkattan akkasuma Baabilon bara dhumaas, kaayyoo isaa adeemsisuuf saba irratti hundoofti.

Mul.17:2, Mul.14:8 fi 18:2,3 wajjin wal bira qabii dubbisi. Garee sabaa lama hariiroo ittifame keessa ta'uudhaan Baabilon Bara dhumaatiin wallaalchifaman?

---

Gareen jalqabaa mootii biyya lafaa, humna siyaasaa bulchaniidha. Akkaa Baabiloon ejjituu wajjin hariiroo ejjummaa qabaniititi dhi'aatan. Bara kakuu Moofaa keessa jechi gaalamootummaa

Isaraa'el gantuun akkamittiin akka Waaqayyo irraa gara waaqolii tolfamoo waaqessuutti akka deebite argisiisuuf dhimma ba'ama ture. (Isa. 1:21, Erm 3:1-10). Hariiroon ejjummaa mootota lafaa fi dubartii ejjituu sana gidduu tokkummaa dhorkamaa Baabilon bara dhuma fi humneetii poletikaa gidduu jirutti kan fakkeeffamuu dha.

Gareen lammaffaan hariiroo dhorkamaa Baabilon dhuma wajjin qaban jiraattota bara dhumaati, warra kan biraan bulfamaniidha. Akka hafuuraatti machaa'ummaa hafuuraa Wayinii halalummaa Baabilon dhuguun kan mancaa'anii dha. Warra humna bulchiinsaa wajjin yommuu walbira qabaman walumaa galatti jiraattonni barumsa gowwoomsaa fi shaakalaa Baabiloniin machaa'aniiru; sobdees ani akka kan biraan isinitti hin buune nan godha jetteetti. Namoonni yommuu machaa'an namoonni sirriitti yaaduu kan hin dandeenyeef salphaatti kan birootiin kan to'atamanii dha (Isa. 28:7). Guutummaan lafaa amanamoo kan ta'an haftuu sana irraa kan hafe, karaa irraa in kaatu. Gara dhumaatti, akkuma ammaa, kanaan duras akkuma ta'aa ture, namoonni baay'een in dogoggoru. Kun yaada uummata baay'ee duukaa fiiguun balaa maalii akka qabu maal nu barsiisa?

## Wiixata

## Bit.18

### Ejjituu Bineensicha Irra Teessu

Mul. 17:3 dubbisi. Yohaannis waa'ee ejjituu bishaanota baay'eerra utuu teessuu yommuu itti himamame inni immoo utuu isheen bineensicha irra teessuu arga ture. Karaa kamiidha kan fakkeenyoonnii bishaanii fi bineensi kun deggertoota Baabiloniin ibsuu kan danda'an?

---

Yohaannis akkuma hafuuraan gara lafa onaatti geeffameen, dubartii bineensa diimaa tokko irra teesu arge malee kan bishaan irra tees-

su hin turre. Dubartiin ejjetuun sun dhaabbata amantii kan bakka buutu yommuu ta'u, bineensichi immoo humneetii siyaasaatti fakkeeffama.

Fakkeenyi amantii humna bulchiinsa mootummaa fi siyaasaa irra taa'u, wantoota garaagaraa lama in argisiisa. Kan akkasii duraan kan hin turin, yeroo siyaasii fi amantiin walitti dabalamu kan argisiisuu dha.

Raajichi kan argisiisu garuu, kun lamaan bara dhuumaatti akka walitti dabalamanii dha. Yaadni bineensa diimaa sana irra taa'uus waan irra taa'u sana irratti ol aantummaa argisiisa; kunis immoo sirni amantii bara dhumaa kun, humneetii bulchiinsa Mootummaa fi siyaasaa to'annaa jala in galcha.

Amala ejjituu kana keessaa kamtu warra Mul.12 fi 13 keessa jiran jawwicha, bineensicha galaanaa fi bineensicha lafaa argisiisa?

Dubartii ejjituun sun jireenya keessa-ba'aa akka isheen jiraattu wayya dhiilgee fi diimaa uffattee mi'a miidhaginaa warqee, dhagaa gati-jabeeyyii, callees naqachuun shaakala bara duriitti nama gowwoomsuu isaanii ariifachiifachuuf ejjitoonni fayyadamanii dha (Erm 4:30). Akka bifa dhiigaa, diiminni amala cunqursaa sirni amantii sun qabaatu argisiisuuf.

Karaa biraa immoo wayyaan dubartiin ejjituun kun kaawwattu, uffata luboota bara kakuu moofaati; innis bifa dhiilgee fi diimaa akkasuma warqee kan of keessaa qabuu dha (Bau.28:5-6). Bareeffamni adda isheetti jirus barreeffama lubootaaf barreeffamaa ture fakkaata "Waaqayyooof kan qulqullaa'e" jedhamee gonfoo angafa lubootaa irratti (Bau 28:36-38). Xofoon isheen harkatti qabattu kennaa dhugaatii mana qulqullummaa argisiisa (Bau 30:9). Seena amantii beekamaa bara duriitti fakkeessuun, sirni amantii bara dhumaa kun, namoota Waaqayyon irraa kaachisuudhaaf meeshaa gowwoomsaa cimaa ta'a. Garuu, hamma itti fakkeessee of mul'isu iyyuu, sirni amantii kun ejjituu fi haadha ejjitootaa ti.

Baabilon ejjituun caalaadhummatti dhiiga tolootaa fii aarfamtoota Yesusiin warra Kristosiin dhugaa ba'uu irraan kana ka'e ajjeefamanii dhuguudhaan ibsanti. Kun immoo Baabilon bara dhumaa, isa bara giddu-galleessa Baha Awurophaa Phaaphaasiin geggeeffamanii du'a namoota mili'ioona hedduutti lakkaa'aman warra amanamummaan Kriitaanummaa isaanii keessa turan ajjeesanii wajjin walitti qabsiisa.

**Ibsi Baabilon ejjituu fakkenya Yezaabeel waldaa Tiyaatiraa keessatti qabaattee dha (Mul.2:20-23). Wal fakkeenya dubartoota kana lamaan gidduu jiru amala Baabilon bara dhumaa akkamittiin ifa godha?**

### Kibxata

### Bit.19

#### Waan Bineensichi Ittiin Beekamu

Mul.17:6, 7 keessatti Yohaannis yommuu dubartittii ejjituu sana arge tarii ishee keessatti bineensa galaana keessaa ba'u Sanaa isa Mul. 13 isa Waaqaayyoo fi saba Waaqaatti lola kaasu sanaa wajjin amala wal fakkaatuu waan argeef in dinqisiifate ta'a. Mul 13:5-7. Ar'atamni kun baroota waggaa 1260 sana, bara giddu-galeessaa dubartittiin akka lafa duwwaatti baqattu godheera (Mul 13:12, 14). Bara tokkummaa Kristaanaa jedhamee yaadame sana, warri Protestaantii ari'atama dhiphisaa bara isaaniin dura ta'e kana in yaadatu turan ta'a, sababiin isaas, akka raajichaatti wanti wal fakkaatuu fi isa irra iyyuu hammatu ta'uu danda'a waan ta'eef

Mul 17:8 dubbisiitii akkaataa kaa'umsa jechoota isaa isa Mul 13:8 irra jiruu wajjin wal bira qabii ilaali. Mul 13:3 sadarkaa sadii kan bineensichi ittin argamuu fi hojjetu akkamitti beeksisa?

---

“Bineensi ati argite sun, takka jiraataa ture, amma immoo hin jiru; iddoo lafa jalaa keessaa ol ba'uuf jira, booddee immoo gara badiisaa in dhaqa.” Mul 17:8. Bifa sadiin argamuun kun jalqabuma

irraa qabee faallaa maqaa Waaqayyooti. Yahiwween/"Waaqayyo isa jiru, isa ture, isa dhufuuf jiru biraa" (Mul.1:4, 4:8). Sadarkaa jireenyaa bineensichi keessa darbus in argisiisa.

1.The beast was/ bineensichi jiraatee ture/, bara duraan darbe jiraachuu isaa argisiisa. Kunis waan bineensichi yeroo waggaa 1260 sana keessa hojjechaa ture kan argisiisuu dha. (Mul. 13:5).

2.Is not / ammammoon kan hin jirre/, madaa du'aan isa ga'u madaa'uu isaa (13:3), bineensichi sadarkaa jiraachuu alaa keessa galee/ar'achuun isaa dhaabachuu yookiin dhibamuu/ innis 1798 ture. Yeroo hamma tokko waan biyya lafaa irratti ta'u keessaa dhabamee ture. Garuummoo ofii jiraa/sochii isaatu bade malee/

3.Dhuma irratti, madaan du'a isaa fayyuudhaan, bineensichi dheekamsa seexanummaa isaa guutuudhaan jireenyatti in deebi'a.

Mul'ati 17 bineensa Mul. 13:1-8 keessatti yeroo madaa du'a isaattii fayyuu gochuudhaan ibsa. Bineensa du'aa kaafame akkasii irra baabilon ejjituun teesse.

Yeroo tokkoof, yeroo gabaabduuf kan turu tokkummaan amantii fi Siyaasaa ta'eetu, akkuma bara giddu galeessaa sana ture, ammas ar'atamni iddoo qabata.

"Mormiinis haa ka'u, obsa waliif dhabuunis suuta suuta haa darbu. Ar'atamni haa qabsiifamu, warri garaa walakkaa ta'an fi of-tuultonna ungulaalamanii amantii haa qabaatan, amanaan dhugaan garuu baroota nageenyaa isaa caallaatti yeroo rakkinnaa kanaa, akka dhagaa jabaatanii in dhaabatu, amantiin isaa jabaatee abdiin isaa ifa."EGW, 602.

*Amma shaakalli Kristaanummaa keenyaa ta'uu kan qabu, utuu taatileen dhumaa hin argamin durayyuu, akkaataa kaa'umsa jechootaa kana irraa of eeggachiisa maalii arganna?*

**Mataa Bineensichaa Torban**

Mul.17:9-11 Mul.13:18 wajjin dubbisi. Matoota Torban hubachuun sammuu ogummaa qabaachuu gaafata. Asitti ogummaa akkamiitu mul'ataa jira. Namni tokko ogummaa samiidhaa kenname kana akkamittiin argachuu danda'a? (Yaaq 1:5).

Matoonni torban sun gaarota torba akka ta'an ergamichi ibseffii ture. Namoonni hiiktonni tokko tokko dubbiin kun duuba isaatiin gaarota Roomaan irratti ijaarantee kan ibsuu yaaduudha jedhanii yaadu; kanaafiidha isaan jecha Griik 'oro' akka gaaraatti kan isaan hiikan. Gaarota kanatti kan fakkeeffaman Moototi torbas turaniiru. Gaaronni kun inni tokko isa biraatti aanee kan dhufe malee walfaan hin turre.

Gaaronni kun mootota dhuunfaa bakka hin bu'an; sababiin isaas Mul'ati dhiimma dhuunfaa irratti utuu hin ta'in, sirnaalee walii gala irratti xiyyeeffata waan ta'eef. Macaafa qulqulluu keessatti, gaaronni yeroo baay'ee mootota guutummaa lafaatti fakkeeffamu (Erm 51:25; His 35:2, 3). Raajii macaafa qulqulluu keessattis, mootota jechuun mootummaadha (Dan 2:37-39; 7:17). Kanaafuu, gaaronni torban, seenaa keessatti, warra Seexanni keessatti Waaqayyoon mormee fi saba Waaqayyoo miidhe, mootummoota wal duraa boodaan dhufanii guutummaa lafaa bulchan torba in fakkaatu.

Gama bara Yohaannisiin, mootummoota kana keessaa shan kufanii turan, tokko yommuusuu tureera, inni tokkommoo yommuus mootummaa hin qabanne ture. Warri kufan shanan mootummoota gurguddoo bara kakuu moofaa keessa hamma ta'e biyya to'achuudhaan saba Waaqayyoo miidhan: Gibxi, Asoor, Baabilon, Faaresii fi Griikiin turan. Inni bara Yohaannis ture mootummaan Mootummaa Roomaa ture.

Mootummaan inni torbaffaan yommuus hin mo'in ture, bineensicha Mul'ata 13 ti. Waldaa bara giddu-galeessaa isa Phaaphaasiin geggeeffamaa ture, isa mo'ee saba Waaqayyoos miidhe ture yommuu ta'u innis bara Yohaannisiin booda, kufaatii Mootummaa Roomaa Siyyaasaa booda kan kaa'uudha. Seenaan dhugaa raajii kanaa mirkaneessuuf dhuga-ba'umsa jabaa kenna, innis utuu wantichi hin beekamin jaarraa baay'ee dura kan barreeffamee dha.

Gaanfota torban keessaa isa tokko ta'ullee, bineensichi diimaan sun akka mataa isa saddettaffaatti yohaannisti himameera. Matoota torban sana keessaa isa kami? Matoonni torban sun wal duraa boodaan dhufan waan ta'eef inni sadettaffaan madaa du'aa fudhate sun isuma torbaffaa ta'uu danda'a. Yeroo mataa saddettaffaa sana keessadha kan bineensi diimaan sun dubartittii ejjituu Baabilooniin baate. Har'a bara fayyuu madaa du'aa sana keessa jirra. Mataan inni sadettaffaan taatileen isaa dhuma jala mul'achuudhaan, gara adabbii isaa isa bara baraa fudhata.

## Kamisa

## Bit.21

### Kufaatii Baabilon

Mul. 17:12-15 Mul. 16: 12-16 wajjin wal bira qabii dubbisi. Heeruu waa'ee mootota kudhanii kana irraa maal baratta?

---

Maalummaa mootota kurnanii ilaalchisee hiikkaa garaagaraatu kennamaa ture. Garuu, Mul'atis isaan eenyuun akka ta'an nutti hin dubbatu. Wanti nuyi kutaa macaafaa keessaa argachuu dandeenyu yeroo gabaabaaf kan jiraatan biyyoota gamtoomaanii dubartittii ejjituu sana tumsuu irratti walii galan ta'uu isaanii ti. Lakkoobsi isaanii kudhan ta'uun, guutummaatti walii galuu humneetii addunyaa warra bineensichaaf amanamummaa isaaf qabaatan kan argisiisuudha.

Mul. 17:13, 14 Lola Armaagedoniin gabaabsee irra deebi'uudhaan isuma Mul. 12: 12-17 dubbatame sana kaa'a. Humna sadan tokkummaa Seexanaatiin dhiibamanii humneetiin tokkummaa siyaasaa kan addunyaa waliigalani hoolicha irratti lola in kaasu. Kun kan argisiisu lolli xumuraa lola Miliishotaan/biyya eegdotaan/ isa biyyoota baha-giddugaleessaatti taasifamu utuu hin ta'in lola Seexanaa fi gartuun isaa Kristosii fi namoota isaa warra amanamoo gidduutti ta'uudha.

Mul. 17:16-18 dubbisi. Mul. 16:2-12 itti waan ilaalle irraa jijjiiramu ilaalchi moototaa Baabilon irratti ta'uu duubaan maaltu jira? Waan Baabilon irratti ta'u boodaan eenyutu jira?

---

Toorri adeemsa kana hundumaa goguu galaana Efraaxiis kan ibsuu dha (Mul. 16:12). Gaanfonni kurnan jibbaan kan guutamaniidha, tasa Baabilon ejjituutti in garagalu; qolaa fi ontuus ishee taasisu. Foon ishees nyaatanii ibiddaan ishee gubu. Taatee kana yeroo ibsu Yohaannis akkaataa haasaa bara kakuu moofaa isa waa'ee firdii Waaqayyoo isa Yerusaaalem ejjite irratti dhufe sana dhimma ba'a (Erm. 4:30). Abiddaan gubachuun adabbii intala luba tokkoo ishee ejjummaa irratti hirmaattee ture (Lew. 21:9). Akka Mul. 16:10-12 argisiisutti kan gowwoomfaman humneetiin Siyaasaa sababii dha'icha sana isaaniin oolchuuf humna dhabuu Baabilon waan godhan wallaalan. Akka gowwomfaman itti dhaga'amee ija diinummaatiin ishee in haleelu. Sirni amantii gantummaan bara dhumaa kanaa warra gara isaa goran hundumaa wajjin firdii Waaqayyoo guutummaatti in arga.

**Gaaffiin waa'ee bara dhumaa baay'een isaa kan hin deebine ta'ee tura; kanaafuu ammaaf waan nu joonjessu ta'ee mul'achuu danda'a. Mul. 17:14 keessatti abdii maaliitu kenname? Abdichis nuuf maal jechuudha?**



**Yaada dabalataa:** badiisa Baabiloniin dura, sagaleen Waaqayyoo saboota warra amma iyyuu Baabylon keessa jiran “ishee keessaatii ba’aa yaa saba koo” mul. 18:4 in waama. Sababii adda addaatiif Waaqeffattoonni Waaqayyoo baay’ee isaaniitu ammayyuu Baabylon keessa jira. Isaaniif Waaqayyoo waldaa bara dhumaa kana fayyadamee waldaa dhugaa gante kana keessaa akka ba’aniif ishee wajjinis cubbuu ishee akka hin hirmaanneef in waama. Carraan Baabylon akka isaan hin qaqqabneef keessaa ba’uu qabu. Namni Baabylon keessaa eenyu illee akka badu hin fedhu. Mul. 19:1-10 namoonni Waaqayyoon sodaatan baay’een waamicha sanaaf akka deebii kennan argisiisa. Kanaafuu itti gaafatama cimaa akka saba Waaqayyoo warra haftuutti nutti kenname itti yaadi. Jireenya keenya keessatti barbaachisummaa humna Waaqayyoo kun maal nu barsiisa?

### Gaaffilee maree:

1. Akka Mul. 18:4tti namoota Waaqayyoon sodaatan Waarra Waaqayyoo “saba koo” hedduutu Baabiloniin keessa jira. Mee himoota kanatti aanee jiru irratti yaada kenni: “ergaan kun kennamuu qaba, yeroo kennamutti kennamuus qaba. Ifa nuyi qabnu warra hin argatin ofumaa dhimma nun galchine keessa gallee jara itti faraduu irraa of eeggachuu nu barbaachisa. Kaatolikii keessa calluma jennee lixuuf karaa keenya irraa maquun nu irra hin jiru. Warra kaatolikii gidduu iyyuu fedhii waan qajeelaa gochuu guddaa, akka ifa isaan irra bu’eetti jiraachuu kan qaban Kristaanotatu jira; Waaqayyos gama isaaniitiin in hojjeta. Waaqayyoon duratti warri carraa guddaa qabaatanii turani fi warri jireenya qaama sammuu fi amala isaanii jijjiiruu dadhaban... warra barsiisa dogoggoraa keessa jiran caalaatti balaa, rakkina fi badiisa guddaa keessa galaniiru.”EGW Evangelism 575 akkamittiin akka nuyi warra biraa ilallu kun maal nutti himaa?

2. Mul. 17 waa'ee nadhittii ejjituu bineensa diimaa irra teessuu in dubbata, dubartiin isheen boqonnaa 12 waldaa Waaqayyoo ishee amanamtuutti yommuu fakkeeffamtu, isheen boqonnaa 17 kun ishee gantuu Waaqayyo irraa kaachisuuf saba wallaalchiftutti fakkeeffamti. Akka ilaalcha keetti wal fakkeenyii fi garagarummaan isaan gidduu jiru maalii dha? Caalaadhumatti immoo, warra kana lamaan wal bira qabuu irraa maal baranna?

3. Heertuun torban kanaa, dhufaatii mo'ichaan guute sana dura haalli biyya lafaa isheen amantii fi siyaasa waliin makte sadarkaa dhumaatti akka gadi deebitu nutti dubbata. Ergaa Waaqayyo nuuf kenntti amanamummaan, dhugaadhaan, qullaa'ummaan turuun maaliif akka nu barbaachiisu kun maal nutti hima? Mul.16:5 waa'ee waamicha amanamummaa biyya hin amanamne gidduuttii dubbisi. Ammuma akeekkachiisa kana ofuma keenya irratti akka-mittiin hojii irra oolchuu dandeenya?

## “Waan Hundumaa Haaraa Nan Godha”

### Sanbata Waaree Booda:

Qo’annoo Torban Kanaaf Dubbisi. Mul.19:6-19; Yoh.14:1-3; 2Tas.1:8-10; Mul.21:1-21; Erm.4:23-26; 1Qor.6:2,3

**Heertuu Yaadannoo:** “Inni teessoo irra ta’ee immoo, “Kunoo ani waan hundumaa haaraa nan godha!” jedhe; itti dabalees, “Dubbiin kun amanamaa, dhugaas waan ta’ee, kana caafi!” naan jedhe.” (Mul 21:5)

**B**adiisni Baabilon bara dhumaa, warra garee amntii dhugaa irraa kaate degaraniif oduu gadheedha. Saba Waaqayyootiif garuu, inni oduu gaarii dha (Mul.19:1-7). Baabilon humneetii siyaasaa ishee gargaartee amntoota ar’attu ofitti dabaluu isheef itti gaafatamtuu dha (Mul.18:24). Badiisi diina guddaa kanaa bilissummaa fi fayyina.

Balleeffamuu Baabiloniin kadhannaan saba Waaqayyoo inni taatee mallattoo dhanaffaa keessaa, guutummaatti in deebi’a. Boo’ichi isaanii, “hamma yoomitti yaa gooftaa” boo’icha saba Waaqayyoo bara Abeelii qabee hamma yeroo Waaqayyoo bara dhumaa irratti dhugaa isaanii baasutti kan boo’an hundumaa bakka bu’a (Far.79:5, Amb.1:2, Dan 12:6,7). Kitaabni Mul’ataa, wanti gadheen, hakuuccaan, dhiphinni dhumatti akka dhufu sab Waaqayyoof in mirkaneessa. Amma Kristosiif yeroo inni mootummaa isaatti nama simatee Keessumsiiisuu dha. Boqonnaan Kitaaba kanaa warri hafan, badiisa Baabilon bara dhumaa qofaa utuu hin ta’in, balleeffamuu wantoota gadhee fi Seexanaatu ta’uu ilaalla. Akkasumas immoo mill’uu bu’uureffama mootummaa barabaraas in argina.

*Barumsa Torban kanaa qo’adhuuttii Sanbata isa Bit 30f qophaa’i.*

**Irbaata Chidha Gaa'elaa Hoolichaa**

Mul.19:6-9; Yoh.14:1-3 wajjin wal bira qabii dubbisi. Cidhi gaa'elaa kun hariiroo bara dheeraadhaaf Kristosii fi saba isaa gidduu ture akka ta'utti akkamittiin ibsuu danda'a?

---

Heertuu kana keesatti, dhugaa nu barsiisuuf fakkeenya cidha gaa'elaa Yihuudota bara durii dhimma ba'a. Dhirsi misirroo eegamu sun naqataaf mana misirtittii in deema ture. Qarxa/gabbara/ ergaa kennee sirna naqataa kana raawwatee akka warra wal fuudhaniitti lakkaa'amu garuu waliin mana tokko hin jiraatan. Dhirsi misirroo mana keessa jiraatan qopheeffachuuf gara mana maatii isaatti deebi'a. Misirrittiin garuu of qopheessuuf manuma abbaa ishee turti. Qophiin ergaa raawwatamee, dhirsi misirroo sun dhufee mana abbaa isaatti bakka chidhi gaa'ela isaanii itti raawwatamutti ishee fudhata.

Waggaa 2000 dura, Kristos mana abbaa isaa isa samii dhiisee, idayii/ashilee/ isaa ishee lafa gubbaa jirtu naqachuuf gara biyya lafaa dhufe. Gabbara barbaachise lubbuu isaa Qaraaniyyootti ergaa kaffalee booda, misirrittii wajjin kan keessa jiraatan iddoo qopheessuudhaaf gara mana abbaa isaatti in deebi'e (Yoh 14:2,3) ilaali. Isheen(waldaan) of ishee qopheessaa lafuma irra jiraachuu ishee itti fuftu. Innis dhufee gara mana abbaa isaatti ishee in fudhata.

Mul 19:8 “Uffata quncee talbaa irraa hojjetame, calaqqisaa fi qullaa'aa uffachuun isheedhaaf kennameera” misirtittiidhaaf in kennamaaf jedha. Kana jechuun sabni Waaqayyo kan kooti waan jedhan waan tokko iyyuu akka hin qabnee dha. Wayyaan

saba Waaqaayyoo hojii qajeelummaa tolootaa ti; is akka bu'aa tokkommaa Kristosiin keessaa fi isaa wajjin jiraachuun argamuud dha. Lafa kana gubbaatti, Yesufakkeenya chidha gaa'elaa tokko dubbatee ture. Garuu, keessummuta keessaa inni tokko wayaa chidhaa dhi'aateef uffachuu irra wayyaadhuma isaa of-fachuu filachuu isaatiin chidha gaa'elaa sana keessaa ar'atame (Mat.22:8-14).

Mul 3:18 wayyaan kristosiin dhi'aate saba Waaqaayyoo warra bara dhumaa irra jiraataniif waan baay'ee barbaachisaa dha. Warri Laaudoqeyaa wayyaa kana akka isarraa bitataniif afeeruun Yesus bakka waan isaaniif kenne kanaa waan biraa akka barbaadu kan argisiisuudha. Ofitti quufuu fi mataa keenyatti amanuu dhiifnee bakka isaammoo jireenya amanamummaadhaan Kristosiif abboomamuu fi tokkicha abdiif fayyia keenyaa kan ta'e ayyaana isaa amanachuu nu barbaachisa.

**Hojii keenyaan hin fayyine, garuu “hojii tolaa” jireenya ati jiraattu ibsu maal goote?**

Wiixata

Bit.25

### Armaageedon In Xumurama

Mul.19:11-16 dubbisi. Maqqaan Kristos akka “dubbii Waaqaayyootti” (19:13) fi dhugaan inni billaan afaan isaa keessaa ba'u waa'ee lola isa dhumaa maal argisiisa?

---

Wanti nuyi asitti arginu fakkeenya dhufaati Kristosiiti; innis raawwii abdiif amantoonni baroota baay'ee eeggachaa turaniiti. Akkataa dubbii isaa yaadaan qabi: inni mo'icha hundumaadha. Yesus Samii irratti Seexana mo'eera, lafa Onaa keessatti inni Seexana mo'eera. Fannoo biratti Seexana mo'eera. Yeroo dhufa isaas Inni Seexana in mo'a.

“Dhi’ootti duumessi gurraachi hamma bar’uu harkaa karaa bahaa in mul’atti. Inni dummeesa isa fayyisaan keenya ittin marfame yommuu ta’u fagootti dukkana keessa waan jiru fakkaata. Namoonni Waaqayyo kun milikkita dhufa ilma namaa ta’uu in beeku. Yommuu inni lafatti dhi’aachaa, caalaatti ifaa fi surra qabeessa ta’aa adeemee duumessa adii gudicha ta’ee, jalli isaa akka ibiddaa xab-godhee gubuu, gararraa isaatti sabbata kakuu ta’ee arganitti Cal jechuu guddaadhaan ija irratti irraanfatu. Yesus akka mo’ataa cimaatti duumessicha irra taa’ee as in ba’a. Amma egaa “akka nama dhiphinaatti” hadhaa’aa kan ta’e xoofoo salphinaa fi boo’ichaa (wayyoo) dhuguuf jedhuutti miti. Inni akka mo’ataa Waaqaa fi lafaatti warra du’anii fi warra jiranitti faraduudhaaf in dhufa. “Amanamaa, dhugaas” in jedhama; firdiitti, lolattis qajeelummaadhaaf in hojjeta. Loltoonni waaqa keessaa immoo uffata quncee talbaa adii fi qullaa’aa uffatanii, fardeen adaadii irra taa’anii, isa duukaa in bu’an.” Mul 19, 11, 14 sagalee faarfannaa ergamoota qullaa’aniitiin, sabni lakkoobsa hin qabne sun karaa isaatti isa faana in bu’u. Samiin ifaan in guutaa, kumni kudhan yeroo kuma kudhaan, kumni kumaat-amnis.” Haala isaa qalami eenyuullee ibsuu kan hin dandeenye, sammuun namummaa kan eenyuu illee ulfina isaa beeksisuun dhibaadha” EGW GC, fuula 641.

2Tas. 1:8-10 Phaawulosis waanuma wal fakkaatuun ibsa mo’icha Kristos isa bara dhuma kana in kenna; yeroo dhufaatii lammaffaa, yeroo geggeessitoonni lafaa fi humneetiin amantii isa irratti waliif galan badan sabni isaa immoo bara dhuma hin qabneef bilisummaa argatu.

Mul.19 nyaata irbaata lama dubbata. Inni tokko lak. 9 inni kaan immoo 17, 18. Nyaata isa tokko atuu in nyaatta, isa kan biraa

irratti in nyaatamta. Guutummaa wallaansoo guddichaa keessatti garaagarummaa dhimma carraa nama hundumaaf jiru akkam akka ta'e tilmaamuun waan dhibaadha. Yaadni gadi fagoo kun waa'ee amtii keenya fi ergama keenya isa akkatti jiraannuuf itti waamamne kana itti yaaduu kun maal nu barsiisa?

**Kibxata**

**Bit.26**

**Waggoota Kuma sana**

**Mul.20:1-3fi Erm.4:23 -26 wal bira qabii dubbisi. Baroota kuma sana keessatti haalli lafaa akkam ta'a? Haala akkamiitiin kan Seexanni fuuncaadhaan hidhamu?'**

---

Baroonni kummi sun dhufaatii Kristosiin jalqaba. Yeroo kana, Seexannii fi kan kufan ergamoonni isaa fuuncaadhaan hidhamu. Fuuncaan hidhamuun Seexanaa fakkeenyaan, sababiin isaas wantoonni hafuura qamaan hidhamuu hin danda'an. Hidhamuun Seexanaa haalaan ta'a. Dha'ichi namoota lafa gubbaadhaa balleessee lafa duwwaa taasiseera, lafa jeeqamtuu akka ishee yeroo uumanni hin xumuraminiitti deebiseera (Uma 1:2). Haala akkasii keessatti, lafti akka mana hidhaa Seexanaatti waggaa kuma sanaaf dhimma baafiti. Baroota kana keessatti kan wal-laalchisuu fi miidhu nama tokko iyyuu waan hin arganneef, Seexanni fi hafuuronni hamoon isaa wajjin hojjetan hundinuu gatii Waaqayyoon irratti fincilan in argatu.

**Mul.20:4-25 dubbisi. Waggota kuma kana keessatti toloonna eessa jiru?**

---

---

Waggota kuma sana toloonna iddoo Waaqayyo isaaniif qopheesse samii sana akka turan macaafni Mul'ataa in dubbata. Akka moototaa fi lubootaatti teessoo irra akka isaan taa'anii fi biyya lafaatti faraduuf akka jiran Yohaannis argeera. Yesus Bartoota isaa "Ani dhuguman isinitti hima, biyya lafaa ishee haaraatti ilmi namaa ulfina isaatiin teessoo irra yommuu taa'u, isin warri na duukaa buutan immoo, teessota kudha lamaan irra teessanii, gosa Israa'el kudha lamaan keessatti firdii in kennitu" Mat.19:28. Phaawulosis toloonna biyya lafaatti faraduuf akka jiran dubba-teera (1Qor.6:2, 3).

Firdiin kun Waaqayyo firdii isaatti qajeelaa ta'uu isaa kan argisiisuu dha. Seenaa hundumaa keessatti, Seexanni amala Waaqayyo fi akka inni itti uumama isaa bulchu irratti shakkiin akka jiraatu godheera. Yeroo waggaa 1000 sana keessa Waaqayyo warri fayyan akka isaan galmee seenaa akka qorachuu danda'an godhee, waa'ee firdii warra badanii fi warra yommuus achi jiranii qajeelummaa firdii isaaf gaaffii gaafatamuuf deebii sirrii akka argatan taasisa.

Gara dhuma baroota waggaa 1000tti waa'ee qajeelummaa firdii Waaqayyoof baruma baraan gaaffii hundumtuu deebii argatee. Sabni Waaqayyoo gaaddidduu shakkii Seexanaa olitti ilaaluudhaan komeen Seexana bu'uura kan hin qabne ta'uu addaan baafatu. Amma gara firdii dhuma isa kan Waaqayyoo keessatti akkaataan qajeelummaa Waaqayyoo dhugaa ba'uuf qophii ta'u.

Nu gidduudhaa gaaffii kan hin qabne eenyuudha, gaaffii cimaa, amma waan deebii qabu kan hin fakkaanne? Kun, hundumtuu gaaf tokko akka inni deebii nuuf kennuuf jiru waa'ee amala Waaqayyoo maal nu barsiisa?



**Waaqa Haaraadhaa fi Lafa Haaraa**

Cubbuun erga irraa qullaa'ee, biyyi lafaa gara mana warra fayy-ifamaniitti jijjiiramti. Maal fakkaatti laata? Mul.21:1 keessatti, “Kana booddees, ani bantii waaqaa haaraadhaa fi lafa haaraa nan arge” Yohaannis in arge. Sabni Yihuudotaa bantiwwan Waaqaa sadii beeku. Samii isa nutti aanee jiru, iddoo taa'umsa urjootaa fi bakka teessoo Waaqayyoo (2Qor.12:12). Mul 21:1 irraatti immoo, hawwaa naannoo lafaa waan argamaa jiruudha. Biyyi lafaa faallaa fi samiin naannoo ishee argamuu Waaqayyoon baachuu hin danda'u (Mul.20:11). Jechi haaraa jedhu afaan Griikiin 'kainos' dhimma qulqullinaan (quality), haaraa ta'uu argisiisa, malee argamuu isaa yookiin yeroo inni argame kan argisiisu miti. Lafti kun akka ishee duriitti deebifamuuf ibiddaan in qulleeffamti. 2Phe.3:10-13.

Haaluma adda ta'een kan nama ajaa'ibu wanti jalqaba irratti Yohannis arge lafa haaraa sana irra galaanni kan hin jirre ta'uu isaati. Wanti Yohaannis dubbachaa jiru “galaanni” (galaan-cha), tarii galaana Phaaximoootti, mallattoo addaan baafamuu isaa fi dhiphinaa isa ta'e isa marsee ture mataa keessaa qaba. Biyya haaraa sana keessa galaanni jiraachuu dhiisuun, isaa dhabamuu dhukkubbii fi dhiphinaa ture.

Mul.21:2-8 Mul.7: 15-17 wajjin wal biratti dubbisi. Ibsa biyya haaraa kanaa fi Eden Ishee Uma.2 keessaa gidduu wal fakkeenya akkamiitu jira?

---

Jireenyi dhiphinaa fi du'a irraa biyya lafaa haareffamte argamuu Waaqayyootiin saba isaatiif deebifamee kenname. Argamuun Waaqayyoo akkasii kun Yerusaalem haaraa kessatti mul'atee

“iddoo Bultii Waaqayyoo” Mul.21:3, innis isa Waaqayyoo saba isaa gidduu jiraachuuf jiruudha. Biyya haaraa sana keessatti argamuun Waaqayyoo jirneenya biyyicha keessa akka mana qullummaa tokko keessa jiraachuu taasisa.

Jiraachuun Waaqayyoo, warra dhiphataniif bilisummaa argamsiisa: imimmaanni, duuti, gaddi, iyyuun yookiin dhukkubuun bu'aan cubbuu warri ta'an hunduu hin jiraatu. Cubbuun qulleef-famuudhaan, “wantoonni duraan turan hundinuu darbaniiro hoo” Mul.21:4.

Yaadni kun maariyaam fi Maartaadhaan du'a obboleessa isaanii Alaazaar irratti sirriitti ibsameera, ““Gooftaa utuu ati as jiraatee, obboleessi koo hin du'u ture.” Yoh.11:21. Obboleettonni isaa duuti lafa Kristos jiru akka hin jiraatne mirkaneeffatanii-ru. Haaluma wal fakkaatuun. Lafa haaraa sana irratti argamuun Kristosiin amma argaa kan jirru dhiphinaa fi du'a irraa akka bilisa baanuu dha. Kun Kristos keessatti kan abdachiifamne abdii isa hundumaa caalu, abdii dhiiga isaan mallatteeffamee dha.

**Abdiin haaraa taanee jiraachuu biyyaa haaraa keessaa maaliif amantoota hundumaafuu walakkeessa ta'ee? Isa malee amantiin keenya gaarummaa maalii qabaataa?**

**Kamisa**

**Bit.28**

### **Yerusaalem Haaraa**

Amma immoo Yohaanis waa'ee magaalaa guddoo biyyattii haaraa Yerusaalemin dubbata. Iddoo qabatamaa qabatamummaan namoonni keessa jiraatan; jireenyi Yerusaalem haaraa ibsa jecha biyya lafaa kanaan ibsamuu oliidha (1Qor. 2:9).

**Mul. 21:9-21 dubbisi. Haalli bakkee Yerusaalem waan akkamiiti?**

---

---

---

Yerusaalem haaraan akka misirrittiitti hoolichaatti ibsam-ti. Mul.19:7, 8 keessatti fakkeenyi kun saba Waaqayyoo ti. Yerusaalem haaraan yeroo dhumaatiif saba isaatii wajjin jiraa-chuuf itti dabalamuudha.

“Masaraa guddaa dheeraa qabdi turte, masarichis karra kud-ha lama qaba; karra sana irras ergamoota kudha lamatu ture. Mataa karra sanaa irratti maqaan gosa ijoollee Israa’el kudha lamaan caafamee jira” kallatti hundummaan akka galamuuf kan ta’ee dha. Kunis kan argisiisu magaalatti magaalaa guutummaa Waaqaa fi lafaa ta’uu ishee (universal) ti. Yerusaalem Haaraa keessatti, namni hundinuu Waaqayyoon bira dhaquuf hin daanga’u. Magaalattiin kallatti sadaniin (hojjaan ishee garaan ishee, ol ka’inni ishees ) walqixxee dha. “Lakkoobsa warra mallateeffamaniis nan dhaga’e; gosa ijoollee Israa’el hundumaa keessaa kumaatama dhibbaa fi kuma afurtamii afurtu mallatteeffame.” Mul. 7:4. Mana qulqullummaa bara kakuu Moofaa keessatti iddoon qulqulluu qulqullootaa kallattii sadaniin walqixxee dheerinni ballinnii fi hojjaan isaa wal qixa. “Iddoo qulqullaa’aan inni gara keessaa kun dalga dheerinni isaa dhundhuma digdama, bal’inni isaa dhundhuma digdama, ol dheerinni isaa dhundhuma digdama; (1mot. 6:20). Mana qulqullummaa lafaa keessatti angafa lubaa qofatu iddoo qulqulluu qulqullootaa seenuu danda’a. Yerusaalem haaraa kana keessatti carraan kun warra fayyan hundumaafuu kennamaa dha.

**Mul. 21:21-22 dubbisi. Keessa manichaa irraa wanti Eden durii si yaadachiisu maalii dha? Magaalaa sana keessa wanti abaaramaan hin jiru inni jedhu barbaachisummaa maalii qaba?Mul 22:3**

---

Yerusaalem haaraa keessatti wanti baay’ee beekamu, teessoo Waaqayyoo jalaa isa yaa’u burqa bishaan jireenyaa ti (Uma.2:10).

Faallaa galaana Baabilon, isa sabni Waaqayyoo bira taa'anii biyya isaanii Yerusaalem yaadaa turanii (Far.137), galaana jireenyaa biraatti, namoonni baroota hundumaa keessatti jooraa turan yommuus iddoo jireenyaa argatu.

Gamaa fi gamana galaanichaa mukeetiin jireenyaa baalli fayyina ta'antu jira "lagicha gamaa gamanas muka jireenya namaaf kennu tokkodu dhaabata; mukti kun waggaatti si'a kudha lama ija waan godhatuuf, ji'a ji'aan iji irraa in argama; baalli mukichaas saba biyya lafaa fayyisuudhaaf in ta'a."Mul.22:2. Fayyummaan kun waa'ee fayyummaa dhibee irraa fayyanii miti. Seenaa hundumaa keessatti ba'aan biyya lafaa kan baqasse madaatti fayyuudha malee. Namoonni baroota hundumaa keessa jiraatan keessaa fayyan, hundumti isaanii egaa miseensa tokkicha maatii Waaqayyo ta'u.

## Jimaata

## Bit. 29

**Yaada dabalataa:** Barreeffama Ellen G. White irraa dubbisi. "Desolation of the earth" mat-duree jedhu Great Controversy irraa 653-661, "the controversy ended" 662-678 dubbisi. Macaafni Mul'ataa waan jalqaba saaqinsa irraatti dubbatameen goolaba: humnaa fi ulfinaan dhufee mootummaa isaa kan dhaabu dhimma dhufaatiin lammaffaa dubbata. Deebi'uun Kristos, yeroo inni haala lammata irraa addaa hin baaneen haadha manaa isaatii wajjin wal argu sun fiixee ergaa Macaafa Mul'ataa kanaa ti.

Garuu macaafni kun haala qabatamaa hin taaneen kaa'uu hin barbaadu. Dhufaatiin Kristos dhugaa/qabatama/ isa jalqabaa yommuu ta'u, dhugaan lammaffaan amma dhufaatiin isaa eeggachaa jiraachuu keenya. Eeggaachaa utuu jirruu, ergaa mul'ata keessa jiru hubannaa sirrii ta'e qabaachuutu nu barbaachisa. Kanas hamma dhumni waan hundumaa dhufutti irra deddeebiinee dubbifachuudhaan arganna. Ergaan macaafaa irra deddeebi'ee kan nu yaadachiisu, isa eeggachaa utuu jirruu, wantoota la-

faa ilaaluu dhiifnee tokkicha abdii keenyaa isa ta'e Yesus irra ija keenya kaa'achuu dha. Kristos inni Mul'ata keessaa kun abdii nama hundumaafuu deebii kan ta'ee dha. Shakkii fi hibboo hundumaafis fala. Fulduree biyya lafaa kanaa qabatee jira, fuldureen jireenya keenyaas isuma harka jira.

Dhumni utuu hin dhufin ergaa deebi'ee dhufuu isaa akka lallabnuu kennati utti kennamee akka jiru macaafichi nu yaadachiisa. Deebi'uu isaa eeggachuun hojii hiikuudhaan miti; hojjechaati malee. Hafuurris waldaanis in waamu "kottu" Mul. 22:17. Waa-micha kanatti dabalamuutu nurra jira. Inni oduu gaariidha waan ta'eef akkuma kanatti namoota biyya lafaa hundumaafuu lallabamuu qaba.

### **Gaaffilee maree**

**1. Waa'ee waggaa kumaa fi firdii isa dhuma waggaa kumaatti ta'u yaadi. Warri fayyan gaaffi isaanii hundumaa deeffachuuf waggaa kumni kennamuufiin waa'ee Waaqayyoo maal nu barsiisa?**

**2. Mul.1:3 namoota warra dhaga'an, dubbisan duukaa bu'anii dubbicha mul'ataa kana eegan eebba abdachiisa. Qo'annoo keenya walitti qabaa yommuu jirru wantoonni ati argattee amma duukaa bu'uu fi eeguun sirra jiru haaraan maal fa'i?**

Barumsa Sanbataa Ga'essota